# XIINXALA HARIIROO QABIYYEE SILABASIIFI DHIYAANNAA GILGAALOTA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 4FFAA

**YESHII KAFFAALAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO`ANNOO AFAANII JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII 2012/2020**

**FINFINNEE**

# XIINXALA HARIIROO QABIYYEE SILABASIIFI DHIYAANNAA GILGAALOTA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 4FFAA

**YESHII KAFFAALAA**

**GORSAAN: DR. DINKEESSAA DHEERESSAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**

**WAXABAJJII 2012/2020**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii addis ababaa**

**Dhaaabbata Digrii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuu gamisaan guuttachuuf Yeshii Kaffaalaatiin mata duree *Xiinxala Hariiroo Qabiyyee Silabasiifi Dhiyaannaa Gilgaalotaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 4ffaa* jedhuun dhiyaate sadarkaa ulaagaa Yunivarsiitiin kaa'e kan guute.

**Koree Qormaataa**

| **Qoraa Alaa** | **Mallattoo** | **Guyyaa** |
|---|---|---|
| ____________________________ | __________ | ________ |
| **Qoraa Keessaa** | | |
| ____________________________ | __________ | ________ |
| **Gorsaa** | | |
| ____________________________ | __________ | ________ |

---

Itti gaafatamaa Muummee yookaan Qindeessaa sagantaa Digirii Lammffaa

**Axereeraa**

*Kaayyoon qorannaa kanaa hariiroo qabiyyeesilabasiifi dhiyaannaa gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa4ffaa kan bara 2011 qophaa'e xiinxaluudha. Kaayyoo qorannaa kanaa galmaan ga'uuf Silabasiifi kitaaba baroota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa mala funaansa ragaa keessaa sakattaa duukumantiitin ragaaleen funaanuun bifa bifaan qindeessuun,mala iddattoo akkayyoo fayyadamuun mala makaatiin xiinxalamee bifa isuutti gargaaramuun ibsamee jira. Kaayyoo qorannaa kanaa irratti hundaa'uun argannoowwan qorannaa kanaa qabiyyeewwan kitaaba kana keessa jiran 126 keessaa kan silabasiifi kitaaba keessa jiran lakkoofsaan 51 yoo ta'an haguuggiin isaanii %40.5 qofa.Akkasumas qabiyyeewwan silabasii keessa jiraatanii kitaaba keessa hin jirre lakkoofsaan 33 yoo ta'an dhibbeentaa isaanii %26.2 ta'u, kanneen kitaaba keessa jiraatanii silabasii keessa hin jirre lakkoofsaan 42,dhibbeentaadhaan immoo %33.3ta'u. Dhiyaanna gilgaalotaa ilaalchisee kitaaba kana keessa gilgaalota gosa garaagaraa160 jiran keessaa akka ragaan muul'isutti xiyyeeffannoon ogummaa dhaggeeffachuu, beekumsa ogbarruufi jechootaaf kenname gadi aanaa ta'uu isaati. Akkasumas, qabiyyeewwan duraa duuba eeganii barsiisuu kitaaba kana Keessatti hanqinni kan muul'atuudha.Itti dabalees qabiyyeewwan sadarkaa eeguu isaanii ilaalchisee, qabiyyeewwan dhiyaatan kan sadarkaa barattootaan wal hin madaalle jiraachuun hubatameera. Argannoowwan kanaaf immoo yaboon dhiyaatanii jiru.Kunis, qabiyyeewwan silabasii keessa jiran hunduu kitaaba barataa Keessatti hammachiisuun kan dagatamuu hin qabne ta'uun isaa qopheessitoonni hubannoo akka horatan Biiroon Barnoota Oromiyaa osoo taasisee gaarii fakkaata. Akkasumas ogummaawwaniifi beekumsa ykn dameewwan hundaaf walqixa xiyyeeffannaa kennuun barbaachisaadha yaada jedhuudha. Dabalataaniis qabiyyeewwan tartiibaan jechuunis, salphaarraa gara cimaatti deemuun dhiyaachuu akka qabu xiyyeeffannaa keessa galchuun gaarii ta'a. Qophii silabasii, kitaaba barataafi kkf dursanii osoo Filoochaartii gosa barumsa sanaa haalaan hubatanii baayyee bayeessa akka ta'u yaboon lafa kaa'amee jira.*

**Galata**

Hundaa ol adeemsa raawwii qorannaa kanaaf gorsaafi qajeelfama garaa garaa kanneen qorannaa kanaaf barbaachisan osoo nan ifatin jalqabaa hanga dhumaatti gorsaafi sirreeffama adda addaa kan naaf laatan gorsaa koo Dr. Dinqeessaa Dheeressaa gurri keessan gaarii haa dhaga'u! Horaa bulaa! Umurii dheeradhaa! Itti aansuunn yeroo barnootaa eegalee hanga ammaatti yaadaafi maallaqan kan na cina dhaabbate, barreeffama qorannaa kanaarratti yeroon ani dadhabe nagaraaree barreessuun,akkasumas yeroon gaddeef dhiphadhetti gorsaan na jajjabeessuun nuffii tokko malee kan na faana dhama'e Abbaa warraa koo Obbo Geetuu Hayilee dhumni kee haa bareedu!

Dabalataanis Barsiisota Yunivarsiitii A.A. Muummee A/O kanneen MA barsiisaan keessaa warra haala hin mijanne mijeessuun gumaacha guddaa naaf gootan gaariin isin hin darbin! hamtuun isin hin argin! Akkasumas qorannaa kana yemmuun hojjedhu Silabasiifi kitaaba barnoota kutaa afurii qorannaa kanaaf kan barbaadanii naaf laatan Dr. Xilahuun Taliilaa jaarraa hunda argadhaa!

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereeraa ........ i

Galata ........ ii

Boqonnaa Tokko:Seensa ........ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 5

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 6

1.4. Faayidaa Qorannichaa ........ 6

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.6. Hanqina qorannichaa ........ 7

Boqonnaa Lama: Sakattaa Barruu ........ 8

2.1. Sakattaa Barruu Yaadrimee ........ 8

2.1.1. Sirna Barnoota Afaanii ........ 8

2.1.2. Sirni Barnootaa Yemmuu Qophaa'u Wantoota Irratti Xiyyeeffatamuu Qabu ........ 10

2.1.3. Meeshaalee barnootaafi GaheeIsaa ........ 11

2.1.3.1. Meeshaalee Barnootaa ........ 11

2.1.3.2. Gahee Meeshaalee Barnootaa ........ 11

2.1.4. Akaakuuwwan Meeshaalee Barnootaa ........ 12

2.1.4.1. Silabasii ........ 12

2.1.4.2. Kitaaba Barnootaa ........ 13

2.1.4.3. Qajeelcha Barsiisaa ........ 16

2.1.5. Walitti dhufeenya Silabasii, Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa ........ 17

2.1.6. Walsimannaafi Barbaachisummaa Walsimannaa Qabiyyee Silabasii, Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa ........ 18

2.1.6.1. Walsimannaa Qabiyyee Silabasii,Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa 18

2.1.6.2. Barbaachisummaa Walsimannaa Qabiyyee Silabasii,Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa ..... 19
2.1.7. GilgaalaafiFaayidaa Isaa ..... 19
2.1.7.1. Gilgaala ..... 19
2.1.7.2. FaayidaaGilgaalaa ..... 21
2.1.8. Gosootaafi Amaloota Gilgaalotaa ..... 21
2.1.8.1. Gosoota Gilgaalotaa ..... 21
2.1.8.1.1. Gilgaalota Yaada Ofii Akka Ibsan Taasisan ..... 22
2.1.8.1.2. Gilgaalota Akka Yaada Waljijjiiraniif Dhiyaataan ..... 23
2.1.8.1.3. Gilgaalota Sababa Ibsuuf Dhiyaatan ..... 24
2.1.8.2. Amaloota Gilgaalotaa ..... 24
2.2. Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii ..... 24
Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi Mala Qorannichaa ..... 27
3.1. Saxaxa Qorannichaa ..... 27
3.2. Madda Ragaalee ..... 27
3.3. Mala Funaansa Ragaalee ..... 27
3.4. Mala Iddatteessuu ..... 28
3.5. Mala Xinxala Ragaalee ..... 29
Boqonnaa Afur: Xinxala Ragaalee Qorannichaa ..... 31
4.1. Seensa ..... 31
4.2. Xiinxala Ragaalee ..... 31
4.2.1. Qabiyyeewwan ilaalchee ..... 31
4.2.2. Xiinxala Dhiyaannaa Gilgaalotaa ..... 42
4.2.2.1. Gilgaalota Ogummaa Dhaggeeffachuu ..... 42
4.2.2.2. Gilgaalota Ogummaa Dubbachuu ..... 44
4.2.2.3. Gilgaalota Ogummaa Dubbisuu ..... 45
4.2.2.4. Gilgaalota Ogummaa Barreessuu ..... 46

4.2.2.5. Gilgaalota Beekumsa Seerlugaa....49
4.2.2.6. Gilgaalota Beekumsa Ogbarruu....50
4.2.2.7. Gilgaalota Beekumsa Jechootaa....51
4.2.2.8. Gilgaalota Sirna Tuqaalee....53
4.2.3. Tartiibaafi Sadarkaa Eegiinsa Qabiyyeewwanii....54
4.2.3.1. Tartiiba Eegiinsa Qabiyyeewwanii....54
4.2.3.2. Sadarkaa Eegiinsa Qabiyyeewwanii....56
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo....59
5.1. Cuunfaa....59
5.2. Argannoo Qorannichaa....62
5.3. Yaboo....63
Wabii....65
Dabalee....67

# Boqonnaa Tokko:Seensa

## 1.1.Ariirrata Qorannichaa

Barnoota Afaan Oromoo keessatti qooda fudhachuufis ta'ee qooda bahuuf barattoonniAfaan Oromoo ogummaawwan afaanii arfan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu, akkasumas beekumsa jechootaa,beekumsa seerlugaafi beekumsa ogbarruu qabaachuun barbaachisaadha. Isa kanaaf immoo bu'uura kan ta'e Sirni barnootaati. Kaayyoon Sirna barnootaa akkaataa haalli baruuf barsiisuu jalqabaa hanga xummuraatti galma ga'uu danda'u kan mirkaneessuudha.Kunis barattoota ogummaawwan afaanii arfan gonfachiisuufi akka gabbifatan taasisuu, akkasumas beekumsa seera afaanii, ogbarruufi k.k.fakka hubatan gargaara.Kana malees seenaa,duudhaa, safuufi aadaa uummaticha afaan sanaa akka beekaniifi ogbarruuwwan adda addaa dubbisanii akka dinqisiifatan gargaara.

Kana malees adeemsa baruuf barsiisuu Keessatti Sirni barnootaaqabiyyeewwan haala kamiin akka baratan agarsiisa. Kana jechuunis sirni kanbarnootaa agarsiisu kallattii akkamiitin qabiyyeewwan mana barumsaatti barataman hunda kan hammatuudha. Sirni barnootaa kunis kaayyoowwan barsiisuu , beekumsa gonfachiisuufi ilaalcha miira gaarii ta'eefi soona akka gabbifatan taasisuuf qophaa'a.

Sirna barnootaa keessatti ga'een meeshaalee barnootaa inni guddaan qabiyyeewwan barnootaa dhiyyeessuu, shaakalsiisuu, barattoota gidduutti walqunnamtiijajjabeessuu, akkasumas gargaarsa barsiisa maleebarattoonni qabiyyee barnootaa akka shaakalan dandeessisa. Sirni barnootaa akka biyyaatti gosa barnootaatiif kan qophaa'u ta'ee, wanta baratamuu qabu adeemsa raawwii isaafi galma barumsichaa kan agarsiisuu dha.

Haaluma kanaan Wang.( 2006).waa'ee sirna barnootaa yoo ibsu,'barnoota afaanii keessatti yaanni sirna barnootaa kan inni irratti xiyyeeffatu garaagarummaa silabasiifi sirna barnootaa gidduu jiru irratti'' jedha.Kana jechuunis, ga'een sirna barnootaafi silabasii garaagara akka ta'eedha. Akkasumas Nunan.(1988) Sirna barnootaa irratti yaada yoo laattu akkas jette."Sirni barnootaa yaada bal'aa kaayyoo hojiirra oolmaa,madaallii akkaataa too'annaa dareefi bulchiinsa karoora barnootaa kan of keessatti qabuudha" jette.

Sirni barnootaa yeroo qophaa'u wantoonni irratti xiyyeeffatamuu qaban meeshaalee sirna barnootaa kanneen akka silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa yoo ta'an,

gochaaleen kitaaba barnootaa keessatti qophaa'aniis xiyyeeffannoo argachuu akka qabuufi qabiyyeen barsiifamu sun qabatamaan hubachiisuuf gilgaalli murteessaadha. Kanaaf sirnibarnootaa keessumaa silabasii,kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti gilgaalli xiyyeeffannoo argachuun milkaa'ina barnootaaf ga'ee guddaa qaba.

Yaaduma kana cimsuun Nunan(1988) Sirni barnootaa tokko yemmuu qophaa'u, wantoonni irratti xiyyeeffatamuu qaban, kaayyoo barnootaa, haala barattootaa, iddoo hojiirra itti oolu sirna barnootichaa hojiirra oolchuufi madaaluun akka barbaachisaa ta'e ibsiti.Akka yaada kanaatti sirni barnootaa tokko yommuu qophaa'u, kaayyoo barnootichi qophaa'eefbeekuufi haalli barattootaaxiyyeeffannaa argachuu qaba.Kunis, umurii, ga'umsaafi fedhii isaaniiti. Akkasumas, iddoon hojii irra itti oolu sun itti yaadamuun barbaachisaadha.Sirnichi erga hojii irra oolees madaaluun barbaachisaa akka ta'etu hubatama.Inni biroo kaayyoo barnootaa hojii irra oolchuu Keessatti meeshaaleen barnootaa gahee guddaa qabu.Meeshaaleen kunis, silsabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaati.Silabasiin karoora barnootaati. Karoorri barnootaa kunis sirna barnootaa irraa kan bocamu ta'ee galma, qabiyyee, tooftaafi mala madaallii kana of Keessatti hammatuudha. Dhimma kana Nunan (1988) yoo ibsitu,silabasiin barnoota kutaa murtaa'aa tokkoof kaayyoowwan galma gahuu qaban, qabiyyeewwan mijaawaa ta'an, wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, malaafi tartiibadhiyeessa barnootaa, akkasumas tooftaa madaalliifi jijjiirama bu'aa hojii barnootaa hunda ifatti kan muul'isuudha.

Haaluma kanaan qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaatiif bu'uura yookaan burqaa kan ta'e silabasiidha. Kana jechuunis, kitaabni barnootaafi qajeelchi barsiisaa yeroo qophaa'anittii kaayyoo barnootaafi galma silabasii faana walsimachuun qophaa'uun barabaachisaadha.Meeshaaleen barnootaa (silabasii, kitaaba barnootaafi qajeelchi barsiisaa) kunniin karaa beekumsi yookaan seera afaanii dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsaniifi hojii baruufi barsiisuu ittiin galma geessisan Keessatti gahee guddaa kan qabuudha.

Karaa biraas kitaabni barnootaa yookaan qabiyyeen meeshaalee barnootaa yemmuu qophaa'u ulaagaaleen guutuu qabu ni jira. Kunis iftoominaafi daangaa qabaachuu qaba.Kana malees salphaa ta'ee dhiyaachuu qaba.Mc, Dnough and Shaw(1993). Akkasumasqabiyyeewwan ogummaawwanii haaluma barbaachisummaa isaaniitiin wal duraa duubaan dhiyaachuu kan qabaniidha. Keessumaayyuu qabiyyeewwan caaslugaa salphaa, irra deddeebi'amuun baratamuu danda'uu, ciminaafi fedhii walii galteef qabuun

haala silabasiin wixineeffamerratti hundaa'uun meeshaalee barnootaa kanneen Keessatti walsimannaan dhiyaaachuun barbaachisaa ta'uu isaa Richards (2001)niibsa. Kana jechuunis, qabiyyeewwan biroo adeemsa kana hordofuu hin qaban jechuu osoo hin taane haala baruufi barsiisuuf mijatuun qophaa'uu akka qabuudha. Yaada hayyootaa kana irraa kanhubatamu meeshaaleen barnootaa adeemsa baruufi barsiisuu Keessatti kaayyoon barnootaa karaa milkoomina itti argatu ta.uu isaati. Akkasumas qabiyyeen barnootaa meeshaalee barnootaa kanneen Keessatti yemmuu qophaa'u ifaa kan ta'eefi daangaa qabaachuu akka qabuufi akkaataa hubatamuu danda'uun duraa duuba eeganii haala walsimannaatiin qophaa'uu akka qaban kan hubachiisuudha.

Meeshaalee Sirna barnootaa keessatti qabiyyee baratansana hubachuun kan danda'amu yoo irra deddeebiin shaakalan qofaadha. Kun immoo kan raawwatamu gilgaalaan gargaaramuudhaan waan ta'eef, gilgaalli meeshaalee barnootaa kana keessatti xiyyeeffannoo argachuu qaba.Kanaaf sirni barnoota afaanii yeroo qophaa'u yaadota barbaachisaa ta'an irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha.

Yaaduma kana fakkaatuun Qajeelcha Qophii qo'annoo fi qorannoo Sirna Barnootaa.(1995 /1983). akka kaa'etti"Sirni barnootaa yoo qophaa'uu imaammata barnoota biyyattii irraa madda.Haaluma kanaan meeshaaleen barnootaa sadarkaa isaa eegee dhimma baruuf barsiisuun tajaajilan sirna barnootaa bu'uura godhachuun kan qophaa'aniidha" jedha.

Yaada kanarraa wanti hubatamu meeshaaleen barnootaa yeroo qophaa'u adeemsa baruuf barsiisuu eegee imaammata barnootaa biyyattii bu'uura godhatee kan qophaa'u yoo ta'e, barnoonni baratamu haalan akka galma ga'uu danda'u taasisa. Akkasumas sirni barnootaayeroo qophaa'u sirna barnoota sanaan dura hojiirra oolaa ture sakatta'uun ciminaafi hanqina isaa ilaaluun bu'aa inni buuseefi dhiibbaa isaa madaaluun irratti xiyyeeffatamee qophaa'uu qaba.

Sirna barnootaa ilaalchisee,Dastaa.(2012).akkas jedhee ibsa. "Sirni barnootaa kaayyoo sirnichaa kan ibsu yoo ta'u,kaayyoo hojiirra oolmaa kaayyoo sanaa kan ibsu immoo silabasiidha. Sirni barnootaa bal'aadha. Silabasiin Sirna barnootaa irratti hundaa'ee qophaa'a" jedha.

Yaada olii kanarraa wanti hubatamuu qabu sirni barnootaa bal'aa ta'uu isaa, kaayyoo sirna barnootichaa kan ibsu ta'ee, silabasiin immoo kaayyoon sun galma ga'uu isaa kan

ibsuudha. Kun immoo barattoonni beekumsa qaban irratti beekumsa dabalachuu isaaniikan addeessu ta'uu isaati.Haalumaa kanaanqabiyyeewwan silabasii keessa jiraniifi gilgaalonni barattoota shaakalsiifaman dandeettiiwwan afaanii arfan, beekumsa jechootaa, beekumsa seerlugaafi beekumsa ogbarruu barsiisuu isaanii ilaaluun barbaachisaadh. Qabiyyeewwan silabasii keessatti eeramaniifi gilgaalonni kitaaba barnootaa keessa jiran waliin deemuu qaba. Kana jechuunis silabasii keessatti qabiyyeewwan kaa'amaniifi gilgaalonni kitaaba barnootaa keessa jiruun kan wal hin fakkaanne yoo ta'e silabasii fi kitaabni barataa wal hin simne jechuudha. Kunis qabiyyeewwan barsiifaman gilgaalota addaaddaa shaakalsiisuun raawwii baruuf barsiisuu keessaa tokko waan ta'eef, baruuf barsiisuun gufuu tokko malee akka galma ga'uu danda'u taasisa.

Walumaagalatti biyya tokko Keessatti afaan tokko afaan barnootaa ta'uuf seera biyyattiitiin erga murtaa'ee boodashoora olaanaa kan qabu sirna barnootaati. Kana jechuunis, Sirni barnoota afaanii imaammata barnoota biyyattii irraa kan maddu yookaan sirni barnootaa imaammata biyya tokkoo irratti bu'uureffatee kan qophaa'u waan ta'eef, Sirni barnootaa kun immoo meeshaalee barnootaa silabasiidhaaf bu'uura jechuudha. Silabasiin sirna barnootaa irraa kan maddu ta'ee galma, qabiyyee, tooftaa baruufi barsiisuu, akkaataa madaallii fa'a kan ofkeessatti hammatuudha. Akkasumas silabasiin immoo kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaatiif yemmuu qophaa'an ka'umsa kan ta'eedha. Kana jechuunis, kitaabni barnootaafi qajeelchi barsiisaa kunniin silabasii irratti hundaa'uun kan qophaa'aniidha jechuudha. Kanaaf hariiroo meeshaalee barnootaa kanneen Keessatti qabxii ijoon xiyyeeffannoodhaan ilaallamuu qabu akkaataa walitti dhufeenya yookaan walsimannaa qabiyyee isaaniiti.Walsimannaan isaanii maal akka fakkaatu xiinxaluun hanqinoota muul'atan eeruun guddina afaanii Keessatti gahee guddaa qaba.

Xiyyeeffannoon qorannaa kanaas qabiyyeewwaniifi dhiyaannaangilgaalotaa silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa keessatti maal akka fakkaatu, qabiyyeewwan silabasii, kitaaba barnootaa keessatti hammatamuu yookaan hammatamuu dhiisuu isaanii, akkasuma qabiyyeewwan silabasiidhaan ala kitaaba barnootaa Keessatti kanneen dabalaman ilaaluufi dhiyaannaan gilgaloota kitaabichaa ammam qabiyyeewwan barsiifaman shaakalsiisuuf mijatoodha kan jedhu ilaaluu ta'a.Sababnisaa, qabiyyeen sadarkaa sanatti barsiifamuu qabu hafuun isaa barataan sadarkaa kanarratti waan beekuu qabu dhoowachuu yoo ta'u, kan hinjirree dabaluun immoo sadarkaa sana kan hinmadaalle

ta’uu danda’a. Akkasumas, gilgaaloonni barattootaaf dhiyaatan qabiyyeewwan barsiifamu sana akkaataa kaayyoon kan galmaan gahan ta’u irraa eegama. Dhimmoonni kun hangam xiyyeeffannaa keessa galanii akka qophaa’an sakkatta’uun qorattuun barbaachisa jetteetu amanti.

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kun Biiroo Barnoota Oromiyaati bara 2011 kan qophaa’edha.Adeemsa qophii kitaaba Keessatti ogeeyyonni afaanii kan ta’an gara 12 sadarkaa Doktaraa hanga BA kan ta’an irratti hirmaachuu isaanii  malee, muxxannoo isaan meeshaalee barnootaa qppheessurratti qaban odeeffannaa gahaa argachuu hindandeenye. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kun boqonna 15nitti kan qoodaman, matadureewwan garaagaraa kan of keessati hammatee ta’e ammamtaan isaa fuula 100dha

**1.2. Ka’umsa Qorannichaa**

Hojii baruufi barsiisuu keessatti, meeshaaleen sirna barnootaa bu’uura waan hundaati. Karaa tokko meeshaaleewwan kana jidduu walsimmannaan, waliindeemuun barbachisaadha; Karaa biraa meeshaalee kun yeroo qophaa’an umurii , xiinsammuu, jiruufi jireenya barataa,  kkf xiyyeeffanna keessa galchuun dirqama. Kanaaf, qophii meeshaalee barnootaarratti ogeessa gahaafi muxxannoon akka ulaagaaleetti ilaaluun kan barbaachisu.

Haaluma kanarraa ka’uun, Silabasiin qabiyyeewwan kitaaba barataa Keessatti baratamuu qaban hunda kan hammatuudha. Kitaabni barataa qabiyeewwan silabasii keessatti tuqamaniin  ala ba’uu hin qabu. Qabiyyeewwansilabasii keessatti ka’an kitaaba barnootaa keessatti  bal’inaan ibsamuu qabu. Kanaaf, qorannaankun gaggeeffamuufka’umsa kan ta’e hariirooqabiyyee silabasiifi gilgaalotnikitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kunhangam akka wal simu ilaaluunbarbaachisaa waan ta’eefi. Akkasumas qorannaan dhimma  kanaan  wal qabatan muraasa  waan ta’aniif qorannaan  kun  gaggeeffamuun gaaridha.Kanaaf qorannoon kun gaaffiiwwan bu’uuraa armaan gadiitiif deebii ni kenna jedhameet abdatama.

1. Qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti barsiifamaan hangam qabiyyeewwan silabasii faana walsimuu?
2. Faca’insi gilgaaloota ammam dandeettiiwwaniifi beekumsa giddugaleessa godhatanii qophaa’aan?
3. Qabiyyeewwan kitaabicha keessatti barsiifaman hangam Duraa Dubni isaanii eegame qophaa’aan?

4. Silabasiin hangam dandeettii barattootaan wal madaalaa?

### 1.3.Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannaa kanaa hariiroo qabiyyee silabasiifi dhiyaannaa gilgaalotaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa4ffaaxinxaluu ta'ee, Kaayyoowwan gooree qorannaa kanaa immoo kan armaan gadii ta'u:

1. Qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti barsiifaman qabiyyee silabasiin kutaa 4ffaa Keessatti hammateen walsimuu isaanii mirkaneessuu.
2. Faca'insi Gilgaalotaa ijaogummaawwaniifibeekumsaan maal akka fakkaataan xiinxaluu.
3. Qabiyyeewwan kitaabicha keessatti barsiifaman Duraa Duba isaanii eeganii qophaa'uuf dhisuu isaanii adda baasuu
4. Silabasiin dandeettii barattootaan akka wal madaalu xiinxaluu

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Faayidaan qorannaa kanaa inni guddaan qophii meeshaalii barnootaa keessatti kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa qabiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa maal akka fakkaatu adda baasee akka ibsuuf yaadameeti. Kun immoo galma gahiinsa adeemsa baruuf barsiisuu keessatti barnoota Afaan Oromoo akkaataa dhiyaannaa gilgaalotaa beekuun barbaachisaadha.

- Haala baruufi barsiisuu Keessatti walsimannaan qabiyyee bifa qindaa'een yoo jiraate beekumsi argamuufi ogummaawwan afaanii gabbifamuu danda'u. Qabiyyeen barnootaas ifa ta'ee hubannoon wal fakkaatu nihoratama. Akkasuamas gahumsi barattootaa ni mirkanaa'a.Kana malees, qabiyyeen meeshaalee kanniinii sirriitti yoo kan wal simatee dhiyaatu ta'e adda durummaan barattoonni fayyadamtoota ta'u.
- Akkasumas qorannoon kunnamoota dhimma mata duree qorannaa kanaatiin wal fakkaatu irratti qorannoo gaggeessaniif ka'umsa ta'uufi kan danda'uudha.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannaan kamiyyuu yemmuu gaggeeffamu daangaan isaa beekamuu qaba. Kana jechuunis, qorannaan gaggeeffamu dhimma maalii irratti akka ta'e, yookaan maal irratti akka xiyyeeatu,eessaa hanga eessaatti akka ta'eefi kkf. Kan ilaallatuudha. Kanaaf, daangaan qorannaa kanaa qabiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa kitaaba barnoota Afaan

Oromoo kutaa 4ffaa xiinxaluurratti daangeffame. Kunis kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kan Biiroo Barnoota Oromiyaatin bara 2011 /18 mana maxxansaa EMPD Etiinqophaa'e dhiyaatedha.Walumaa galatti daangaan qorannaa kanaa qabiyyeewwan silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa keessatti barsiifamuuf dhiyaataan ta'ee, kunis gilgaalota kitaaba kutaa afurii kana keessa jiran hunda ilaaluun hariiroo qabiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa xiinxaluu irratti xiyyeeffate.

**1.6. Hanqina qorannichaa**

Akkuma daangaarratti ibsamee, qorattuun kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa afurii keessaa kan irratti xiyyeeffattee qorannaa kana gaggeessitu qabiyyeefi dhiyannaa gilgaalootaa qofarratti ta'uu isaati.Wantoota biroo kitaabichaa hinilaaltu jechudha. Kanaafuu, hinqinni qorannichaa sababa hanqina yeroo irraan kan ka'e qabiiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa qofa irratti kan gaggeeffamuudha. Qorannaan kun qabiyyeef dhiyaannaa gilgaalotaa qofarratti gaggeeffamuun isaa gahaa waan hin taaneef akka hanqinaatti kan ilaallamuudha.

# Boqonnaa Lama:  Sakattaa Barruu

## 2.1.Sakattaa Barruu Yaadrimee

Qorannaan tokko yemmuu gaggeeffamu ragaalee hayyootaatin dhiyaachuu akka qabu ogeeyyonni addaaddaa ni ibsu. Sababni isaas,dhimma  mata duree qorannoo sanaarratti yaadni  hayyoonni dhiyeessan kallattiidhanmaal akka jedhan ilaaluun barbaachisaadha. Akkasumas, qorannoon gaggeeffamu sun yaada jara sanaa kan deeggaru  yookaan kan faallessu ta'uu mala. Kanaaf qorattuunis dhimma  mata duree qorannoo ishee ilaalchisee yaada hayyootni garaa garaa  kennan sakatta'uun boqannaa kana Keessatti kan dhiyeessiteedha.

### 2.1.1.   Sirna Barnoota Afaanii

Sirni barnoota afaanii yaada bal'aa ta'ekan ofkeessaa qabuudha. Kana jechuuniis sirni barnoota afaanii hiikaa adda addaa qabaachuu danda'a. Kana qabaachuun isaakun immoo kallattii adda addaatiin akka hiikamu kan taasiseedha.Kanaaf, Hayyota hedduudhaan gadi fageenyaan qoratamushiika wal fakkaatu kennuun hin danda'amne. Hayyoonni hundinuu Sirna Barnootaarratti hubannoon isaan qaban garaagara.Daangaan isaan Keessatti ilaaluun hiika itti kennanis tokko miti.Haaluma kanaan waa'ee  sirna barnootaa ilaalchisee Dastaan. (2012). akkas jedhee kaa'e.

> *Sirni barnootaa sadarkaa biyyaatti qophaa'a, kanas garee ogummaa sirnichaatin leenji'antu qopheessa.Gareen sunniin walta'anii karoorsuun wanti isaan karoorsan sun gara silabasiitti qoqqoodamee karoorfama.Sirni barnootaa meeshaa mana barnootaatti baratamu hunda ilaala. Kunis fakkeenyaaf sirna barnoota afaanii yoo ta'e afaanota garaagaraa mana barumsaa tokko keessatti barataman bakka tokkotti kan hammatu ta'uu danda'a. Kunis ibsa waan baratamu osoo hin taane karoora waan baratamuuti  jedha..*

Waraabbii olii kana irraa wanti hubatamu Sirni barnootaa garee ogummaa waa'ee dhimma sirna barnootaan leenji'aniin walta'uun kan qophaa'u ta'uu isaati. Kunis sadarkaa biyyaatti haala walfakkaataa ta'een kan dhiyaatuudha. Sirni barnootaa haala kanaan qophaa'e kun immoo ega gareen ogummaa sanaan leenji'an walta'anii karoorsanii inni karoorfame sun gara silabasiitti qoqqoodamee akka karooraatti dhiyaata.

Sirni barnoota afaanii qaama dagaagina sagantaa barnootaa ta'ee kan imaammata waa'ee barnoota waan hunda sadarkaa hundumaatti kan ofkeessatti qabatuudha. Yaada kana ilaalchisee Richards(2001).akka armaan gadiitti kaa'e.

> *Languagecurriculums an aspect of abrader field of educational activities known as curriculum development or curriculum study development focuses ondetermining what knowledge, skills and values students learn in schools. What experiences should be provided to bring about intended learning out comes and how teaching and learning in schools or educational systems can be planned measured and educated language curriculum development refers to the field of applied linguistics that address this issues..*

Akka yaada olii kanarraa hubatamutti sirni barnootaa dirree bal'aa kan dagaginaa qo'annoon sirna barnootaa ittiin gaggeeffamuu yoo ta'u, xiyyeeffannoo guddaan isaas beekumsa, dandeettiiwwan sona barattoonni mana barumsaatti argatan muuxannoo qaban waliin wal simsiisuun kan bu'aan barnootaa haala gaariin ittiin hubatamuu, karaa xiinqooqa hojootin furmaanni kan laatamuuf ta'uun ibsame.

Yaaduma wal fakkaatuun Yalden.(1987).Waa'ee Sirna barnoota yoo ibsu,Sirni barnootaa yoo qophaa'u kanneen akka galma barnootaa, kaayyoowwan barnootaa, qabiyyeewwan barnootaa, leecalloofi akkaataa madaalli waliigalaa adeemsa baruuf barsiisuu kan of keessatti hammateefi barnoota muuxannoo barattootaa giddugaleessa kan godhate manneen barnootaa keessattiifi alattis barattootaaf saganteeffamee laatamuuf kan qophaa'udha.

Haala ibsa hayyuun kun kennee jirurratti Sirna barnootaa yeroo qophaa'utti firiiwwan of keessatti hammatee qophaa'uu qabu gaaffilee kanneen akka maaliif baranne? Maaliif barsiifna? Maal ta'uuf barannaa? Yookaanakkamtti barsiifna? Akkamitti baranna yookaan barsifna? Leecalloowwan akkamiitiin baranna ykn barsiifna?Akkasumas haala akkamiin baranna? Ykn barsiisfna? Kan jedhaniif sirna barnootaa Keessatti haala qabatamaan kan taa'an ta'uutu hubatama.Haaluma kanaan Dublinifi Olishtain. (1986). Maalummaa sirna barnootaa yoo ibsan akkas jedhu. Sirni barnootaadhimmootabarnootaa kanneen akka imaammata barnootaa falaasamaa,hawaasummaafibulchiinsaa of keessatti hammachuun galmee sadarkaa biyyaattiqophaa'u ta'uu isaa ibsu.

### 2.1.2. Sirni Barnootaa Yemmuu Qophaa'u Wantoota Irratti Xiyyeeffatamuu Qabu

Adeemsa qophii sirna barnootaa Keessatti haalli jiruufi jireenya hawaasa sirni barnootaa sun qophaa'uf xiyyeeffanaa argachuu qaba. Kana jechuunis haala naannoo, aadaa,afaan, fedhiifi safuu hawaasa sanaa beekun barbaachisaadha. Kun immoo hunda caalaa kan ibsaman afaan hawaasichi dubbatuunwaan ta'eefi.Kanaafuu akkataabu'a qabeessumman Sirna barnootaa qophaa'u sanaa hanga dhimmoota hawaasa sanaarratti qopheessitoonni sun hubannoo qaban irratti hundaa'a. Kunniin hundi immoo afaan haalli jiruufi jireenyi hawaasa sanaa ittin ibsamu san, caasaa, jechoota, ogbarruu isaafi waantota hunda haalan hubachuu barbaada. Sababni isaa caasaan afaan tokkoo kan inni madduu danda'u beektota irraa osoo hin taane dubbattoota afaanichaa irraa waan ta'eefiidha. Akkaataa duraaduubni jechoonni hima Keessatti qaban, tajaajilli isaanii, jechoonni kamfaan akka hawaasicha Keessatti qaanii ta'an yookaan jechoota maqaan hin dhahamne irratti namootni kitaabicha qopheessan waa'ee kanaa irratti hubannoo gahaa kan qabu ta'uu qaba.

Akka ibsa hayyuu Nunan (1988:13-14).tti Qophii sirna barnootaa Keessatti modeelli adeemsa wantootaaf barbaachisuwaa sadi qabata. Isaaniis: wanta karoorfame caalaa waan hojii irra oole xinxaluurratti xiyyeeffata, akkaataa qophii Sirna barnootaa Keessatti gahee barsiisonni bahaniif iddoo kenna, haalli jijjiirrama sirna barnootaa karaa sirriidhan gara kutaatti dhufuu kan danda'u, yoo barsiisonni jijjiirrama sirna barnootaa Keessatti.iddoo argatan,ga'umsa qabaniin karaa xiinxaluufi deebisanii ibsuutin sirriitti hirmaatan qofa. Bu'a qabeessumman qophii sirna barnootaas guddina ga'umsa barsiisotaa irraa argama jechuun ibsi kan kennameedha. Kanaafuu yaada hayyuu Nuunaan kanarraa wanti hubatamu adeemsa qophii sirna barnootaa kana Keessatti, sirni barnootaa yommuu qophaa'u qaama dhimmicha hojiirra oolchu ilaalcha keessa galchuun barbaachisaa akka ta'eedha. Kunis kan hojiirra oolchudanda'u barsiisaa waan ta'eef,barsiisonni haala qophii sirna barnootaa Keessatti iddoo argachuu akka qabaniidha. Keessumaayyuuwaa'ee meeshaaleen barnootaa ilaalchisee meeshaaleen barnootaa hangam walsimannaa akka qaban gadi fageenyaan kan hubatan akkasuma, eeruus kan danda'an barsiisota ta'uu isaaniiti.

Walumaagalatti Sirni barnootaa yemmuu qophaa'u falaasama biyya tokkoo irratti hundaa'ee fedhii barattootaafi hawaasaa xiyyeeffannoo keessa galchuun jijjiirrama ilaalchaa fiduuf sadarkaa biyyaatti kan qophaa'u adeemsa, karoora qindoominaa,

gamagamaafi bulchiinsa sagantaa barnootaa ta'uu isaa haayyoonni armaan olii kun ni eeru.

### 2.1.3. Meeshaalee barnootaafi GaheeIsaa

#### 2.1.3.1.Meeshaalee Barnootaa

Meeshaalee sirna barnootaa kan jedhamu meeshaalee yeroo baruuf barsiisuu gaggeessuuf karoorfannu, baruuf barsiisuu ittiin gaggeeffamuufi baruuf barsiisuun akka galma ga'u kan deeggaraniidha. Haaluma kanaan AllWright. (1990).Afaan baruufi barsiisuu keessatti ga'ee meeshaaleen barnootaa qabu ilaalchisee akka ibsutti meeshaaleen barnootaa barattoonni akka caalaatti barataan, barsiisonni waan barsiisan caalatti hubatanii akka barsiisan taasisa. Isaan kunis akkaataa baruuf barsiisuu sana ittiin gaggeeffamuu karaa kan agarsiisan ,kan qajeelchan, yoom jalqabee yoom akka xummuramuuf, akkamitti akka barsiifamu kan qajeelchaniidha.

#### 2.1.3.2. Gahee Meeshaalee Barnootaa

Meeshaaleen barnootaa baruuf barsiisuu keessatti faayidaa hedduu qabu.Baruu barsiisuu gaggeessuuf meeshaaleen sirna barnootaa murteessaadha.Gochaalee baruuf barsiisuu toora galchuudhaan kamtu yoom eessatti akamitti baratama kan jedhuuf deebii kenna.

Haaluma kanaanHenichifi kanneen biroo (1989). faayidaa sirna barnootaa yoo ibsan, faayidaa meeshaalee sirna barnootaa inni ijoon muuxannoo barnoota kanneen qabatamaa ta'aniifi qabatamaa gidduu jiru madaalii jiru fooyyessuun walsimsiisee dhiyeessuu qofa osoo hin taane barattoonni muuxannoo duraan qabaniin akka wal fudhachiisaniif ni gargaara.

Kanaafmata duree kana keessatti meeshaaleen sirna barnootaa qabatamummaa barnootaa dhugoomsuuf daraan faayidaa waan qabaniif itti dhimma ba'uun akka barbaachisu ibsa. Meeshaaleen barnootaa afaanin kennamu deeggaruu bira darbuun wantoota afaaniin ibsuun hin danda'amne ibsuudhaan qabatamaa taasisuuf akka oolan Asaffaan walkin.(1994). wabeeffachuun ibse.Meeshaaleen kun ogummaawwan afaanii barattootaaf kan fooyyeessan,cimsanii fi guddisan ta'uu biratti waaltinaafi guddina afaanichaa keessatti ga'ee guddaa qaba.

Dabalataanis adeemsa baruuf barsiisuu afaanii keessatti dandeettiiwwan afaanii afranuu hariiroo cimaa qabu.Yaada kana ilaalchisee, Beekaan.(2015:78),hayyoota Anderson and lynch.(1988). Wabeeffachuun akka ibsutti, " dandeettiiwwan afaanii hundi isaanii kan

wal qabatan, tokko kan birootiif ka'umsa yookaan bu;uura ta'ee kan tajaajiluudha. Haata'u malee dandeettiin dhaggeeffachuu kan biroo caalaa dandeettiiwwan dubbachuufi dubbisuu wajjiin hariiroo cimaa qaba. Dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu yeroo baayyee kan addaan hin bane tokko isa biroo kan deeggaruufi kan jajjabeessuudha.'' jedhee ibsa.

Akka ibsa olii kanaatti gahee meeshaalee barnootaa keessaa inni tokko dandeettiiwwaan afaanii gonfachiisuukeessatti gahee qabaachuufi dandeettiiwwan afaanii namni gabbifatu kunniin kan hidhata cimaa waliin qaban ta'uufi adeemsa baruufi barsiisuu Keessatti kan odeeffannoo ittiin kenninu yookaan dabarfannu ta'uun ni hubatama.

### 2.1.4. Akaakuuwwan Meeshaalee Barnootaa

Meeshaaleen barnootaa adeemsa baruuf barsiisuuf murteessaa ta'an kan jiraniidha. Isaaniis: kanneen akka silabasii, qajeelcha barsiisaafi kitaaba barnootaati.Meeshaalee barnootaa kanneeniis tokkon tokkon isaanii haala armaan gadiitiin ilaaluun ni danda'ama.

#### 2.1.4.1. Silabasii

Silabasiin meeshaalee sirna barnootaa keessaa isa tokkoodha.. Silabasiin adeemsa qophii sirna barnootaa Keessatti sadarkaa koorsiin kaayyoolee qabatamaan haala madaalamuu danda'uun dhiyaata. Mata duree yookaan qabiyyee yeroo beekame Keessatti hammatamu, mala baruuf barsiisuu kan barbaachisummaan koorsiifi haalli barumsichaa Keessatti ibsamu qabata. Dhimma kan iaalchisee Dastaan.(2012). Akkas jedha.

> *Silabasiin sirna barnootaa irratti hundaa'ee qophaa'a. Silabasiin gumee qabiyyee barsiisummaati. Gumeen sun qabiyyee mata duree gurguddaafi xixiqqaa addaan baasee ibsa. Tooftaalee barsiisuutis ni dabalata. Akkasumas silabsiin qabiyyee mata duree baratamuuti. Itti dabalees silabasiin kaayyoo kan qabu ta'ee kaayyoo barnootichi laatamuuf boqonnaalee hunda jalatti dhiyeessa. Kana malees silabasiin qabiyyee kan tarreessuudha. Kunis boqonnaa tokko jala mata duree gurguddaa dhiyeessuun, itti aansee mata duree murtaa'oo dhiyeessee isaan murtaa'oo jalatti ammoo mata dureewwan murtaa'oon yoo jiraatan tarreessa.Jedhee ibsa.*

Kanaaf, akka yaada olii kanaatti silabasiin haala baruuf barsiisuu Keessatti kaayyoo barnoota tokkoo kan ibsu ta'ee, mata duree gurguddoofi kan of jalaa qabaatufi qabiyyeewwan kan tarreessu ta'uu isaatu hubatama. Itti dabalees silabasiin sirna

barnootaa irratti hundaa'ee kan qophaa'uufi hojiilee adeemsa baruuf barsiisuu ballinaafi gadi fageenyaan kan of keessaatti qabuudha.

Karaa biraas sirni barnootaafi silabasiigidduu garaagarummaan akka jiru hayyoonni adda addaa ni dubbatu. Kanuma ilaalchisuun Rogers.(1989:29). Silabasiifi sirni barnootaa garaagarummaa qabaachuu isaanii yoo ibsu "Sylabus wich prescribe the content to be covered by agiven course form only small part of the total school program. Curriculam is all activities in wich children engage uner the auspices of the school''. Jechuudhaan ibsa..

Yaada hayyuu kanaarraa wanti hubatamu silabasiin kan qophaa'u kutaa murtaa'eef gosa barnootaa tokkon tokkootiif yommuu ta'u, Sirni barnootaa garuu akka walii galaatti imaammata waa'ee barnootaa sadarkaa hundumaa kan of keessatti hammatee sagantaa barnootaatiif qophaa'u ta'uutu hubatama.

Itti dabalees Silabasiin barnoota walii gala falaasama barnoota tokkoofi imaammata barnootaa bu'uura godhachuun kan qophaa'u ta'uuhayyoonni akka Nunan (1999) fi Dublinifi Olshaiin (1986).ni ibsu. Akka yaada hayyota kanaatti Silabasiin barnootaa dhimmoota kanneen bu'uura godhachuun barataan maal barachuu akka qabu, akkasumas barsiisaan barataadhaaf maal dhiyeessuu akka qabu kallattii kan agarsiisu dursaa qaama barnootaa ta'uutu hubatama. Kana malees Silabasiin qabiyyee barnootaa filachuu, qabiyyee filatame qindeessuu , akkasumas qabiyyeen barnootaa mala yookaan tooftaa akkamiitiin barattootaaf akka dhiyaatu, adeemsa baruufi barsiisuu irratti ta'ee dhumarratti hojiin barnootaa akkamittiifi mala kamiin madaallamuu akka qabu kallattii kan kaa'u ta'uu, Brown (1995). Kan ibseedha.

### 2.1.4.2. Kitaaba Barnootaa

Kitaabni barnootaa kitaabilee baruuf barsiisuuf jedhamee qophaa'u ta'ee, bifa ittin barsiisuun danda'amuun kan qophaa'udha. Kitaabni barnootaa yommuu qophaa'u, qabiyyee gilgaalli bifa walmadaalaa ta'een boqonnaalee hunda kessatti dhihaachuu qaba. Kitaabni barnoota afaanii immoo yoo qophaa'u wantoota adeemsa baruuf barsiisuu afaaniitiif gargaaran hunda hammatee qophaa'uu qaba.Kunis qabiyyees ta'ee gilgaalonn yemmuu qophaa'u salphaarraa gara cimaatti, waan beekkamaa irraa gara waan hin beekkanneetti tartiibeessuun qophaa'uun baayyee barbaachisaadha.

Kitaabni barnootaa afaanii meeshaalee baruuf barsiisuuta'ee kaayyoo barnootaa galma akka gahuu danda'uuf ga'ee qaban keessaa isa tokko.Richards. (2001:251).Kitaabni

barnoota afaanii meeshaalee baruuf barsiisuu akka galma gahu dandeessisan keessaa isa guddaadha.Haaluma kanaan Dastaan (2012).Waa'ee kitaaba barnootaa yoo ibsu "kitaaba barnootaa Keessatti qabiyyeen argaman boqonnaa boqonnaadhan qoodamanii argamu. Boqonnaaleen hunduu seensaafi kaayyoo dhihaataniif ni qabaatu.Boqonnaan tokko barreeffama dubbisaaf ta'u dubbisa dhihaaterratti gaafilee hundaa'an kanneen dandeettiiwwan afaanii barsiisaan ofjalaa qaba" jedha.

Kitaabni barnoota afaanii ogummaawwan afaanii afranbarattoonni sirriitti shaakaluu akka danda'aniif baayyee murteessaa kan ta'eedha..Ogummaawwan afaanii kunbu'aa barbaaddame fiduu kan danda'an akkaataa gilgaalonni barnoota afaanii keessatti qindaa'ee dhiyaateen yoo hojii irra ooleedha.Kanas Richards. (2001:69). Yoo ibsu akkas jedha. "implementation consists of process of putting into practice, an idea, program or set of activities and structures new to the people attemting or expected to change". Walumaagalatti adeemsa barnoota afaanii Keessatti kitaabni barnootaa shoora olaanaa kan qabuudha.Kanaaf, faayidaa kitaabni barnootaa qabu Richardfi Renandya. (2002).Haala armaan gadiitiin ibsan.

- ❖ **Qulqullina barnootaa Eeguuf ni gargaara**: Kitaabni barnootaa haala gaariidhaan qophaa'eeyeroo hojiirra oolu barattoonni meeshaa barnootaa madaalameefi sadarkaasaa eeggateen barachuuf carraa beekumsa gahaa argachuu ni qabaatu. Qabiyyee barnootaa barumsa tokkoof ta'u addeessuu qofaan osoo hin daangeffamin gilgaalotaafi gaaffileen madaallii adda addaa qabiyyee baratamu giddu galeessa godhatan kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun qulqullinabarnootaatiif gahee olaanaa qaba.
- ❖ **Barnoota wal fakkeessa**: Kitaabni barnootaabarattoonni iddoo hundatti qabiyyee walfakkaataa ta'e akka barataniif kan gargaaruudha. Kana jechuunis barattoonni naannoo garaagaraafi walirraa fageenya jiraatan qabiyyeen barnoota kutaa sanaaf ta'u kitaaba barnootaatiin hammatamee waan dhiyaatuuf, sadarkaa barnoota isaaniitiin barnoota walfakkaataa akka barataniif kan isaan dandeessisuudha..
- ❖ **Yeroo qusata**: Kitaabni barnootaa kun barsiisaan meeshaalee barnootaa qophaa'e qofa irratti xiyyeeffachuun akka barsiisuuf kan gargaaruudha.Kana jechuunis qabiyyeen barnootaa barsiifamuu qabu duraa duuba akkamiitiin dhiyaachuu akka qabu kitaaba barnootaa barnootaa Keessatti dhiyaata. Kana malees fakkeenyota adda addaafi gilgaalota shaakalaa dabalatee kitaabota barnootaa Keessatti kan dhiyaatuu

waan ta'eef barsiisaan tooftaalee adda addaatti garagaaramuun barsiisuudhaaf akka hin dhipanneef gargaara.

❖ **Dandeettii Barsiisaa Cimsuu**: Kitaabni barnoota afaanii kan inni gargaarubarsiisaa muuxannoo gahaa hin qabne tokko karaa qajeelchuun kitaabicha dubbisee hubannoo akka irraa argatuuf kan fayyaduudha. Kanaaf barsiisaan akkaataa kitaabni barnootaa isa qajeelchuun qabiyyee barnootaa dhiyeessuu malee waan haaraa ofii qopheessee barsiisuuf waan hin dhiphanneef kitaabichumaaan qajeelfamee barsiisuu danda'a jechuudha. Yaadonni kanaan olitti dhiyaataan bu'aa kitaabilee barnootaa sagantaa barnootaa Keessatti qabaniifi faayidaa inni baruufu barsiisuu kseessatti qabu kan ballinaan ibsaniidha. Kanaafuu kitaabileen barnootaa gahumsaafi qulqullinaan qppheessuun barattoota fayyadamoo taasisuuf yeroo yerootti kitaabota barnootaa xiinxaluun fooyyessuun barbaachisaadha. Karaa biraatiin, kitaabileen barnootaa miidhaa akka qabaachuu danda'u hayyoonni adda addaa ni ibsu. Miidhaaleen kitaabileen barnootaa geessisanis kanneen armaan gadiiti: Qabiyyee barnootaa dabsuun dogogora uumuu danda'u. Gilgaalota fedhii barattootaatiin wal siman dhiyeessuu dhiisuu danda'u. Barsiisaan kitaaba barnootaa qofarratti akka hirkatuufi dubbisuudhaan dandeettii isaa akka hin gabbifanne taasisuu danda'u.

❖ **Barnootaaf Deeggarsa adda addaa dhiyeessa**: Kitaabni barnootaa adeemsa baruuf barsiisuu Keessatti barsiisaafi barattoonni meeshaalee dabalataa akkamitti gargaaramanii beekumsa dabalataa akkaataa itti argachuu danda'an karaa itti agarsiisuudhaan odeeffannoo dabalataa kennuudhaaf gahee guddaa qaba. Meeshaalee barnootaa dabalataa kanneen akka teeppii, fakkiiwwan, chaartiifi kkf yoom fayyadamuun akka isaanirra jiru qajeelfama barbaachisaa ta'e kennuudhaan kitaabni barnootaa gahee olaanaa qaba.

Haaluma kanaan Kitaabni barnootaa ulaagaa ittin filatamu yaada hayyootan kana yoo ilaallame dansaadha. Akkaatuma kanaan akka hayyoonni Richardsfi Renandyan ( 2002) jedhanitti, " kitaabni barnootaa kan barsiisu qofa osoo hin taane, kan madaalus ta'uu qaba" Jedhu. Akkaatuma yaada hayyota kanaatin, kitaabni barnootaa ga'umsa qaba jedhamu, ulaagaalee armaan gadiitin filatamuu qaba.

- Kitaabicha Keessatti gilgaalonnixiinsammuu, umurii, fedhiifi ilaalcha dhuunfaa barattootaa kan jiddigaleessa godhatee dhiyaate.

- Shaakaloonni kitaaba barnootaa sana Keessatti dhiyaatan gilgaalota adda addaatin jalqabaafi xummura boqonnaaletti kan Keessatti ifa ta'ee dhiyaate.
- Kitaabichi kaayyoo barnoota sanaa kan ofkeessatti hammate ta'uu qaba.
- Haala jiruufi jireenyaa barattootaatiin walsimsiisuun haala gaariidhaan kan dhiyaate

#### 2.1.4.3. Qajeelcha Barsiisaa

Qajeelchi barsiisaa meeshaalee Sirna barnootaa keessaa tokko ta'ee, kan kaayyoo, qabiyyee, mala baruu barsiisuu irratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'e kennuun haala baruufi barsiisuuf tumsa godhan keessaa isa tokkoodha. Akkasumas gilgaalotaafi shaakaloota garaagaraa dhiyeessuuf meeshaalee deeggarsa barnootaa eeruun kaayyoo barumsichaa galmaan ga'uu irratti hojii baruuf barsiisuu kan tumsuudha.

Haaluma kana fakkaatuu Qajeelchi barsiisaa dhimma kitaabichaafi qajeelcha sana Keessatti dhiyaate akka seenduubaatti kan dhiyeessu; Kaayyoo kitaabichaa akka walii galaatti kan tarreesu; Cuunfaa barreeffamootaa boqonnaa boqonnaa jalatti argamanii haaluma kitaabarra jiraniin kan dhiyeessu; Tooftaa barsiisaan qabiyyee kitaabaarratti dhiyaatanii fayyadamee ittiin barsiisu gabaabsee kan dhiyeessu; deebii gilgaalota kutaa Keessatti dhiyaatanii bal'inaan ibsee kan dhiyeessu; Kanneen barattoota adda addaa biratti gara gara ta'uu malanis adda addummaa qabaachuu isaanii beekee barsiisaan akka hordofuu qabu karaa kan itti agarsiisu; Dogogora kitaaba barataa irratti mmul'atan iddoo isaan itti argaman sirriitti eeruudhaan isa fooyya'e kan dhiyeessu; Qabxiilee barsiisaan itti dabalee akka barsiisu barbaachisan banaa gochuudhaan barsiisaan kallattii itti dabaluu danda'u karaa kan itti agarsiisu ta'uu isaa Dastaan (2012) ni ibsa.

Yaada olii kana irraa wanti hubatamu qajeelchi barsiisaa adeemsa baruuf barsiisuu Keessatti tooftaa barsiisaan qabiyyeewwan kitaaba Keessatti dhiyaatan sana fayyadamee ittiin barsiisuu danda'u gabaabsee kan dhiyeessu ta'uu isaati. Kana malees qajeelchi barsiisaa shaakaloota yookaan gilgaalota barattoonni akka shaakalaniif dhiyaatef deebii bal'inaan ibsuudhaan kan dhiyeessuudha. Akkasumas kitaaba barataa irratti dogogarri yoo jiraate kitaaba barataa Keessatti iddoo dogogorichi itti argamu eerruudhaan akka barattoonni yaada dogogoraa duuka hin buuneef kan sirreessu ta'uu isaati. Itti dabalees qajeelchi barsiisaa adeemsa baruufi barsiisuu Keessatti barsiisaan yemmuu barattoota isaa barsiisu, yaada barbaachisaa ta'e itti dabaluun akka barsiisuuf banaa gochuun karaa kamiin yaada isaa akka itti dabaluu danda'u kallattii kan itti agarsiisu akka ta'eefi yaadota

kitaaba barataa Keessatti adda adda adda ta’an adda addummaa qabaachuu isaanii ega beekamee barsiisaan hordofee akka sirratuuf kan haala mijeessu ta’uu isaatu hubatama.

Adeemsi mala baruufi barsiisuu, qabiyyee barnootaa faana walsimatee dhiyaachuu qaba. Malleen kunniin qabiyyee barnootichaa hojiitti hiikuufi kaayyoo barnootichaa kan galmaan gahan ta’uu qaba. Malleen baruufi barsiisuu kunniin bifa walsimateen meeshaalee sadeen (silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa) Keessatti dhiyaachuu qaba.Qabiyyeen qajeelcha barsiisaa Keessatti qophaa’u wayitii barnootaa, malleen baruufi barsiisuu, meeshaalee deeggarsa barnootaafi kkf.Wajjiin walsimatee yoo hin qophoofne barsiisotarratti dhiibbaa geessisuu danda’a.Kana jechuunis, barsiisonni qabiyyee barattoota isaanii hubachiisuu qaban otoo hin hubachiisin hafuu danda’u. Kanaaf immoo qabiyyeen barnootaafi wayitiin barnootaa, malli baruufi barsiisuu, meeshaaleen deeggarsa barnootaa yoo wal simatanii dhiyaatan barsiisotaaf akka mijaawaa ta’u hayyuun Gettinger (1989:115) ni ibsa. Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu qajeelchi barsiisaa kaayyoo barnootaa bu’uura godhachuun kan qophaa’e, barsiisotaaf kan haala mijeessuufi tumsu ta’ee kaayyoo silabasii Keessatti taa’e faana wal simatee qophaa’uu akka qabu hubachiisa.

### 2.1.5. Walitti dhufeenya Silabasii, Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa

Walitti dhufeenya meeshaalee barnootaa silabasii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kana ,Dublilifi Olshtan (1986) akka ibsanitti, kitaabni barnootaa kan qophaa’uu qabu silabasii barnootaa bu’uura godhachuudhaan kan qophaa’u akka ta’e kan ibsaniidha. Kanaaf kitaabni barnootaa yemmuu qophaa’u kan inni ofkeessatti hammachuu qabu kaayyoo, qabiyyeewwan, baruufi barsiisuu, madaallii, wayitii barnootaafi meeshaaleen deeggarsa barnootaa wajjiiin wal simatee dhiyaachuu kan qabuudha. Kitaabni barnootaafi silabasiin yemmuu qophaa’an qabiyyeewwan barnootaa bifa walsimatuun walqabatanii qophaa’uu qabu.

Kitaabni barnootaa silabasii faana walsimatee deemuun isaa madaallamuun barbaachisaa akka ta’e Dubliniifi Olshtain (1986:29) kan ibsaniidha. Silabasiifi kitaabni barnootaa waliin madaaallamanii kan wal simatan yoo ta’an, hojiirra ooluu akka danda’an, kan wal hin simanne yoo ta’an garuu, lamaan isaanii iyyuu adda addaan ilaaluun qabata isaan gargar ta’aniif adda baasuun ibsuun barbaachisaa akka ta’e hayyoonni kun ni eeru. Erga silabasiin barnootaa qophaa’een booda fedhiiwwan barattootaa haarofniifi malli baruuf barsiisuu kan biroo kan muul’atu yoo ta’e kitaabni

qophaa'u silabasii barnootaa irraa akka adda ta'u yookaan faallaa sanaa silabasii barnootaa kan hojiirra oolchuun kan hin danda'amne yoo ta'u, silabasiin barnootaafi kitaabni barnootaa gargar ta'uu akka danda'an ibsu. Waan kana ta'eef meeshaalee barnootaa madaalanii kan wal hin simanne yoo ta'an irra deebi'anii qopheessuun barbaachisaa akka ta'e hayyoonni kun eeranii jiru.

Kana malees Richards (2001) akkaataa wal simannaa silabasiifi kitaaba barnootaa yoo ibsu, "Hojiin dursaan haala baruuf barsiisuu silabasii barnootaa qopheessuudha. Sana booda kaayyoo silabasichaa bu'uureffachuun meeshaalee baruuf barsiisuuf oolaan qopheessanii barsiisotaafi barattoota wajjiin hojiirra oolchuudha,"jedha.

Akka yaada olii kanarraa hubatamuttisilabasiin barnootaa kitaaba barnootaa dursee qophaa'a. Kitaabni barnootaa kaayyoo silabasii barnootaa bu'uura godhachuun walsimatee qophaa'a.Akkuma hayyoonni olitti ibsanitti hojiin itti aanu haala walsimannaa meeshaalee kanneenii madaaluudha. Meeshaaleen kunniin walsimatanii qophaa'anii jiru yoo ta'e hojiirra oolchuun ni danda'ama. Garaagarummaan isaaniis yoo xiqqaa ta'e adeemsa keessa madaalaa deemuun hojiirra oolchuun akka danda'amu muul'isa. Haa ta'u malee walsimannaa dhabuun isaanii kan heddummaatu yoo ta'e irra deddeebi'anii qopheessuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa.

### 2.1.6. Walsimannaafi Barbaachisummaa Walsimannaa Qabiyyee Silabasii,Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa

#### 2.1.6.1. Walsimannaa Qabiyyee Silabasii,Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa

Walsimannaan meeshaalee barnoota afaanii (silabasii, kitaaba barnootaafi qajeelcha barsiisaa) Keessatti haala naannoofisafuu hawaasa sanaa eeguu qaba. Ogeeyyiin yeroo wantoota walsimsiisan wantoota adda addaa hubannoo keessa galchuu yookaan beekuun barbaachisaa akka ta'e eeru. Meeshaalee barnootaa Keessatti dhimmoonni akka qabiyyeewwanii bal'ina isaa, malli baruu barsiisuu mijataa ta'uu isaafi qabiyyeewwan waliin walsimatee, dandeettiifi umurii barattootaa wajjiin kan deemu ta'uu qaba.

Dabalataanis meeshaalee barnootaa walsimsiisuu keesatti kaayyoon barnootichaa fedhii barattootaa waliin deemuusaafi haala naannoo wajjiin walsimee deemuu, akkasumas aadaa uummataafi jechoota safuu eeguu Keessatti xiyyeeffannoo qabaachuu mala. Kana malees afaan baratamu, afaan waalta'aa ta'ee, kan looga hundaaf ta'u hammatee qabiyyeen meeshaalee barnootaa walsimachuu barbaachisa. Nunan.(1992).

Walumaagalatti yaada olii kanarraa wanti hubatamu, qabiyyeen meeshaa barnootaa yoo walsimu, bal'inni qabiyyee, mala baruu barsiisuu,haala barataa, kaayyoo barnootichaa, haala naannoo, afaan waalta'aa ta'uufi haalli dhiyaatina barnootaa, akkaataan barsiisaan itti barsiisu hundi xiyyeeffannoo argachuu akka qabuudha.

#### 2.1.6.2. Barbaachisummaa Walsimannaa Qabiyyee Silabasii,Kitaaba Barataafi Qajeelcha Barsiisaa

Qabiyyeen meeshaalee barnootaa(Silabsii, kitaaba barnootaafi qajeelcha barsiisaa) walsimataa ta'uun baayyee barbaachisaadha.Sababoonni walsimsiisuun barbaachiseefis, qabiyyeewwan meeshaalee barnootaa kanneen Keessatti dhiyaatan hammam qindoominaafi walsimannaa akka qabaniif kanneen akka dandeettiiwwan afaanii, seerlegaafi hiika jechoota kitaabicha Keessatti walsimannaan argamuu isaanii,akkasumas gaaffileen kitaabicha keessaa bahanulfaatoo ta'uu isaanii, dubbisichi kitaaba keessaa ulfaachuusaa, fakkiiwwan kitaabicha Keessatti dhiyaatan hammam aadaa hawaasaa naannoo waliin deemuu isaaniifi qabiyyeewwan gilgaalota kitaabicha keessaa walta'anii walsimannaan argamuusaanii xiinxalanii bira gahuun rakkoo muul'ate eeruuf waan nama dandeessisuudha.Mc.Donugh and Show.(1993).

### 2.1.7. GilgaalaafiFaayidaa Isaa

#### 2.1.7.1. Gilgaala

Adeemsa baruuf barsiisuu Keessatti gilgaalli tooftaa qabiyyee kitaaba barnootaa Keessatti barsiifamuuf dhiyaatan ittiin shaakalsiifamaniidha.Haaluma kanaan maalummaa gilgaalaa Dastaa(2012) yoo ibsu akkas jedha. "Shaakalli gaaffilee adda addaati. Shaakala dubbisa duraa, shaakala yeroo dubbisuu, shaakala dubbisa boodaa, shaakaloota hiika jechootaatiin wal qabatan,shaakaloota caaslugaan walqabatan kanneen jedhaman barattoonni barnoota dhiyaateef akka sirriitti hubataniif kan gargaaru waan ta'eef qophaa'aniidha." jechuun ibsee jira.

Akka waraabbii kana irraa hubatamutti gilgaalli yookaan shaakalli gaaffilee adda addaa ta'ee, innis dubbisa osoohin dubbisin duraa yaada mataa isaanii akka kennaniif kan ajaju, shaaakalli yeroo dubbisaa immoo dubbisa kenname dubbisaatii gaaffilee kan deebisaniidha. Akkasumas, shaakalli dubbisa boodaa erga dubbisa dhiyaate dubbisanii booda dubbisicha irratti hundaa'anii kan deebisan ta'uu isaa, shaakaloota hiika jechootaatiin wal qabatanii dhiyaatanfi kkf yoo ta'u, inni kunis barattooni gaaffiiwwaan kanneen dalaguun kan beekumsa irraa argatan ta'uu isaatu hubatama. ta'uu isaa,

shaakaloota hiika jechootaatiin wal qabatanii dhiyaatanfi kkf yoo ta'u, inni kunis barattooni gaaffiiwwaan kanneen dalaguun kan beekumsa irraa argatan ta'uu isaatu hubatama.

Qabiyyee kitaaba barnootaa Keessatti dhiyaatan kunnin barattoonni haala gaarin shaakalanii akka hubataniif gilgaalonni gahee guddaa qabu.Kanas Nuunaan.(1989:10).yoo ibsitu, "A task is piece of classroom work which involves learners in compredingmanipulating , producing or interacting in the targate language while their attention is principally focused on retaining rather than on form.A task provides purpose for the use and learnig of language other than simply learning."Jechuudhaan waa'ee gilgaalaa ibsite jirti.

Yaada olii kanarraa wanti hubatamu gilgaalli hojii kutaa kessatti rawwataman keessaa tokkokan ta'eefi kanbarattoonni gargaarsa barsiisan waan barataan gadifageenyan afaan waliigalteefi itti fayyadamaniidha.Akkasumas gilgaalli hojii kutaa Keessatti dalagamu ta'ee kan barattoonni xiyyeeffannoo itti kennuun haala sadarkaa isaa eegeen kan dalagamu ta'uu isaati.

Dabalataanis haala dhiyaannaa isaa ilaalchisee dhiyaannaan gilgaalaa akkaataa dandeettiifi ga'umsa barattootaa akka dhiyaatu ibsiti.Nunan(1985).Haaluma walfakkatun akka Richardsfi Renandyan.(2001).Prabhu.(1987).wabeeffachuun ibsanitti,gilgaalonni dalagaalee gocha barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaaaramuun waan barataniin milkaa'uuf raawwataniidha.

Adeemsi barnoota afaanii kun immoo, gochaalee gilgaalaan dhiyaataan dalaguuf shaakaluu irratti kan xiyyeeffateedha.Meeshaaleen barnoota Afaanii barsiisuuf qophaa'an qabiyyeewwan qindeessuuf adeemsa afaan barachuu tilmaamame Keessatti dalagaawwan gilgaalotaa xiyyeeffannaa kennu. Sababni isaa, unka afaanii barnootaaf dhiyaatu gilgaalotaan shaakalamuun baratama.Kanaafuu haalli gilgaalli itti qindaa'ee shaakalamu adeemsa barnootaa mullisuu danda'a jechuudhaan ibsanii jiru.

Akka yaada hayyoota kanaarraa hubachuun danda'amutti gilgaalli dalagaa barnootaafaanii Keessatti raawwatamu ta'ee;kitaaba barnootaatiin qindaa'ee kan dhiyaatuudha.Nunan(1989).ibsitetti gilgaalli dalagaa barattoonni beekumsa barnootaa aragataniin haala qabatamaa Keessatti dalagaan kan murteessu gaaffilee adda addaa waan

ta'eef, gilgaalonni barnootaaf dareetti dhiyaataan haala qabatamaa dhugaan wal fakkaachuu qabu.

### 2.1.7.2. FaayidaaGilgaalaa

Baruuf barsiisuu Keessatti gigaalli baayyee murteessaa kan ta'eefi iddoo olaanaa kan qabuudha. Kitaabni barnootaa tokko yoo qophaa'u, qabiyyee kitaabicha Keessatti barsiifamuu barbaaddame tokko sirriitti akka hubatamu gochuuf gilgaalli ittiin qabiyyee sana shaakalan jiraachuu qaba. Kanaaf kitaaba barnootaa tokko keessatti gilgaalli qabiyyee murteessaadha.

Akkasumas ga'ee isaa bahachuuf immoo kitaabni barnootaa gilgaalaan walitti hidhata cimaa qaba.Kunis kitaaba barnootaa keessatti wanti barsiifame barattoonni hubachuufi dhiisuu isaanii wanti ittiin adda baafannu gilgaala jechuudha.Qabiyyyee kan ittiin adda baafannu gilgaala kitaaba barataarraa barsiifame barattoonni hubachuufi dhiisuu isaanii kan ittiin adda baafannu yoo kitaabicha keessatti gilgaalli qophaa'ee barattoonni akka shaakalan ta'e qofaadha.

Kanaaf kitaabni qophaa'e yoo gilgaala hin qabaanne qabiyyeen barsiifame sun hubatamuu hin danda'u. Akka Nunan(1989).ibsitetti mala afaan walii galtee barsiisuu Keessatti dhiyaannaan dalagaa irratti hundaa'e gilgaalaaf bakka guddaa qaba.Dhiyaannaa kana Keessatti adeemsi barachuufi barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti kan hundaa'edha. Gochi immoo gilgaala adda addaa dalaguudha.Dhiyaannaa afaan walii galteef barsiisuu kanaan barsiisuuf barsiisaan qaama afaan baratamuuf gilgaalota qindaa'an dhiyeessa;barattoonni immoo gilgaalota dhiyaatan dalaguu keessa afaan akka baratan ta'a.

Yaada kana irraa wanti hubatamu barsiisuun jiraannaan gilgaalli jiraachuun dirqama akka ta'eedha.Sababni isaas barattoonni waan baratan hubachuuf gochi jiraachuu qaba. Gochi kun immoo bifa gilgaalaan kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatee qabiyyee baratan sana waan shaakalsiisuufi jechuudha

## 2.1.8. Gosootaafi Amaloota Gilgaalotaa

### 2.1.8.1. Gosoota Gilgaalotaa

Barattoonni hubannoo shaakala gilgaalotaarraa argataniin haala qabatamaan gilgaalota adda addaa hojjechuu ni danda'u. Shaakalli gilgaalotaa barnootaf, dhiyaatan hanga danda'ametti haala qabatamaa dhugaan kan dhiyaatan ta'uu qaba. Akka hayyuun

Nuunaan ( 1989), Breen (1987), wabeeffachuun ibsitetti, " afaan kaayyoo tokko, qabiyyee mijataafi adeemsa hojii murtaa'aan baratamuf caaseffamee, gilgaalotaan rawwatama. Kanaafuu gochaalen karoora hojii hedduun kanneen adeemsa kaayyoo afaan barachuu hunda kakaasuuf gargaaran gilgaalota sasalphoofi ifoo ta'an irraa gara ciccimoofi walxaxaa ta'aniitti qindaa'un dhiyaataniidha.Haaluma walfakkatun, akka hayyuuPrabhu,(1987) ibsetti,

> *Gilgaalonniyookiin shaakalli gilgaalota ogummaawwan afaanii, barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan argataniin gargaarramuun barataniinmil kaa'un raawwatamaniidha. Adeemsi barnoota afaanii immoo, gilgaalota dhiyaatan hojjechuu shaakaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Meeshaaleen barnoota afaanii barnoota barsiisuuf qophaa'an qabiyyeewwaan qindeessuu adeemsa afaan barachuuu Keessatti gochaawwan gilgaalotaaf xiyyeeffannaa godhu. Sababni isaas, unki afaanii barnootaf dhiyaatu gilgaalotaan shaakalamuun baratama. Kanaafuu, haalli gilgaalli itti qindaa'ee shaakalamu adeemsa barnootaa agarsiisuu nidanda'a, jechuudhaan ibsee jira.*

Kana malees, akka hayyuu Nunan (1989) ibsitetti, "Gilgaalli gocha barattoonni dandeettii barnootaa gabbifataniin, haala qabatamaa Keessatti gochaan raawwachuu, kan murteessu gaaffilee adda addaati.Kana waan ta'eef, gilgaalonni barnootaaf dareetti dhiyaataan haala qabatamaa dhugaan wal gituu qabu,'jechuudhaan yaada keesse.

Akkuma beekamu, yeroo ammaa malli afaan baruufi barsiisuuf hordofamaa itti jiru, mala afaan waliigalteef barsiisuuti.Yaaduma kana ilaalchisee, Nunan (1989)."Mala afaan waliigalteef barsiisuu Keessatti dhiyaannaan shaakala gilgaalaarratti hundaa'e gilgaalaaf iddoo olaanaa kan qabuudha.Dhiyaannaa gilgaalotaa kana Keessatti adeemsi baruufi barsiisuu gocha barattoonni shaakaluun afaan baratan irratti kan hundaa'eedha. Gochi kun immoo, gilgaalota adda addaa hojjechuudha. Mala dhiyaannaa afaan waliigalteef barsiisuu kanaan barsiisuuf, kitaabni qaama afaan baratamuuf, gilgaalota qindaa'an dhiyeessuu qaba. Barattoonni immoo, gilgaalota dhiyaatan dalaguu Keessatti afaaniis ni baratu," jedha.Dabalataanis, Nunan (1989).shaakala gilgaalotaa kana bakka gurguddoo saditti qooduun ibsee jira.

#### 2.1.8.1.1. Gilgaalota Yaada Ofii Akka Ibsan Taasisan

Gaaffileen golgaalota bifa kanaan dhiyaataan, haala gaaffilee dhiyaate Keessatti deebii fedhii, miiraafi ilaalcha kan adda baasaniidha. Kun immoo, odeeffannoo qabatamaa

fayyadamuun yaada mataa ofii ibsuuf ni gargaara. Haa ta'u malee, faayidaan isaa sirrii ta'uu dhiisuu isaa kan muullisu adeemsa tokko ta'e hin qabu. Akka fakkeenyaatti, gilgaala kenname tokko keessaa yaadni hir'ate yookiin yaadni jalqabamee osoo hin hin xummuramin hafe yoo jiraate; yaada mataa ofiitiin xummuruu, marii dhimma hariiroo barattootaafi kkf Keessatti qooda fudhachuu ta'uu danda'a.

Yaaduma kana fakkaatuun, Nunan (1989).“Shaakalli gilgaalota barnootaa akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaarratti hundaa'uun qindaa'ee sadarkeeffama. Adeemsi sadarkeessuufi qindeessuu shaakala gilgaalotaahubannoorratti hundaa'an irraa ka'uun gara giklgaalota walii galtee sirriitti barattoota hirmaachisantu dhiyaata,” jedha..

Akka yaada olii kanarraa hubatamutti, gochaaleen gilgaala barnootaa daree Keessatti barattootaaf itti dhiyaatu sadarkeeffamuun qindaa'uu akka qabu agarsiisa. Akkaataan ittiin sadarkeeffamu immoo, hubannoofi dandeettii barattootaarratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Kuis, sadarkaa bilchina sammuufi hubannoo barattootaa xiyyeeffannoo keessa kan galche ta'ee, yaada kamtu dura dhufuufi isa kamtu immoo akka itti aanee dhufuu qaba kan jedhuun  wal qabateedha. Sababni isaas, hubannoofi dandeettiin barattootaa, mana barumsaa sadarkaa tokkoffaafibarattoota sadarkaa lammaffaa kan walgitu miti .Kana waan ta'eef, sadarkeessuun hubannoofi dandeettii barattootaa kan giddu galeessa godhate ta'ee, ogummaawwan afaanii kamiyyuu, sadarkaa sadarkaan qindeessuun kan wal qabateedha. Gama biraatiin, shaakalli gilgaalotaa, salphaarraa gara cimaatti, yaada ifaa ta'erraa gara yaada walxaxaatti, yaada murtaawaarraa gara yaada dimshaashaatti qindaa'uu akka qabu, Nunan (1989)..ibsee jira

### 2.1.8.1.2. Gilgaalota Akka Yaada Waljijjiiraniif Dhiyaataan

Gilgaalonni barattootni akka yaada isaanii wal jijjiiraniif dhiyaatan  kunodeeffannoo nama tokko irraa gara nama birootti yookaan bakka tokko irraa gara bakka biraatti dabarsuu kanneen danda'aniidha  Sababni isaas, odeeffannoo barattoonni tokko tokko beekan; barattoonni biroo beekuu dhabuu waan danda'aniif, wanta beekaniifi muuxannoo qaban akka wal jijjiiraniif kan gargaaruudha. Kunis gilgaala akka hojii  gareefi nama lamaan hojjechiisuu fa'a kan ilaallatuudha. Dalagaa garee nama lamaa Keessatti barattoonni hundi isaanii waliin haasaa gochuun, odeeffannoo barbaaddame kennuu Keessatti qooda fudhatan qabu.  Fakkeenyaaf, Barattoonni chaartii tokkorraa odeeffannoo akka funaananii ibsan gochuudhaaf ni gargaara.

#### 2.1.8.1.3. Gilgaalota Sababa Ibsuuf Dhiyaatan

Gilgaalli bifa kanaan dhiyaatu odeeffannoo dhiyaaterratti hundaa'uudhaan, barattoonni odeeffannoo haaraa akka maddisiisan taasisuuf sababa qabatamaa dhiyeessuuf kan gargaaruudha.

### 2.1.8.2. Amaloota Gilgaalotaa

Amaloota shaakala gilgaalotaa, kitaaba tokko Keessatti qophaa'uu qaban yoo ilaallame, Nunan (1989), "Gochaaleen yookiin shaakaloonni yookaan gilgaalli afaan itiin shaakalamuun baratamu haala adda addaan akka dhiyaatu," kan jedhu ibsee jira. Kanarratti hundaa'uun, shaakala gochaalee gilgaalli barnootaa bifa ittiin dhiyaateefi qaama afaanii baratamu shaakalsiisuun amaloota qabaachuu qaban jedhee yaadee akka armaan gadiitti tarreessuun ibse. Isaaniis: amaloota shaakaloonni gilgaalota kitaaba keessa jiran gaarii jedhaman kanneen armaan gadiiti: -

- . Barattoonni akka irra deddeebi'anii shaakalan kan isaan qajeelchu. Haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uudhaan kan dandeettii yaadaan wal argachuu daree barnootaa Keessatti shaakalsiisu
- Wantoota qabatamoo ta'an irratti kan hundaa'e kan of keessaa qabu.
- Barattoonni akka yaada wal jijjiiran kan hirmaachisu. ,
- Barattoonni gochaalee rakkoo furuu dalaganii gara yaada goolabaatti akka ce'an kan hirmaachisuufi kkf.

## 2.2. Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii

Kutaa kana jalatti qorannowwan qorattootaa asin dura hojetaman kan mata duree qorattuu faana walitti dhihaatan tokkummaa / walfakkeenyaafi garaagarummaa isaanitu ilaallama. Qorannoowwan geggeeffaman keessaa kan mata duree qorattuutin walitti dhiyaatan irratti qorannoo geggeessan keessaa tokko AsaffaaMokonnin.(2019). "Xinxala walitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalota kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa" jedhu irratti qorannoo geggeessun haalli qophii kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa gama walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeen gilgaalan hanqina kan qabu, kunis haalli qophii isaa akka gilgaalonni kitaabicha keessatti dhiyaatan qabiyyeen gilgaalaa tokko bifa walitti fufiinsa qabuun boqonnaalee hunda keessatti kan hin dhiyaannee ta'uu ibse.Argannoo eere kanaaf immoo yaadafurmaataa kaa'ee jira.Kunis gilgaalonni dhiyaatanis boqonnaalee hunda keessatti bifa walitti fufiinsaafi dagaagina qabuun osoo dhiyaateef ogeeyyiin meeshaalee sirna barnootaa dhimma kana akka itti yaadan lafa kaa'e.

Inni biraa EebbisaaAbdataa.(2017). “Qaaccessa dhiyaannaa ga’umsa qabiyyeewwan gilgaalotaa kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 10ffaa”.Mata duree jedhu irratti qorannoo geggeessen gilgaalonni kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 10ffaa keessaatti ga’umsa qabaachuurratti maal akka fakkaatu eerera.Kallattiin walitti fufiinsafi dagaagina waliin kan ilaallamee miti.Kanaaf akka yaada furmaataatti kan kaa’ee silabasii Keessatti kanneen akka dandeettiiwwaan afaanii akkuma kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti walsimaannaadhan dhiyaatetti silabasii keessatti qindoominaan dhiyaachuun akka barbaachisu eere.

QorannoonAsaffaaa.(2019)fi qorannoon Ebbisaa Abdataa. (2017).kun walitti dhufeenyafi garagarummaa qabu.Walitti dhufeenyi isaanii qorannoowwan lamaan isaaniyyuu kan xiyyeeffatan qabiyyee meeshalee barnootaa irratti ta’uu isaati.Garaagarumman isaanii immoo Asaffan (2019). walittifufiinsaafi dagaagina gilgaalotaa kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa yoo ta’u, qorannaan Ebbisaa(2017).immoo dhiyaannaa ga’umsa qabiyyeewwan gilgaalotaa kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 10ffaa ta’uu isaatu adda isaan taasisa.

Kan qorattuu kanaa ammoo qorannoowwan lamaan irraa wanti adda godhuufi walfakkeessu yoo jiraate, qorannoowwan lamaan waliitti fufiinsaafi dagaagina gilgaalotaa, akkasumas dhiyaannaa ga’umsa qabiyyeewwan gilgaalotaa yoo ta’u, kan qorattuu kanaa ammoo qabiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Wanti tokko isaan taasisu immoo qorannoowwan hundi isaaniiyyuu kitaabilee barnootaa irratti xiyyeeffatanii kan gaggeeffaman ta’uu isaaniiti.

Kan biraa qorannoo Gaaddisaa Abdii (2016). “Xiinxala wal simannaa qabiyyee silabasii,kitaaba barnootaafi qajeelcha barsiisaa barnoota afaan oromoo kutaa 10ffaa irratti xiyyeeffate” Mata duree jedhu irratti qorannoo gaggeessee jira. Haala argannoo isaatinis, hanqinoota muullatan eeree jira.Kunis hanqinoonni walsimannaa hiika jechootaa jiraachuu qabiyyeewwan dhiyaataan walsimsiisuun yaadonniifi ibsa dabalataa kennuu dhabuu, gaaffileewwan tokko tokkoof deebiin sirrii qajeelcha barsiisaa Keessatti kennamuu dhabuu argannoo isaatiin eeree jira.Qoratichi hanqinoota muullataniif yaada furmaataa kaa’ee jira.Furmaanni kaa’amanis “Qopheessitoonni meeshaalee barnootaa kanneen wal simsiisuun dhiyeessuurratti xiinxala gadi fageenyaa taasisuufi xiyyeeffannoo guddaa gochuun ciminaan sakatta’uun rakkoofi hanqinoota jiru yerootti furuu danda’uu irraa eegama furmaata jedhu eeree jira.

Qorannoo Gaaddisaa Abdii (2016). Qoarannoowwan olitti tarreeffanan irraa wanti adda isa godhu xiyyeeffannoon qorannaa isaa caasluga  qofa osoo hin taane wal simannaa qabiyyeewwan silabasii, kitaaba barnootaafi qajeelcha barsiisaa ta’uu isaati. Qoarannoon armaan olii garuu caasluga  afaan oromoo irratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffamuudha. Qorannoowwan kun hundi isaanii qabiyyee meeshaalee barnootaa irratti xiyyeeffachuun hanga tokko wal fakkeenya qabaachuu muullisa.

Qorannoo Mokonnin Baalchaa.(2010). “Xiinxala walsimannaa qajeelfamoota gilgaalotaafi qabiyyee silabasii barnoota afaanii” jedhu irratti qorannoo gaggeesseen, qajeelfamoonni gilgaala barnoota afaanii Keessatti murteessaa akka ta’e adda baasee ibseera.  Qorannoon kun kallattiidhaan qorannoo qorattuu kanaatiin wal hin fakkaatu. Sababni isaas qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee gilgaalotaa waan ta’eef qorannaan qorattuu kanaa garuu, xiinxala qabiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa  yoo ta’u, wanti wal isaan fakkeessu qorannoowwan  olitti dhiyaatanis ta’ee, kan qorattuu kanaa faana hundi iasaanii meeshaalee barnootaa irratti kan gaggeeffaman ta’uu isaaniiti.

Walumaagalatti qorannoowwan armaan olitti dhiyaataan kunniin hundi isaanii kan irratti xiyyeeffatan qabiyyeewwan meeshaalee kan akka: caasaa jechaa, himaa, seerlugaafi walsimannaa qabiyyeewwan meeshaalee barnootaa Afaan Oromooti. Qorannoowwan kunniin meeshaalee barnoota afaan oromoo irratti gaggeeffamanii hanqinoota jiran eeruufi furmaata laachuuf adeemsa godhamerratti walfakkeenya isaanii mul’isu.Kana malees waraqaan qorannoo qorattoota kanneeniin qorannaa qorattuu wajjiin iddoon itti wal fakkaatan jiru.Kunis hundi isaanii meeshaalee barnoota Afaan Oromoo irratti hundaa’uun gaggeeffamuun hanga tokko walfakkeessa.Ta’us qorannoo yeroo adda addaatti gaggeeffaman keessaa akkaataa walsimannaa qabiyyee meeshaalee barnootaa afaan oromoo Keessatti qabiyyeewwan dhiyaatan walsimannaafi garaagarummaa meeshaalee barnootaa kanneen irratti qorannoo gaggeessuun hanqina mul’ate guutuuf kan yaadameedha.

# Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi Mala Qorannichaa

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Adeemsa qorannaa kanaa Keessatti malli xiinxala ragaalee kan dhimma itti baa'ame mala akkamtaafi hammamtaa /makaa/ti. Kanas amala gaaffilee gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana irratti hundaa'uun kan filatameedha.Kunis qorannaan kun gaggeeffamuuf odeeffannoowwan sakatta'a dookumantiin walitti qabaman, kana kanneen jechaan argaman mala akkamtaadhaan, kanneen lakkoofsaan argaman immoo mala hammamtaa fayyadamuudhaan odeeffannoowwan xiinxalamee. Akkasumas odeeffannoowwan sakatta'a dookumantiitiin walitti qabamanii mala makaa yookaan bifa jechaafi lakkoofsaan argaman kana xiinxaluun bifa ibsaatiin ibsuudhaan kandhimma itti ba'ameedha.

## 3.2. Madda Ragaalee

Qorannaa kana gaggeessuuf ragaaleen kan irraa funaanname Silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaati. Kanas akka madda ragaatti Silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaagargaaramuunqabiyyeewwan silabasiifi gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa keessa jiran akka ragaaleetti fudhachuun qorannaan kun gaggeeffamee jira.

## 3.3. Mala Funaansa Ragaalee

### Sakattaa Dookumentii

Qorannaa kana gaggeessuuf ragaalee barbaachisanhaala gaariin argachuuf mala funaansaa ragaalee keessaa sakatta'a dookumantiiigargaaramuudhani. Ragaawwan kitaaba kanaa sakatta'amee xiinxalamuuf kan gargaaran gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa keessa jiran gosa gosa isaaniitiinwalitti funaanuun gabateetti galchuun qabiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa ilaalchisee ragaa funaanuuf Silabasiifi kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana fayyadamuudhan dhimma itti ba'ame. Gama kanaan ragaaleebarbaachisuufi quubsaa ta'an argachuuf qabiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa silabasiifi kitaaba barnootaa keessaa walitti guuruun qopheeffachuun sakatta'iinsi akka gaggeeffamu taasifamee jira.

Haaluma kanaan Addunyaan.(2011). Dhimma mala funaansa ragaalee ilaalchisee akkas jedha."Qorannoo tokko geggeessuf odeeffannoon funaannamuu qaba.Odeeffannoon kun

immoo meeshalee ittin funaanamantu murteessa.Odeeffannoon lakkoofsan ibsamaniifi jechaan ibsamanif meeshan ittin funaannaman garaagara.”jechuun ibse.

Yaada kanarraa wanti hubatamu qorannaa tokko geggeessuf odeeffannoon funaannamuu akka qabuufi malli odeeffannoo ittin funaannamus murteessa ta’uu isaati.Akkasumas odeeffannoo yookan ragaan yeroo funaannamu kan jechan ibsamaniifi lakkoofsan ibsaman, malli isaan ittin funaannamanis garaagara ta’uu isaati. Kana jechuunis meeshaan funaansa ragaalee ammamtaafi akkamtaa adda ta’uu danda’a jechuudha.

Kanaaf qabiyyeefi dhiyaannaan gilgaalotaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa boqonnaa jiran Keessatti hagam isaaniitu dandeettiiwwan afaanii akka barsiisan, beekumsa ogbarruu kan barsiisan, seerluga kan barsiisan, jechoota kan barsiisaniifi sirna tuqaalee kan barsiisan lakkoofsaaniifi dhibbeentaadhaan ilaaluun qabxiilee xiinxala gilgaalota kitaabaa gaggeessuuf guuraman kunniin gosa gosaan qabiyyee gilgaalaa, boqonnaafi gilgaalichi Keessatti argamuufi ajaja gilgaalichaa waliin kan dhiyaateedha. Kanaaf malli funaansa ragaalee qorannaa kanaa sakatta’a dookumantii ta’e. Akkasumas, qorannaan kun adeemsifamuuf silabasii irraa qabiyyeewwanfunaannaman gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo waliin wal bira qabuun kan sakatta’amuudha.

Haaluma kanaan sakatta’a dookumentii Keessatti qabiyyee fi dhihaannaa gilgaalotaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa tokkon tokkon fuulaa fuulatti sakatta’uun akkaataa dhiyaannaa qabiyyeefi gilgaalota kitaaba kana keessatti ibsaman ilaaluudhan raawwatameedha. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana keessaa gilgaalota funaannaman gosa isaanii adda baasun gabateetti erga galfamanii booda qabiyyeewwan silabasii Keessa jiraniif gilgaalonni kitaaba barataa keessa jiran hammam akka walsiman yookaan waliin deeman xiinxaluun ibsame.

### 3.4. Mala Iddatteessuu

Malli iddattoo mala qorannaan ittiin adeemsifamu keessaa tokko ta’ee,kan odeeffannoo funaanuuf haala mijatuun itti fayyadamaniidha. Kanaaf qorannaan kun gaggeeffamuuf mala iddattoo keessaa iddattoo akkayyootti dhimma ba’ame.Sababni isaa adeemsa qorannaa kanaa Keessatti gilgaalota kitaaba barnoota kutaa 4ffaa kana keessa jiran sakaatta’uuf kan kaayyeffatamewaan ta’eefi. Haaluma kanaan gilgaalonni kitaaba barnoota kutaa 4ffaa kana keessa jiran baayyinni isaanii 160 yoo ta’u, gilgaalonni jiran kunniin immoo hundi isaanii kan xiinxalamaniidha. Akkasumas, gilgaalonni kunniin immoo akaakuu torba kan qabu yoo ta’u, isaanis xiinxalamanii jiru.

### 3.5. Mala Xinxala Ragaalee

Qorattuun qorannaa kana gaggeessuuf qorannaa makaatti dhimma baate. Kunis kan irratti hundooftee filatteef amala gaaffilee gilgaala kitaabichaa keessaa gilgaalota yookaan maddeen odeeffannoo irraa odeeffannoo funaanuuf qophaa'an irrattiidha. Sababni isaa qorannaa kana gaggeessuuf sakatta'a dookumantiitti waan fayyadamteef mala odeeffannoo karaa sakatta'a dookumantiitin argamuu danda'uuf mala akkamtaatifi ammamtaan gargaaramte.Kunis kanneen jechaan argamaniif mala akkamtaan, kanneen lakkoofsaan argamaniif ammoo mala ammamtaatti gargaaramuun xiinxaltee qaaccessite.Haaluma kanaan Addunyaan.(2011). Mala makaa kana haala armaan gadiitin ibsa.

> Mala akkamtaafi hamantaa qorannoo tokko Keessatti dhimma bahuun mala tokko qofatti dhimma bahuurra hubannoo cimaa barbaada.Bu'aan adeemsa kanaan argamus isa odeeffannoo akaakuu tokko irraa argamurraa guulaadha. Odeeffannoon qorannoo akkamtaatiif barbaachisu malli ittiin funaannamu kan isa qorannoo ammamtaatiif funaanamuurraa adda. Haallan odeeffannoo kunneen ittiin qaacceffamanis garaagara.Haala kamiinuu ta'u, malleen kana waliin makuun qorannoo keenya Keessatti dhimma itti ba'uun mala makaa ta'a.

Waraabbii olii kana irraa wanti hubatamu qorannaa tokko yemmuu gaggeessan odeeffannoo haala gaariin qaacceessuf malli makaa filatamaa ta'uu isaati. Bu'aan adeemsa qorannaa makaatiin argamus kan kanneen odeeffannoo akaakuu tokko irraa argamua caalaa fooyya'aa ta'ee argama jechuudha.

Akkasumas qorannaan mala makaatiin xiinxalame kun bifa ibsaatti gargaaramuun odeeffannoowwan madda ragaalee sakatta'a dookumantii irraa bifa jechaafi lakkoofsaan argaman hunda xiinxaluun qaaccessuufi ibsuudhaan kaayyoon qorannaa kanaa galma ga'ee . Mala ibsaa kana iilaalchisee Addunyaan.(2011:62). Yoo ibsu "Malli kun dhimma qoratamu sana ilaalchisee maaltu akka ta'e, maaltu akka ta'aa jiru kan ittin addaan baafannuudha.Kanaaf immoo, jijjiirramtoonni akkuma isaan yoomessa uumamaa Keessatti argamanitti ibsuudha."Jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu malli qorannaa ibsaa dhimma waan hojjetamu sanaa, maal akka ta'uufi dhimma maalii akka ta'e kan

ittiin adda baasan ta'uu isaati. Kanaaf qorattuun odeeffannoo sakatta'a silabasiifi kitaabaa barataa keessaa funaannachuun itti gargaaramte, qabiyyeewwan silabasiifi gilgaalota kitaabicha keessaa boqonnaa, gilgaalichi irratti argamuufi ajaja gilgaalichaa bu'uura godhachuun gabateetti gargaaramtee qaaccessuun xiinxalte.

Walumaagalatti qorannoon kun galma ga'uuf odeeffannoowwan meeshaalee odeeffannoo garaagaraatin maddeen odeeffannoo olitti eeraman irraa tooftaa funaansa ragaa sakatta'a dookumantiitiin walitti qabaman kunniin odeeffannoonmala akkamtaafi ammamtaan hiikni kan itti kennameefi  bifa ibsuutiin immoo kan dhiyaateedha.Kanas gabateetti gargaarramuudhan  lakkoofsatti geeddaruun himootan ibsameera.Kunis iddattoonni raga barbaachisaa ta'e kennuufi dhiisuu isaanii mirkaneeffachuu, qabiyyeewwan silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaaKeessatti dhihaatan sakatta'un xinxaltee, odeeffannoowwan argaman keessaa kanneen walitti dhufeenya qabaniifi  hin qabne addan baasuun, ragaalee gareetti garee qooduun, gabateetti galchuufi dhibbeentaatti jijjiirun hiikuufi ibsa itti kennuun gara golobaafi yaada furmaataatti deemameera.

# Boqonnaa Afur: Xinxala Ragaalee Qorannichaa

## 4.1. Seensa

Boqonnaa kana Keessatti xinxala hiika ragaaleefi argannoowwan  xinxila meeshaalee barnootaa kan ta'an silabasiifi kitaababarnootaa irraa mala funaansa ragaatiin argamantu dhiyaate. Kunis odeeffannoowwan sakatta'a barruu gargaaramuun walitti qabamee kanniin haala walitti dhiyeenya qabaniin qindaa'uun xinxalamanii jiru.

Haaluma kanaan odeeffannoowwan meeshaalee barnootaa (kitaaba barnootaafi silabasii) irraa meeshaalee funaansa ragaatin argaman haalan qacceffamanii jiru.Bifuma kanaan qorannoon kun xinxala qabiyyeefi dhiyaannaa gilgaalotaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kan xiyyeeffate waan ta'eef qorattuun muxannoo qabdurraa ka'uun qabiyyeefi dhiyaannaan gilgaalotaa walsimuu isaaniifi akkasumas hanqinaafi cimina jiru eeruf xinxala geggeessitee jirti.

## 4.2. Xiinxala Ragaalee

### 4.2.1. Qabiyyeewwan ilaalchee

Xiinxala qabiyyee ilaalchisee, akka ka'umsaattikansakatta'ame: qabiyyeewwan silabasii keessatti hammatamanidha. Itti aansuun walsimmannaa silabasiifi kitaabaa, akkasumas garaagarummaa isaanis ilaaluuf yaalamee jira. Haaluma kanaan qabiyyeewwan ilaalchisee haala jiru boqonnaa boqonnaan gabatee armaan gadii keessatti agarsiisuuf kan yaalameedha.

**Gabatee Tokko: Haala Qabiyyeewwan Silabasiifi gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Orommoo kutaa 4ffaa Kan Agarsuusu**

| Boqonnaa | Qabiyyeewwan silabasiifi kitaaba barnootaa keessa jiran | Qabiyyeewwan silabasii keessa qofa jiran | Qabiyyeewwan kitaaba keessa qafa jiran | Ida'ama |
|---|---|---|---|---|
| 1 | -Waa'ee dubbisaa tilmaamuu<br>-Duraaduuba eeganii keeyyata barreessuu | -Odeeffanoo murtaa'aafi waliigalaa argachuu<br>-Ergaa waliigala dubbisaa baasuu<br>-Odeeffannoo ijoodubbisa keessaa baasuu<br>-Waa'ee taphoota beekanii walitti himu | -Walitti firoomsuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-danaa guutuu<br>-Tapha abbaa Boloo garee kudhan kudhaniin ga'ee taphachuu | |
| 2 | -Maqaafi meeshalee walitti firoomsuu<br>-Caasaa himaa eeganii kaa'uu<br>-Jechootan hima ijaaruu<br>-Gaalee walitti fiduun hima ijaaruu<br>-Waliin dubbii guutudhaan keeyyata barreessuu<br>-Maqaa,bamaqaafi ibsa maqaa baasuu | -Dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e tilmaamuu<br>-Odeeffannoo callaafi dimshaashaa adda baafachuu<br>-Hiika jechuunni dubbisicha Keessatti qaban adda baafachuu | -Marii<br>-Dubbisanii gabatee guutuu<br>-Dubbisanii deebisuu | |
| 3 | -Hiika faalla walitti firoomsuu<br>-Caasaa himaa<br>-Hima ijaaruu<br>-Keeyyata barreessuu<br>-keeyyata jalqabame xummuruu | -Ergaa waliigaa dubbisaa adda baauu<br>-Hiika bakka galma jechootaa argachuu | -Marii<br>-Dubbisaa deebisuu<br>-Gaaffilee deebisuu | |
| 4 | -Tuqaa,gaaffiifi qoodduu fayyadamuu<br>-Himoota walmakan tartiibessun | -Ergaa waliigalaafi qabxiilee ijoo dubbisaa baasuu<br>-Hiika bakka galm jechootaa kennu<br>-Jechoota tishoo dubbisa | -Marii<br>-Yommuu dubbisan deebisuu Duubbisarratti hundaa'anii deebisuu<br>-Jechoota waliin | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | keeyyata barreessuu | keessaa baasuu | deeman wailitti fiduun barreessuu | |
| 5 | -Waa'ee dubbisaa tilmaamuu<br>-Barruu dubbifamu dhaggeeffachuun qabxii ijoo qabachuu<br>-Barruu dubbifamu dhaggeeffachuun qabxiilee ijoo qabatanii keeyyata barreessuu | -Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu<br>-Waa'ee dubbisaa tilmaamuu<br>-Ergaa waliigalaa dubbisaa baasuu | -Yaada duubee – Dubbisaa deebisuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisanii deebisuu | |
| 6 | -Bakka duwwa guutuu<br>-Caasaa himaa<br>-Himoota rarra'anii hafan xummuruu<br>-Himoota tartiibessuun keeyyata barreessuu | -Waa'ee dubbisaa tilmaamuu<br>-Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu<br>-Ergaa waliigalaa dubbisaa baasuu | -Marii<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisanii deebisuu | |
| 7 | -Qoodduu,gaaffiifi tuqaa fayyadamuu<br>-Himoota walkeessa makaman tartiibessuun keeyyata barreessuu<br>-Walqasiisotatti fayyadamuu | -Waa'ee dubbisaa tilmaamuu<br>-Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu<br>-Jechoota walitti fiduun jecha tishoo ijaaruu<br>-Jecha tishoo hima Keessatti fayyadamuu | -Marii<br>-Dubbisa dubbisaatii deebisuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Iddoo duwwa guutuu | |
| 8 | -Maqaafi fakkii walitti firoomsuu<br>-Hiika faallaa walitti firoomsuu<br>-Himoota tartiibessuu<br>-Keeyyata mataa ofii barreessuu | -Waa'ee dubbisaa tilmaamuu<br>-Odeeffannoo murtawaa dubbisaa argachuu<br>-Ergaa waliigalaa Dubbisaa baasuu | -Marii<br>-Dubbisanii deebisuu | |
| 9 | -Seenessa dhageefatanii qabxii ijoo baasuu<br>-Qabxiilee ijoo seenessa | -Faaruu dubbisuun ergaa walii galaafi ijoo baasuu | -Marii<br>-Dubbisanii deebisuu | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | dhaggeeffachuun qabatanii keeyyata barreessuu | | | |
| 10 | Tuqaa,gaaffiifi qoodduu fayyadamuun<br>-Hiimoota walkeessa makaman tartiibessuu | -Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu<br>-Ergaa waliigalaa dubbisaa baasuu | -Marii<br>-Dubbisanii deebisuu | |
| 11 | -Bakka duwwaa guutuu<br>-Himoota jalqabaman xummuuruu<br>-Jechoota kennamaniin hima ijaaruu<br>-Walaloo barreessuu<br>-Marii geggeessuu | Odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa dubbisa keessaa baasuu | -dubbisa dubbisaatii gabatee guutuu<br>-Dubbisanii deebisuu | |
| 12 | -Hiika jechoonni dubbisa Keessatti qaban adda baafachuu<br>-Seenaa Looreti Gabbisaa Ejjetaa irraa ka'uun hawwii isaanii keeyyata tokkon barreessuu | -Dubbisa Keessatti yaadni itti aanee dhufu maal akka ta'e tilmaamuu<br>-Odeeffannoo callaafi dimshaashaa adda baafachuu | -Gabatee guutuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Gaaffilee deebisuu | |
| 13 | -Hiika bakka galma jechootaan walitti firoomsuu<br>-Hima kenname keessaa maqaafi ibsa maqaa baasuu<br>-Himoota walkeessa makaman tartiibessuu<br>-Seenessa dhaggeeffatanii qabxii ijoo baasuu | Odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa dubbisa keessa argachu | -Waliin mari'achuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Gaalee walitti fiduun hima guutuu taasisuu | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | -Keeyyata jalqabame xummuruu<br>-Hiika bakka galma jechootaa argachuu<br>-Keeyyata barreessuu | | | |
| 14 | -Hiika bakka galumsaa jechootaa argachuu<br>-Keeyyata barreessuu | -Odeeffannoo murtaa'aafi walii gala dubbisa keessaa baasuu | -Waliin mari'achuu<br>-Dubbisa dubbisaa deebisuu<br>-Dubbisanii deebisuu | |
| 15 | -Qubguddeessa sirreessanii barreessuu<br>-Himoota walkeessa makaman tartiibessuu barreessuu<br>-seenaa isaanii keeyyata tokkon barreessu<br>-Xalayaa barreessuu | -Odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa dubbisa keessaa baasuu | -Yaada duubee<br>-Gabatee guutuu<br>-Dubbisanii deebisuu | |
| Lakk. | **51** | **33** | **42** | **126** |
| Dhibbeentaa | **%40.5** | **%26.2** | **%33.3** | **%100** |

Akkuma gabatee tokkooffaa irratti ibsametti qabiyyeewwan jiran 126 keessaa lakkoofsan 51 yoo ta'u dhibbentaa 40.5% qofatu silabasiifi kitaaba barataa keessa kan jiruudha.Qabiyyeewwan kun kan ta'u qabu silabasii Keessatti ega kaa'ame kitaaba barataa keessattis kaa'amuu qaba.Sababni isaa, kitaabni barnoota kan bu'uureefatee qophaa'uu qabiyyeewwan silabasii keessa jiruudha. Kun immookan barbaachiiseef, silabasiin akka biyyatti gosa barnootaatiif kan qophaa'uu waan ta'eef, barattoonnii kutaa kana jiran afaan kamiinuu haabaratan malee waan walfakkaatuu barachuu qabu; sadarkaan isaaniis tokko ta'uu qaba. Ija kanaan kitaaba kana yoo ilaallee garuu, %40.5 qofatu walsimata.Garri % 60 inni kaan hafera; inni kaan immoo itti dabalameera. Hafuun isaa kan barachuu qaban dhabsisse. Itti dabaluun immoo, qabiyyeen suun ykn humna ol itti fe'uu ta'a ykn waanta sadarkaa sanaa gadii ta'een yeroo saanii gubuu ta'a.Haaluma

kanaan qabiyyeewwan silabasii keessa jiraatanii kenneen kitaaba barataa keessa hinjiraanne akka fakkeenyatti ilaaluun nidanda'ama. Fakkeenyaf, boqonnaa 1 keessaa kan hafan yoo ilaalle:

- Odeeffannoo murtaa'aafi waliigalaa argachuu
- Ergaa waliigalaa baasuu
- Odeeffannoo ijoo dubbussa keessaa baasuufi kkf.

Yoo ilaalle, qabiyyee barnoota kanaa dhabuun baratttoota baay'ee warra kan biraa dubbatti hanbisa. Dorgoommi adda addarratti ta'e qormaata biyyoollessaarratti dhiibbaa mataasaa qaba.Inni silabasii malee dubalamuus rakkoo mataa isaa qaba. Qabiyyee sadarkaa tokkoof filatamu umurii barattootaa, duubee barattootaa, xiinsammuu barattootaa, kkf xiyyeeffannaa keessa galchuudhaani kan silabasii keessatti hammatamu. Kanaafuu, qabiyyeewwan silabasii malee dabalaman kun hammam dhimmoota kana xiyyeeffannaa keessa galchanii , madaalamanii , yoo jenne amansiisa hinta'an. Karaa biraa irra deedbinsia ta;u dandau ykn sadarkaa saanii maale itti fe'uu ta'a. %33.3 ykn harka sadii keessaa harka tokko, salabasii ala qabiyywwan barattootarratti fe'amanidha.Kun immoo rakkina guddaadha. Akkasummas, harka afur keessaa, harka tokko ol (%26.2) kan ta'u, qabiyyeewwan kutaa afur keessatti barattoonni barachuu osoo qabani kan kitaabicha keessatti hinhammatamnedha. Kun immoo barattoota kutaa afur akka biyyatti baratan keessaa barattoota naannoo Oromiyaa, qabiyyeedhaan kan dubbatti hanbisudha.

Haaluma kanaan qabiyyeewwan silabasii keessatt eeramanii kitaaba barataa Keessatti hin hammatamne fakkeenyaan ilaaluun nidanda'ama. Fakkeenyaaf, Boqonnaa 2fi 3 Keessaa kan hafan yoo ilaallame,

- Dubbisichi waa'ee maalii akka ta'e tilmaamuu.
- Odeeffannoo callaafi dimshaashaa adda baafachuu.
- Hiika jechoonni dubbisicha Keessatti qaban adda baafachuu
- Ergaa walii gala dubbisaa adda baafachuu
- Hiika bakka galma jechootaa argachuu fi kkf yoo ta'an, qabiyyeen silabasii Keessatti osoo hin dhiyaatin kitaaba barataa Keessatti eeraman kanas yoo ilaalle fakkeenyaaf, boqonnaa 2 keessatti kan dhiyaatan,

- dubbisanii gabatee guutuu
- dubbisanii deebisuufi kkf.

Yemmuu ta'an, qabiyyeewwan silabasii keessatti dhiyaatanii kitaaba barataa irratti osoo hin dhiyaatin hafan kunniin barattoota irrattii dhiibbaa guddaa kan fidaniidha. Kunis akkuma dura ibsame silabasiin barnootaa akka biyyaatti kan qophaa'u waan ta'eef, birattoonni biro qabiyyeewwan hafan kana kan baratniidha. Haata'u malee barattoonni kunniin garuu qabiyyeewwan isaaniif ni barbaachisa jedhamee sialabasii irratti qophaa'e kana dhabuun isaanii barattoota biroo waliin qixa akka hin taane isaan taasisa. Kana jechuunis, barattoonni kutaa afurii qabiyyee isaan osoo hin baratin jala darbe kana yoomuu argachuu kan hin dandeenye waan ta'eef beekumsa sadarkaa kanaaf barbaachisu dhabuu isaaniti.

Haaluma kanaan qabiyyeen silabasii irratti osoo hin eeramin kitaaba barataa irratti dhiyaatan yookaan kan dabalaman kunniin immoo akkuma qabiyyeewwan hafan sanaa barataa irratti dhiibbaa kan fiduudha. Kunis qabiyyeewwan dabalaman kunniin karoora malee waan itti dabalamaniif, sadarkaa brataa kan hin madaalle ta'uu danda'a. Kanaaf, kitaaba barataa kutaa afurii kana Keessatti qabiyyeewwan hafuufi itti dabalamuun barattoonni kutaa afurii akka miidhaman taasisa.

Itti dabalees qabiyyeewwan silabasii Keessatti dhiyaatanii kitaaba barataa Keessatti hin eeramne muraasa isaanii yoo ilaalle fakkeenyaaf, boqonnaa 4fi 5 Keessatti kan hafan

- Ergaa walii galaafi qabxii ijoo baasuu,
- Hiika galma jechootaa kennuu,
- Jechoota tishoo dubbisa keessaa baasuu,
- Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu
- Waa'ee dubbisaa tilmaamuu
- Ergaa walii galaa dubbisaa baasuufi kkf.

Yoo ta'an, isaan kana yoo ilaalle, Silabasii keessa jiru, garuu kitaaba barataa keessa hin jiran. Akkuma olitti tuqame qabiyyeewwan Silabasii Keessatti eeramanii kitaaba barataa Keessatti hin eeramne barattoota irratti miidhaa guddaa kan fiduudha. Kunis, qabiyyeewwan akka biyyaatti qophaa'anii barattoonni naannaa Oromiyaa osoo hin baratin hafan kana keessaa akka fakkeenyaatti yoo ilaalle - ergaa waliigalaafi qabxii ijoo

basuu kan jedhu, kana barattoonni sadarkaa kanatti ergaa walii galaafi qabxii ijoo jechuun maal akka ta'e osoo hin beekiin bira darbu. Kana jechuunis qabiyyeen kun sadarkaa kanatti kan qophaa'eef barattoonni ergaa waliigalaafi qabxii ijoo baasuu jechuun maal jechuu akka ta'e adda baasanii kan ittiin hojjetan ta'uu qaba ture. Garuu barattoonni sadarkaa kanatti qabiyyee kana hojiitti hiikuu mitii hiikaa isaa osoo hin beekiin bira darbuun barattoota dorgomaa ta'uu irratti duubatti kan hambisu ta'uu isaatu hubatama.

Itti dabalees akkuma olitti tarreeffame, boqonnaa 4fi 5 keessatti qabiyyeen barattoonni hiikaa isaa osoo hin beekin bira darban, -hiika galma jechootaa kennuu, jechoota tishoo dubbisa keessaa baasuu, oddeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu, ergaa waliigalaa dubbisaa baasuufi kkf, yoo ta'an isaan kana barattoonni kan hin beekne ta'uu mul'isa. Kana jechuunis qabiyyeewwan kunnin barattoonni osoo maalummaa isaatuu hin beekiin bira darbuun isaanii baayyee kan isaan miidhudha. Garuu naannaa birootti barattoonni isaanii qabiyyeewwan kun maal jchuu akka ta'eefi qabiyyeewwan hojiitti hiikanii ittiin hojjechuu danda'u. Sababni isaa qabiyyeewwan kun akka waliigalaatti waan qophaa'eef, barattoonni naannaa biro barachuu danda'u. Haa ta'u malee barattoonni naanaa Oromiyaa sababa qabuyyeewwan kana osoo hin baratin hafaniif barattoota biroo waliin dorgomuu hin danda'an. Akkasumas qabiyyeen barattoonni osoo barachuu qabanii hafe jecha tishoo dubbisa keessaa baasuu kan jedhu ture. Isa kanarratti barattoonni sadarkaa kanatti waa'ee jecha tishoo barachuu dhabuun isaanii barattoota naannaa biraatiin barnoota walfakkaataa akka hina arganne isaan taasisa. Kun immoo sadarkaa kanatti barattoonni kun qabiyyee kana osoo hin bratin bira darbuun isaanii gaafa sadarkaa oliitti darban qabiyyeen kun haarawa waan itti ta'uuf akka barnoonni afaanii bitaa itti galutaasisa.

Haaluma kanaan qabiyyeewwan silabasii keesaa osoo hin jiraatin kitaaba barataa Keessatti dabalaman immoo:

- Marii
- Dubbisa irratti hundaa'anii deebisuu,
- Jechoota waliin deeman walitti fiduun barreessuu,
- Yaada duubee
- Duubbisa bubbisaa deebisuu
- Dubbisanii deebisuufi kkf.

Yoo ta'an, qabiyyeewwan silabasii Keessatti osoo hin qophaa'in kitaaba barataa Keessatti dhiyaatan kun karoora malee kan itti dabalaman ta'uu mul'isa. Kana jechuunis akka seeraatti qabiyyeen yoo qophaa'u, silabasii Keessatti eeramee kitaaba barataa Keessatti immoo barattoonni akka ittiin shaakalaniif kan waliin deeme ta'uu qaba ture. Haa ta'u malee qabiyyeewwan kun silabasiidhaan ala kitaaba barataa keessatti dhiyaachuun isaa barattoota irratti rakkina fiduu kan danda'uudha.

Kana malees boqonnaa 6,7fi 8, Keessatti qabiyyeewwan silabasii keessa jiraatanii kitaaba barataa keessa hin jiraannefi silabasii keessa osoo hin jiraatiin kitaaba barataa Keessatti dabalaman akka fakkeenyaatti yoo ilaalle:

| • Kan hafan | kan dabalaman |
|---|---|
| _ Odeeffannoo murtaa'aa dubbisaa argachuu, | _ Marii |
| _ Ergaa waliigalaa dubbisaa baasuu | _ Duubbisanii deebisuu, |
| _ Waa'ee dubbisaa tilmaamuu, | _ Dubbisa duubisaa deebisuu. |
| _ Jechoota walitti fiduun jecha tishoo ijaaruu | |
| _ Jechoota tishoo hima Keessatti fayyadamuufi kkf . | |

Yoo ta'an qabiyyeewwan kitaaba barataa Keessatti hin eeramin keessaa muraasa yoo ilaalle, "Jechoota walitti fiduun jecha tishoo ijaaruufi Jecha tishoo hima Keessatti fayyadamuu" qabiyyeewwan kana barattoonni osoo hin baratin hafuun isaanii miidhaa guddaa kan irraan ga'uudha. Kana jechuunis, barattoonni qabiyyeewan waa'ee jecha tishoo kana sadarkaa kanatti kan hin baranne waan ta'eef, sadarkaa oliitti waa'een jecha tishoo haarawa itti ta'a. Kana malees barattoonni kun qabiyyeewwan kana sababa hin baranneef, barumsa wal fakkaatu akka biyyaatti kan hinarganne ta'a. Kun immoo barattoonni beekumsi isaan dhimma kana irratti qaban kan gadi xiqqaatuufi bilchina sammuu isaanii faana sababa hin deemneef barattoonni kun miidhamoo ta'u. Akkasumas qabiyyeewwan kitaaba barataa Keessatti dabalaman kun immoo karoora malee osoo silabasii Keessatti kaayyoon osoo hin eeramin barattoota irratti kan dabalaman dhiibbaa humnaa olii ta'ee kan isaan dadhabsu ta'uu danada'a.

Dabalataanis, qabiyyeewwan silabasii Keessatti dhiyaatanii kitaaba barataa Keessatti hin hammatamne, fakkeenyaan ilaaluun ni danda'ama. Fakkeenyaaf boqonnaa 9, 10, 11fi 12, keessaa kan hafan yoo ilaalle:

_ Faaruu dubbisuun ergaa walii galaafi ergaa ijoo baasuu,

_ Odeeffannoo murtaa'oo dubbisaa argachuu,

_ Dubbisa Keessatti yaadni itti aanee dhufu maal akka ta'e tilmaamuu,

_ Odeeffannoo callaafi dimshaashaa adda baafachuufi kkf.

Yoo ta'an, qabiyyeewwan kunniin barattoonni akka barataniif itti karoorfamee kan qophaa'edha. Haa ta'u malee qabiyyeewwan kana barattoonni kan hin baranne ta'uu isaati. Kun immoo barattootaaf waan akka barataniif karooraan qophaa'ee barattoonni Afaan Oromootiin baratan qabiyyeewwan hin baranne kun dandeettii afaan barachuu isaanii irratti dhiibbaa fida. Qabiyyeewwan kana keessaa ' Dubbisa Keessatti yaadni itti aanee dhufu maal akka ta'e tilmaamuufi Odeeffannoo callaafi dimshaashaa adda baafachuu' fa'a yoo ta'u, qabiyyeewwan kana garuu barttoonni osoo hin baratin hafan. Kanaaf, barattoonni odeeffannoo callaaf dimshaashaa baasuu mtii waa'ee isaayyuu osoo hin beekin kan hafan ta'uu isaaniiti. Kun immoo akkuma olitti tuqame sadarkaa kanatti barattoonni kun qabiyyee isaan madaalu waan hin baranneef, sadarkaa itti aanuutti qabiyyeen isa kanaan wal fakkaatu yoo dhiyaateef hubachuu irratti baayyee isaan rakkisa.

Haaluma kanaan qabiyyeewwan silabasii Keessatti osoo hin dhiyaatiin kitaaba barnootaa Keessatti kaa'amana yoo ilaalle, Boqonnaa, 9, 10, 11fi 12 keessatti

_ Marii

_ Hiika galumsaa filachii

_ Dubbisanii deebisuu

_ Gabatee guutuufi kkf.

Yoo ta'an, qabiyyeewwan kunniin karooraafi kaayyoo Silabasii Keessa osoo hin kitaaba barnootaa Keessatti kanneen dabalamaniidha.Kana jechuunis Silabasiin akka waliigalaatt barnoota afaaniif kan qophaa'u waan ta'eef, qabiyyeewwan kitaaba barnootaa Keessatti

eeraman kunniin barattoota naannnaa Oromiyaatti baratan irratti kana dabalame ta'ee, kunis barattoota irratti dhiibb fiduu kan danda'u ta'uu isaati.

Itti dabalees, qabeewwan silabasii Keessatti dhiyaatanii ktaaba barnootaa Keessatti osoo hin eeramin hafe boqonnaawwan, 13, 14fi 15 keessatti ilaaluun ni danda'ama. Qabiyyeewwan kunniinis:Odeeffannoo murtaa'aafi walii gala dubbisa keessaa argachuu, kan jedhu irra deddeebi'ee boqonnaawwan sadan kana Keessatti kan argamu yoo ta'u, qabiyyee kana barattoonni osoo hin baratin kan irra darban ta'uu isaanii kan muul'atuudha. Kanaaf, barattoonni waa'ee odeeffanno murtaa'aafi walii gala kan jedhu hiikaa issyyuu osoo hin beekiin kan irra darban waan ta'eef yeroo sadarkaa itti aanutti darban waa'een qabiyyee kanaa haaraa waan iiti ta'uuf barattoonni akka rakkatan taasisa. Kana malees qabiyyeewwan kitaaba barnootaa Keessatti qofa dhiyaatan baayyeen isaanii kanneen boqonnaawwan darban Keessatti argamaniin kan wal fakkaatan ta'ee, garuu qabiyyeen bira darbamuun kan hin barbaachifne,

- Gaalee walitti fiduun hima guutuu taasisuu
- Yaada duubee yookaandubbisa osoo hindubbisin deebisuufi kkf.

yoo ta'an, qabiyyeen itti dabalaman kun immoo karooraan ala barattoota madaaluufi dhiisuu isaa osoo adda hin baasiin kan barattoota irratti fe'ame ta'uu isaati. Kun immoo barattoonni waan barachuu qaban dhabanii waan silabasii keessa hin jirre itti dabaluun barattoota miidhuu danda'a.Walumaagalatti qabiyyeewwan silabasiifi kitaaba barataa keessa jiran muraasni isaanii kan wal hin fakkaanne yookaan kan wal hin simne ta'uu isaaniiti. Kana jechuunis qabiyyeewan silabasiifi kitaaba barataa keessa jiran muraasni isaanii kan waliin hin deemne yoo ta'u, kanneen waliin deemanis kan jiraniidha jechuudha. Kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kun boqonnaawwan kudha shan kan qabu ta'ee, boqonnaawwan jiran hunda keessatt rakkoowwan kunniin kan mul'tan waan ta'eef rakkooleen kunniin ifaan ifatti waan jiraniif ilaalamanii karaa Ogeeyyii sirna barnootaa furmaata akka argachuu danda'u qorattuun irra geessee jirti. Kanaaf inni kun adeemsa baruuf barsiisuu irratti dhiibbaa guddaa kan fidu waan ta'eef itti yaaddamuu akka qabuudha.

#### 4.2.2. Xiinxala Dhiyaannaa Gilgaalotaa

Kitaaba baratamaa barnoota Afaan Oromoo kana keessa gilgaalota dhimmoota adda adda shaakalchiisan 160 jiru. Gabateen armaan gadii faca'insa gilgaalota kanaa kan agarsiisudha.

**Gabatee Lammaffaa: Faca'insa Gilgaalotaa**

| Lak. | Akaakuu Gilgaalotaa | Baayina Gil. | % | Ibsa |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Ogummaa Dhaggeeffachuu | 4 | 2.5 | |
| 2 | " Dubbachuu | 38 | 23.8 | |
| 3 | " Dubbissuu | 35 | 21.9 | |
| 4 | " Barreessuu | 57 | 35.6 | |
| 5 | Beekumsa Seerlugaa | 13 | 8.0 | |
| 6 | " Ogbarruu | 6 | 3.8 | |
| 7 | " Jechootaa | 7 | 4.4 | |
| | Ida'ama | 160 | 100 | |

##### 4.2.2.1. Gilgaalota Ogummaa Dhaggeeffachuu

Faca'insa kana ilaalle waa jechuunni danda'ama. Gilgaaloonni dhaggeeffachuu shaakalchiisan baay'ee xiqqoodha. Sadarkaa kanarratti qalbii daa'imaa wantoota garaagaraa dhaggeessissuun akka itti gammadan, dinqisiifatan akkuma waliigalaatti soona barattootaa xiinxalu ni danda'amaa ture

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti gilgaalli dandeetti dhaggeeffachuu ilaallatan lakkoofsan 4 qofa yoo ta'u, dhibbeentaadhan immoo %2.5, ta'a.Kunis gilgaalonni kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana keessa jiran akka waliigalatti baay'inni isaanii 160 ta'a.Haata'u malee gilgaalonni ogummaa dhaggeeffachuu kitaaba kana Keessatti baay'ee muraasa ta'uu isaaniti.Kun immoo barattoonni oummaa dhaggeeffachuu isaanii akka gadi aanaa ta'uu danda'u godha. Sababni isaa baratamaa jalqaba kan inni beekuu yookiin baruu kan danda'u ogummaadhaggeeffachuu waan ta'eefi. Isarraa ka'uun gara dandeettiwwan birootti darba waan ta'eef gilgaalonni ogummaa dhaggeeffachuu lakkoofsan baay'ee muraasa ta'uun isaa akka hanqinaatti yookiin hir'inaatti kan ilaallamuudha.Sababni isaa sadarkaa kanatti barattoota fedhii isaanii kan kakaasu waan dubbifamus haa ta'u, waan dubbatamee

dhaggeeffatan hunda akka dubbatan yookaan barreessan yoo ta'e waan raawwatan hundatti si'aayina horatu. Kunis barattoonni ga'umsa gaarii akka gonfatan taasisa.Garuu kitaaba kana Keessatti shaakalli ogummaa dhaggeeffachuu baayyinni isaa lakkoofsaan 4 qofa ta'ee dhiyaachuun isaa barattoonni waan guuddaan kan jalaa hafe waan ta'eef barattoonni kunniin miidhammoo ta'uuyookaan waan sadarkaa kanatti barbaachisu dhaggeeffachuu waan haala gaariin hin shaakalleef sadarkaa olaanaatti dhaggeeffatanii waa qabachuu irratti isaan rakkisa.

**QabiyyeewwanBarsiifamanKaayyoo Gooree Faana Hammam  Deema?**

Gilgaalonni ogummaa dhaggeeffachuu lakkoofsan akkuma muraasa ta'an kaayyoo gooree faana kan walsimuufi kan wal hinsimne jiraachuu isaati.Gilgaalonni ogummaa dhaggeeffachuu kaayyoo gooree faana kan walsiman boqonnaalee isaan Keessatti argaman yoo ilaallame boqonnaa 5fi 13 keessatti kan argaman yoo ta'u, qabiyyee boqonnaa lamaan kan keessa jiran kaayyoo gooree faana kan walsimaniidha. Kun immoo kaayyoon barnoota kanaa galma ga'uu isaa kan hubachiisufi akka ciminaatti kan ilaallamuudha. Haata'u malee, qabiyyeewwan kitaaba kana Keessatti dhiyaatan keessaa kan kaayyoo gooree faana kan hin deemne jiraachuu isaati.

Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 4ffaaboqonnaa 12 keessatti qabiyyeen ogummaa dhaggeeffachuu dhiyaatee jira.Garuu gilgaala kanaaf immoo kaayyoon gooree kan hin eeramneedha. Qabiyyeewwan barsiifamuuf yemmuu kitaaba barnootaa irraatti dhiyaatu, kaayyoo qabiyyeewwan sun barsiifamuuf akkaataa barbaachisaa ta'een eeramuudha qaba.Sababni isaatis qabiyyeewwan barsiifaman kaayyoo barsiifamaniif kan hin beekamne yoo ta'e barnoonni barsiifamu galma gahiinsi isaa shakkisiisaa ta'a. Haalli kun immoo barataa irratti dhiibbaa fiduu danda'a.

Walumaa galatti kitaaba kana Keessatti qabiyyeewwan ogummaa  dhaggeeffachuu ilaallatan akkuma kaayyoo gooree faana kan walsiman jiran, kan kaayyoo gooree faana wal hin simnes jiaachuun bira ga'ameera.

Haaluma kanaan qabiyyeewwan baratamuu qabaniif gilgaalli qophaa'uu isaa yoo ilaalle, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti qabiyyeewwan dandeettii dhaggeeffachuu ilaallatan lakkoofsaan muraasa.Qabiyyeewwan kunniin boqonnaa adda addaa Keessatti dhiyaatanii jiru. Qabiyyeewwan dhiyaataan kanneeniif immoo gilgaalli kan qophaa'eedha. Kanaaf inni kun immoo akka ciminaatti kan ilaallamuudha.

Sababnisaas qabiyyeen qophaa’e tokko gilgaala hin qabu taanaan barataan waan barachuu qabu yookaan shaakaluu qabu kan hin shaakalle ta’a jechuudha. Kanaaf qabiyyeewwan barsiifamuu qabaniif gilgaalli qophaa’uun isaa akka ciminaatti kan ilaallamuudha.

Akkuma waliigalaatti ogummaa Dhaggeeffachuu ilaalchisee,meesahaalee barnootaa (silabasiifi kitaaba barnootaa ) kana Keessatti hanqinni muul’atantokkoffaa gilgaaloonni shaakkalliif qophaa’aan baay’ee xiqqaadha; lammaffaa bakka tokko tokkootti, kaayyoon gooreefi dhiyaannaan gilgaalootaa walhinsiman.Kun immoo adeemsa baruuf barsiisuu galmaan ga’uu Keessatti barattoonni waan barachuuf barbaachisu akka haala gaariin hin arganne taasisuu danda’a.

### 4.2.2.2. Gilgaalota Ogummaa Dubbachuu

Gilgaalonni ogummaa dubbachuu ilaallatan lakkoofsan 38 yoo ta’an, dhibbeentaadhan immoo23.8.% ta’u. Baayinni kun gaariidha jechuu nidandeenya. Barataan carraa waa’ee dhimma sanaa yaada isaa akka ibsatuu taasisa. Fedhii isaa ibsachuu, mormuu, falmuu, ibsuu, dinqisifachuu, kkf keessa isaa ittin ibsata.daree keessatti hirmaataa taasisa.Gilgaalonni dandeettii dubbachuu dhiyaatan kunnin hamma tokko barattoonni dandeettii dubbachuu isaanii akka gabbifatan taasisa.Kanaaf gilgaalli dandeettii dubbachuu gilgaalotaa kitaaba kanaa160jiran keessaa 38 ta’uun isaa barataan dandeettii dubbachuu akka gabbifatu kan taasisuudha.Kun immoo baay’ee jajjabeeffamuu kan qabuufi kan itti fufu qabuudha. Haa ta’u malee haalli silabasiin kun itti qophaa’e xiqqoo iddoo tokko tokkotti waan ifa hin taane fakkaata. Inni kun yoo ilaallame silabasii keessatti boqonnaa 2 jalatti ogummaawwan afaanii, kan jedhu jalatti dubbisuu jedha; dubbisuu ega jedhee booda immoo qabiyyeen dhiyaate “dubbisichi waa’ee maalii akka ta’e tilmaamuu” jedhamee jira. Akkasuma kitaaba barataa boqonnaa 2, gilgaala,1.irratti immoo “ gaaffilee armaan gadii cimdiin irratti mari’adhaa” kan jedhuudha.Kana irraa wanti hubatamu tokkoffaa haalli silabasiin kun itti qophaa’e ifa kan hin taane ta’uu isaa, lammaffaan qabiyyeen silabasiifi gilgaalli kitaaba barataa Keessatti qophaa’e walfaana deemuu irratti hanqina kan qabu ta’uu isaati. Kana jechuunis silabasii Keessatti dubbisuu kan jedhu kun dubbachuu yoo ta’e, dubbisichi waa’ee maalii akka ta’e tilmaamuu kan jedhu kun gaarii ta’ee osoo jiruu garuu immoo kitaaba barataatin akka walfakkaatuuf silabasii keessatti qabiyyeen dhiyaatu ‘marii’ osoo jedhee kan kitaaba barataa irra jiru immoo ‘ gaaffilee armaan gadii cimdiin irratti mari’adhaa’ kan jedhu yoo ta’e caalatti fudhatama akka argatu taasisa.

Walumaagalatti haalli silabasiin kun itti qophaa'e hanqina kan qabuudha. Kana jechuunis silabasii kana irratti qabiyyeewwan dhiyaatan dubbachuu kan ilaallatan ta'ee garuu dandeettiiwwan afaanii kan jedhuuf immoo dubbisuu qopheesse. Inni biraa silabasii kana irratti dandeettiiwwan afaanii kan jedhu jalatti akka waliigalaatti dubbachuu kan jedhu iddoo lama qofatti argama; garuu qabiyyeewwan immoo yaadaan dubbachuu kan ibsu fakkaata. Kanaaf silabasiin kun haqinoota armaan olii kana qabaachuun isaa qorattuutti kan muul'ate ta'uu isaati.

**Qabiyyee Barsiifamuuf Kaayyee Gooree Faana Hammam Deema**?

Akkuma dura ibsame gilgaalonni ogummaa dubbachuu barattootaa cimsuuf qophaa'an gilgaalota 38 yoo ta'u, kunis barataan jalqabaa kaasee hanga dhumaatti ogummaa dubbachuu kana haala gaariin akka gabbifatu kan taasisuudha. Qabiyyeewwan dandeettii dubbachuu cimsuuf qophaa'an kunneen immoo irra caalaan isaanii kan argaman boqonnaawwan hunda jalatti gilgaala 1ffaa Keessattiidha. Kunis barattoonni waliin mri'atanii yaada isaanii akka ibsan kan ajajuudha. Kanaaf haala kanaan gilgaalonni dandeettii dubbachuu baayyinaan dhiyaachuun isaa barattoonni sodaa tokko malee dubbachuun yaada isaan keessa jiru ibsuu akka danda'an isaan taasisa.

Haaluma kanaan qabiyyeewwan basiifamuuf qophaa'an kunniin kaayyoo gooree faana kan deeman ta'uu isaaniit. Kana jechuunis barnoota afaanii kanaaf qabiyyeewwan akkuma dhiyaatan kaayyoon gooree qaabiyyeewwan sanaaf dhiyaachuu isaa kan muul'atuudha. Inni kun immoo adeemsa baruuf barsiisuu Keessatti murteessaa waan ta'eef gama kanaan akka ciminaatti kan ilaallamuudha.

Itti dabalees qabiyyeewwan ogummaa dubbachuu akkuma baayyinaan dhiyaatan, kitaaba barnootaaKeessatti immoo gilgaalli dhiyaatee jira.Kana jechuunis qabiyyeen silabasii keessa jiru waa'ee dubbisaa tilmaamuu kan jedhu yoo ta'u, gilgaalli kitaaba barnootaa keessatti dhiyaate immoo waliin mari'adhaa kan jedhutu jira. Kanaaf qabiyyeen qophaa'eefi gilgaalli dhiyaate kallattumaan kan wal hin fakkaanne ta'uu isaatu hubatama. As irratti wanti mul'atu qabyyeen silabasii Keessatti dhiyaateefi shaakalli kitaaba barnootaa Keessatti dhiyaate kun kan waliin hin deemne ta'uutu mmul'ata.

### 4.2.2.3. Gilgaalota Ogummaa Dubbisuu

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti gilgaalonn ogummaa dubbisuu Keessatti hammataman lakkoofsaan 35 yoo ta'an dhibbeentaadhaan immoo 21.9

% tu argama. Kana jechuunis kitaaba barnoota Afaan Oromoo kana Keessatti giilgaalota jiran160 keessaa gilgaalota 35 ogummaa dubbisuu irratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaati. Kunis barattoonni irra deddeebiidhaan yemmuu dubbisan haala gaariidhaan ogummaa dubbisuu akka gabbifatan isaan kan dandeessisuudha. Kanaaf gilgaalonni haala kanaan baayyatee dhiyaachuu akka gaarummaatti kan ilaalteefi kun immoo jajjabeeffamuu akka qabu qorattuun yaada deeggarsaa laatte.Walumaagalatti qabiyyeewwan dandeettii dubbisuu ilaalchisee silabasiif kitaaba barnootaa Keessatti dhiyaataan baayyinaan dhiyaachuun isaa barattoonni yeroo yerootti kan dubbisan yoo ta'e, sadarkaa kanaa eegalee dubbisuu irra deddeebiin waan shaakalaniif hanga sadarkaa olaanaatti waa dubbisuu amaleeffatanii akka waan hunda dubbisanii hubataniif karaa kan saaquudha.

**Qabiyyeen Barsiifamuufi Kaayyoo Gooree Faana Hammam Deema?**

Iddoo kanatti wanti ibsamu qabiyyeewwan barsiifamuuf dhiyaatan kunniin kaayyoo gooree faana wal simuu isaanii yoo ilaallame irra caalaan isaanii kaayyoo gooree faana kan wal siman ta'uu isaaniiti. Kana jechuunis qabiyyeewwan dhiyaatan kanaaf kaayyoon gooree haala gaariidhaan ifa yoo ta'uu baate iyyuu kaayyoon gooree jiraachuu isaati.

Itti dabalees qabiyyeewwan barsiifamuu qaban kanneeniif gilgaalli qophaa'uun isaa yoo ilaallame; qabiyyeewwan ogummaa dubbisuu ilaallatn silabasii irratti dhiyaatanii jiru. Qabiyyeewwan dhiyaatan kanneeniif immoo kitaaba barnootaa irratti gilgaalli dhiyaatee jira. Kunis barattoota dandeettii dubbisuu barsiisuuf qabiyyeen silabasii irratti dhiyaachuun isaafi qabiyyeewwan kanneeniif immoo gilgaalli kitaaba barnootaa irratti qophaa'uun isaa akka gaarummaatti kan ilaallamuudha. Sababni isaas barattootaaf qabiyyeen qofti dhiyaatee osoo gilgaalli hin qophaa'u ta'ee barattoonni ogummaa dubbisuu kana shaakaluu hin danda'an jechuudha.

**4.2.2.4. Gilgaalota Ogummaa Barreessuu**

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kana keesstti gilgaalonni ogummaa barreessuu cimsuuf dhiyaatan baayyinaan kan argamaniidha.Kana jechuunis kitaaba kana Keessatti gilgaalonni ogummaawwan kaan irra kan caalu ogummaa barreessuuti.Kanaaf gilgaalota kitaaba kana Keessatti argaman keessaa gilgaalonni ogummaa barreessuu lakkoofsaan 57 yoo ta'u, dhibbeentaadhaan immoo %35.3tu argamu. Gilgaalonni ogummaa barreessuu ilaallatan kunniin baayyinaan kitaaba kana Keessatti argamuun isaan gaariidha. Haa ta'u malee shaakalli ogummaa barreessuu kunniin ogummaawwan kanneen biroo irraa

baayyee fagaatee kan argamuudha. Kana jechuunis gilgaalonni ogummaan barreessuu baayyinaan dhiyaachuun barattoonni sadarkaa kanatti maal barreessuu qabu?shaakalli ogummaa barreessuu baayyinaan dhiyaachuun ogummaawwan kaan irra maalif barbaachisa gaaffii jedhu namatti ta'a. Kunis kitaaba barnootaa kana Keessatti shaakalli ogummaawwan biroo baayyee xiqqaatanii kan dhiyaatan ta'ee, keessumaa shaakalli ogummaa dhaggeeffachuu kitaaba kana Keessatti dhiyaatera jechuun baayyee kana namatti ulfaatu waan ta'eef, barattoonni sadarkaa kanatti baayyinaan kan isaan barbaachisu dhaggeeffachuufi dubbachuudha. Sababni isaa barattoonni kutaa kana baratan xixiqqaa waan ta'aniif, sadarkaa kanatti kan isaaniif mijatu dhaggeeffachuuf dubbachuudha.Sadarkaa kanatti shaakalli keeyyata barreessuu baayyinaan dhiyaachuun isaa barattoota nuffisiisuu ta'a. Kanaaf akka ilaalcha qorattuutti gilgaalli dandeettii barreessuu kun barattoota sadarkaa kanaatti baayyinaan dhiyaachuun isaa kan ulfaatu irra caalaan isaa keeyyata barreessuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef barattoota kan hinn madaalle ta'uu isaa muul'isa.

Walumaa galatti qabiyyeewwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana irratti ogummaa barreessuu ilaalchisee qabiyyeewwan baayyinaan dhiyaachuun isaanii gaarii ta'ee osoo jiruu garuu umurii barattootaa faana kan wal hin madaalle yoo ta'u, kunis ogummaa barreessuu kana Keessatti baayyinaan dhiyaatee kan jiru keeyyata barreessuu irratti ta'uu isaati.Kun immoo humna barattootaatii ol waan ta'uuf akka barnoota nuffan taasisuu danda'a.

**Qabiyyee Barsiifamuuf Kaayyoo Gooree Faana Hammam Deema?**

Qabiyyeewwan barsiifamuuf dhiyaatan kaayyoo gooree faana deemuu isaanii ilaalchisee, qabiyyeewwan kunniin kaayyoo gooree waliin kan wal simuudha. Kunis qabiyyeewwan ogummaa barreessuutiif kaayyoon gooree dhiyaachuun isaa adeemsa baruuf barsiisuu gaggeessuu Keessatti barnoonni afaanii kun akka galma ga'uu danda'u kan taasisuudha. Kanaaf haalli kun immoo akka itti fufuu qabuufi kan jajjabeeffamuudha.

Itti dabalees silabasii kana Keessatti qabiyyeewwan kanneen ogummaa barreessuu ilaalchisee dhiyaatanii jiraniif kitaaba barnootaa irratti ammoo gilgaalli qophaa'ee jira. Kana jechuunis qabiyyee silabasii irratti dhiyaate gara hojiitti akka hiikkamuuf yookaan barattoota ogummaa barreessuu shaakalsiisuuf gailgaalli qophaa'uun isaa akka ciminaatti kan ilaallamu ta'uu danda'a jechuudha.

Haaluma kanaan gilgaalota ogummaa barreessuu shaakalsiisuuf dhiyaataan kanneeniif fakkeenyi kenname hammam ifaafi ibsaa ta'uu isaa ilaaluun ni danda'ama. Gilgaalonni ogummaabarreessuu cimsuuf dhiyaatan kanneen akka jechoota barreessuu, hima barreessuu, keeyyata barreessuufi kan kana faadha. Gilgaalota dhiyaatan kanneenif darbee darbee fakkeenyi kennamee jira. Fakkeenyi gilgaalotaa kenname kuneen immoo barattootaaf iddoo tokko tokkotti ifa kan hin taane ta'uu danda'a. Akka fakkeenyaatti yoo ilaallame gilgaalonni kitaaba barnoota Afaan Oromoo kana Keessatti dhiyaataniif fakkeenya gilgaala ogummaa barreessuu irratti kenname keeyyata jalqabame xummuri kan jedhu fa'a ture. Inni kun immoo barattootaaf hammam ifaa ta'uuu danda'a? Keeyyata jalqabame kana barataan yaada akkamiitiin xummuruu danda'a?Yaada barbaachisuun xmmuruu danda'a?moo waanuma isatti fakkaateen xummuraa? isaan kunneen xiyyeeffannoo keessa galuun barbaachisaadha.

Gilgaalota ogummaa barreessuu cimsuuf dhiyaataniif fakkeenyi kennamuun isaa gaarii ta'us barattoota kana kan madaaluu miti. Sababni isaa barataadhaf yaada ittiin keeyyaticha xummuru dhabuu yookaan haallli isaa jalaa baduu danda'a. Kanaaf ajajni gilgaalli kenname keeyyata jalqabame xummuri kan jedhu yoo ta'e, dura fakkeenya kennuu qaba. Fakkeenyi kennamu immoo keeyyata tokko jalqabee xummuruu qaba. Ega keeyyata sana xummuree agarsiiseen booda yaaduma sanaan kan wal fakkaatu keeyyata jalqabame kennuu ni danda'a. Isa booda barattootatti bitaa waan itti hin galleef osoo hin dhiphatin hojii kenname sana hojjechuu danda'u jechuudha. Sababni isaa barattoonni kutaa 4ffaa baratan kunneen umuriidhaan waggaa 8-10 gidduu kan jiran waan ta'eef barattoota kanatti hojiin akka sanaa kennamuun baayyee cimaafi ulfaataa ta'uu isaa qorattuun ibsitee jirti.

Itti dabalees,shaakalli ogummaa barreessuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kana Keessatti dhiyaatan irratti yaadni jiru, shaakalli dandeettii barreessuu baayyinaan jiraachuun isaa gaarii ta'ee osoo jiruu, garuu irra caalaa keeyyata barreessuu irratti kan xiyyeeffateedha. Kun immoo barattootaaf sadarkaa kanatti keeyyata barreessuun baayyinaan dhiyaachuun isaa barattoota kan jajjabeessu osoo hin taane bitaa kan itti galuudha. Barattoonni sadarkaa kanatti baayyinaan barreessuu kan qaban keeyyata osoo hin taane jechoota walitti fidanii hima sirrii ijaaruu akka danda'an shaakalsiisuun darbee darbee garuu keeyyata barreessuu yoo shaakalsiisu barattoonni akka hin nuffine taasisauu danda'a.

### 4.2.2.5. Gilgaalota Beekumsa Seerlugaa

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana keessa gilgaalonni beekumsa seerlugaa cimsuuf dhiyaatan lakkoofsaan 13 yoo ta'u, dhbbeentaadhaan immoo 8.0 %tu argama. Gilgaalonni beekumsa seerlugaa kitaaba kana Keessatti argaman baayyee muraasa.Kun immoo haala baruuf barsiisuu afaanii Keessatti beekumsa seerlugaa gonfachuu irratti hanqina qabaata.Sababni isaa beekumsi seerlugaa barnoota afaaniif baayyee murteessaadha. Keessumaayyuu, sadarkaa gadii aanaatti sirritti seeraafi caasaa afaannichaatti madaquu baannaan fuulduratti baayee isaan rakkisa.Waan kana ta'eef, barattoonni seera afaaniifi caasaa afaan kanaa beekuu kan danda'an yoo irra deddeebiidhaan shaakalan qofa. Kanaaf kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana irratti gilgaalli beekumsa seerlugaa ilaallatan baayyee muraasa akka ta'e, muraasa ta'uun isaa immoo barattoonni beekumsa seerlugaa irratti akka hanqina qabaatan kan taasisu ta'uu isaa qorattuun yaada ishee ibsitee jirti.

**Qabiyyee Barsiifamuuf Kaayyoo Gooree Faana Hammam Deema?**

Iddoo kanatti qabiyyeen barsiifamuufi kaayyoo gooreen waliin deemuu isaanii ilaaluun barbaachisaadha. Qabiyyeewwan barsiifamuuf dhiyaatan muraasa isaanitiif kaayyoon gooree kan dhiyaate yoo ta'u, qabiyyeewwan kaayyoon gooree hin dhiyaanneefis kan jiraniidha. Qabiyyeewwan barsiifamuuf dhiyaataniif kaayyoo gooree waliin deemuun isaa akka ciminaatti kan ilaallamuudha.

Haa ta'u malee qabiyyeewwan tokko tokko kaayyoo gooree waliin kan hin deemnes kan jiraniidha. Fakkeenyaaf qabiyyee barsiifamuuf dhiyaatee kaayyoo gooree hin kaa'amne yoo ilaallame qabiyyeen dhiyaate kun akkas jedha, "jechoota wal keessa makamanii kennamaniin hima sirrii ijaaruu" kan jedhu yoo ta'u, isa kanaaf immoo kaayyoo gooreen kan hin kaa'amne ta'uu isaati. Kunis qabiyyee kaayyoo gooree qabaachuu dhabuun isaa haalli qophii silabasiifi kitaabni barnootaa kun altokko tokko osoo itti hin yaaddamin haala jarjarsaan waan qophaa'e fakkaata. Kanaaf haalli kun itti yaaddamee sirrachuu qaba kan jedhu dhaamsa qorattuuti.

Kana malees gilgaalli beekumsa seerlugaa ilaalchisee ktaaba barnootaa kana irratti dhiyaate kun barattoota ni hubachiisa moo bitaa itti gala yaada jedhuudha. Kunis boqonnaa 2,gilgaala 9, fuula 14 irratti dhiyaate kun akkas jedha. "Keeyyata armaan gadii keessaa maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa baasi" kan jedhuudha. Egaa inni kun immoo gadi

fageenyaan yemmuu ilaallamu haala gaariidhaan akka hin dhiyaanneedha. Kana jechuunis kitaaba kana Keessatti gilgaalli beekumsa seerlugaa ilaallatu kun yoo dhiyaate iyyuu haalli isaa ifa miti. Kunis kitaaba kana irratti gilgaala beekumsa seerlugaa dhiyeessuun duras ta'ee ega dhiyaateen boodas waa'ee maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa barattootaaf ibsi kennamuu qaba.Barattootaaf dhimma kana irratti ibsi yoo hin kennamneef ta'e akkamitti hubatu?Ibsi osoo hin kennamin fakkeenyi kennamuun qofti ga'aadhaa?Gaaffiiwwan kunneen itti yaaddamuu Kan qabaniidha.

Akka waliigalaatti gilgaalli kun dhiyaachuun barattoonni beekumsa akka argataniif kan qophaa'e waan ta'eef, haala barattootaaf ifa ta'uun maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa jechuun maal jechuu akka ta'ee barattoonni ibsa argachuu qabu.Yoo akkas hin taane barattoonni kunniin qabiyyee seerlugaa dhiyaate kana sadarkaa kanaa jalqabanii maalummaa isaanii waan hin hubachiifamneef akkasumaan bira darbuudhan kan booddee isaan rakkisu ta'uu danda'a. Kanaaf, , beekumsi seerlugaafi caasaa afaannichaa barattootaaf baay'ee barbaachisaa ta'e otoo jiruu, haala ifa dhabeessaafii shaakala muraasa qofa kennuun irra darbamuun isaa hanqina guddaadha.

### 4.2.2.6. Gilgaalota Beekumsa Ogbarruu

Kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti gilgaalonni beekumsa ogbarruu barsiisuuf qophaa'an lakkoofsaan gilgaalota 6 qofa yoo ta'an, dhibbeentaadhaan immoo 3.8% ta'ee argama. Kitaaba barnoota afaanii kana Keessatti gilgaalonni beekumsa ogbarruu ilaallatan baayyee muraasa.Kan ta'u qabu garuu, sadarkaa kannarratti barattootaaf afoola garagaraa akka dhaggeeffatan, dubbatan ykn seenessan, waa'ee duudhaa naannoo isaanii barmaatilee uummatichaa kan ittiin walbaranidha.garuu, Gilgaalota jiran kanneen keessaa beekumsi ogbarruu hamma kana xiqqaatee argamuun isaa barattoota irratti dhiibba fiduu danda'a. Sababni isaa ogbarruun barnoota afaanii Keessatti ijoolleen kan ittiin walbaranis ta'ee hawaasa keessatti ga'ee olaanaa kan qabu waan ta'eefidha. Kana jechuunis dhalli namaa adeemsa jiruuf jireenyaa Keessatti haalota darban, aadaa, haala hawaasni tokko keessa ture, muuxannoo wantoota darban irraa hubachuuf, akkasumas mudannoowwan durii irraa kan ittiin barachuuf karaa ta'e keessaa tokko ogbarruudha.

Kana malees ,barattoonni mana barnootaa Keessatti tapha adda addaa taphachuudhaan, durdurii waltti himuudhaanii,hiibboo wal gaafachuudhaan k.k.f. kan dhimma itti bahamu karaa ogbarruuti. Kanaaf ogbarruun barnoota afaanii Keessatti barattoonni dandeettii

dubbachuufi deemsa waldhaggeeffachuu barsiisuu Keessatti ogbarruun shoora olaanaa kan qabuudha. Haa ta'u malee gilgaalonni ogbarruu irratti xiyyeeffatan baayyee muraasa .Kun immoo barattoonni irra deddeebiidhaan wantoota yookaan yaadota ogbarruu ilaallatan shaakaluu irratti barattootatti gufuu ta'uu danda'a. Kanaaf gilgaalonni ogbarruu ilaallatan baayyee muraasa ta'uun isaanii barattoonni beekumsa barbaachisaa akka hin arganne kan taasisuu danda'uudha.

Akkasumas gilgaalonni ogbarruu ilaallatan muraasa ta'uun kuni, ga'ee ogbarruun afaan barsiisuu Keessatti qabu akka gadi bu'u taasisuu danda'a. Kanaaf kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti gilgaalonni ogbarruu barsiisuuf dhiyaatan baayyinni isaanii muraasa waan ta'eef, inni kun itti yaaddamuu kan qabu ta'uu isaa qorattuun eertee jirti.

**Qabiyyeewwan Barsiifamuuf Kaayyoo Gooree Faana Hammam Deema?**

Haaluma kanaan qabiyyeewwan barsiifamuuf qophaa'an kunniin kaayyoo gooree faana deemuu isaanii ilaaluun ni danda'ama. Kunis qabiyyeewwan barsiifamuuf qophaa'an kunniin darbee darbee kaayyoo gooree faana kan hin deemne yookaan qabiyyeewwan barsiifamuu qabaniif iddoo tokko tokkotti kaayyoon gooree dhiyaatee kan wal hin fakkaanne ta'uu isaati. Kanas akka fakkeenyaatti yoo ilaallame, kitaaba kana Keessatti boqonnaa tokko gilgaala 4, fuula 6 irratti gilgaalli dhiyaate akkas jedha. "Tapha abbaa Boloo irratti hundaa'ii himoota dhiyaatan tartiibessii barreessi" kan jedhuudha. Kaayyoon gooree immoo himoota walduraa duuba hin eegne ni tartiibessu jedha.

Qabiyyee dhiyaate kana irraa wantia hubatamu gilgaalli kun waa'ee tapha abbaa boloo irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, tapha sanas akka tartiibessan kan ajajuudha. Kana jechuunis gilgaalli kun dhimma ogbarruu irratti kan xiyyeeffatu ta'ee dandeettii barreessuutis kan barsiisuudha. Haat a'u malee kaayyoon gooree isaa immoo dhimma ogbarruu keessaa dhiisee dandeettii barreessuu qofa irratti akka xiyyeeffatu taasise. Kanaaf qabiyyeen barsiifamuufi kaayyoon gooree kanneen walsiman akkuma jiru kan wal hin simnes jiraachuun isaa kan bira ga'ameedha.

**4.2.2.7. Gilgaalota Beekumsa Jechootaa**

Gilgaalonni beekumsa jechootaa kitaaba barnootaa afaan oromoo kana Keessatti argaman lakkoofsaan 7 yoo ta'an dhibbeentaadhaan immoo 4.4 %ta'a. Gilgaalonni beekumsa `jechootaa ilaallatan lakkoofsaan baayyee muraasa kan ta'aniidha.Kun immoo

adeemsa baruuf barsiisuu Keessatti barattoonni jechoota adda addaa, hiikaafi faallaa jechootaa baruu irratti hanqina qabaachuu danda'a.Sababni isaa beekumsi jechootaa haala kam keessattuu bu'uura waan ta'eef, barataan irra caalaa jechoota baruu irratti xiyyeeffachuu qaba.Waliigaltee milkaawaa kan gaggeesinu yoo fayyadama jechootaa sirritti beeknedha. Dubbiinis ta'ee, barreeffamaan yaada keenya sirritti kanittiinibsannu yoo jechoota afaannichaafi fayyadama isaa beeknedha.

Kana malees beekumsi jechootaa barattoonni dubbisuufi barreessuu kan dandeessisu yoo ta'u, kunis barattoonni jechoota waliin deeman baruuf, jechoota walitti fiduun ittiin hojjechuufi k.k.f.isaan gargaara jechuudha. Kanaaf kitaaba kana Keessatti gilgaalli beekumsa jechootaa ilaallatan baayyee muraasa ta'uun isaa barattoonni beekumsa jechoota garaagaraa akka hin arganne taasisuu danda'a. Kun immoo guddina yookaan dagaagina afaanichaa Keessatti gufuu guddaa ta'uu mala.

Akkasumas kitaaba kana Keessatti gilgaalonni beekumsa jechootaan wal qabatan baayyinni lakkoofsa isaanii xiqqaa waan ta'ee, barattoonni irra deddeebiidhaan waa'ee beekumsa jechootaa shaakaluu irratti ni rakkatu. Kunis barattoonni waan hin beekne tokko yoo irra deddeebi'anii shaakalan baruu danda'u.Kanaaf akka yaada qorattuutti gilgaalonni beekmsa jechootaa ilaallatan kunniin baayyee waan xiqqaataniif itti yaaddamuu akka qabuudha.

**Qabiyyee Barsiifamuuf kaayyoo Gooree Faana Hammam Deema?**

Qabiyyeewwan barsiifamuuf qophaa'an kunniin kaayyoo gooree faana deemmuun isaanii yoo ilaalame, qabiyyeewwan kunniin lakkoofsaan muraasa haa ta'anii malee irra caalaan isaanii kaayyoo gooree kanneen qabaniidha.Kana jechuunis qabiyyeewwan dhiyaatan kunniin barattootaaf bu'aa maalii akka buusuu danda'an kaayyoon gooree waan hubachiisuuf kaayyoon gooree dhiyaachuun yookaan qophaa'uun dirqama waan ta'eef, kitaaba kana Keessatti gilgaalonni kaayyoo gooree qaban lakkoofsaan 6 tu argama. Kunis qabiyyeewwan barsiifamuuf qophaa'niif kaayyoon gooree haala kanaan dhiyaachuun isaa akka ciminaatti kan ilaallamuufi jajjabeeffamuu kan qabuudha.

Haaluma kanaan qabiyyeewwan kitaaba kana keessa jiran yoo ilaallaman qabiyyeewwan 7 keessaa 6 kaayyoo gooree kan qabu yoo ta'u, qabiyyeen 1 immoo kaayyoo gooree kan hin qabneedha. Inni kunis boqonnaa 8ffaa fuula 31 irratti qabiyyeen dhiyaate "Hiika

jechootaa faallaa firoomsuu" kan jedhu yoo ta'u, qabiyyeen silabasii irra jiru kun immoo kaayyoo gooree kan hin qabne ta'uu isaati.

Kanaaf qabiyyeen dhiyaatee kaayyoo gooree hin qabne kun adeemsa baruuf barsiisuu Keessatti rakkisaa ta'uu waan danda'uuf inni kun ilaallamuu qaba yaada jedhuudha.Kana malees qabiyyeewwan barsiifamuuf silabasii irratti dhiyaatan kanneeniif kitaaba barnootaa irratti immoo gilgaalli dhiyaatee jira. Kunis qabiyyeewwan dhiyaataniif gilgaalli yoo hin qophoofne ta'e qabiyyeewwan kana barataan haala ittiin baratuufi barsiisaan haala ittiin barsiisu waan rakkisuuf qabiyyeewwan hundaaf gilgaalli qophaa'uun isaa akka ciminaatti kan ilaallamuufi kan itti fufuu qabuudha.

Walumaagalatti dhimma beekumsa jechootaa irratti yaadni jiru qabiyyeewwan yookaan gilgaalonni dhiyaatan muraasa haa ta'anii malee irra caalaan isaanii ulaagaa barbaachisu kan guutaniidha. Kanaaf inni kun immoo gaarii ta'uu isaa qorattuun irra geessee jirti.

#### 4.2.2.8. Gilgaalota Sirna Tuqaalee

Akkuma beekamu kitaaba barnoota Afaaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti gilgaalonni beekumsa sirna tuqaaleen wal qabatan lakkoofsaan baayyee muraasa. Kunis gilgaalonni beekumsa sirna tuqaalee barsiisan lakkoofsaan gilgaalota 3 qofatu kan argamuudha.

Gilgaalli beekumsa sirna tuqaalee ilaallatan baayyee xiqqaachuun kun barattoonni beekumsa argachuu qaban haala gaariin akka hin arganne taasisa. Sababni isaa barattoonni barnoota Keessatti haala fayyadama sirna sirna tuqaaleefi faayidaa isaa kan beekuufi itti fayyadamuu danda'an dhimma sirna tuqaalee ilaallatu yoo irra deddeebiidhaan shaakalan qofaadha. Kana jechuunis kitaaba gilgaalota 160 qabu kana Keessatti waa'een sirna tuqaalee gilgaala 3 qofa ta'uun isaa barattoonni akka irra deddeebi'anii hin shaakalle waan godhuuf xiqqaachuun gilgaalota kanaa barattoota irratti dhiibbaa fiduu danda'a. Kanaaf kitaaba kana irratti gigaalonni sirna tuqaalee kun baayyee muraasa waan ta'aniif akka barattoonni hin miidhamneef osoo xiqqoo lakkoofsi gilgaalota kanaa dabalamee gaariidha.

**Qabiyyee Barsiifamuuf Kaayyoo Gooree Faana Hammam Deema?**

Haaluma kanaan qabiyyeewwan barsiifamuuf qophaa'an kunneen kaayyoo gooree faana deemuu isaanii yoo ilaallame; qabiyyeewwan kunniin lakkoofsaan muraasa haa ta'an

malee haala qophii isaanii Keessatti kaayyo gooree dhiyaachuun isaa kan beekamuudha. Kun immoo akka ciminaatti kan ilaallamuufi itti fufuu kan qabu ta'uu isaati.

Akkasumas qabiyyeewwan barsiifamuuf silabasii irratti dhiyaatan kanneeniif kitaaba barnootaa irratti gilgaalli qophaa'ee kan jiruudha. Qabiyyeewwan dhiyaataniif gilgaalli qophaa'uun isaa waa'ee sirna tuqaalee akka baru waan taasisuuf qabiyyeewwan dhiyaatan gilgaala qabaachuun isaanii akka ciminaatti kan ilaallamuudha.

Walumaagalatti kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti gilgaalonni sirna tuqaalee ilaallatan baayyee muraasa waan ta'aniif, kun immoo akka hanqinaatti kan ilaallamu yoo ta'u, qabiyyeewwan jiran kanneeniif kaayyoo gooree faana deemuufi qabiyyeewwan kanaaf gilgaalli qophaa'uun isaa qorattuun akka ciminaatti ilaaltee jirti.

### 4.2.3. Tartiibaafi Sadarkaa Eegiinsa Qabiyyeewwanii

#### 4.2.3.1.Tartiiba Eegiinsa Qabiyyeewwanii

Qabiyyeewwan barsiifamuuf silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti dhiyaatan tartiiba eeganii dhiyaachuu qabu. Kana jechuunis qabiyyeean dhiyaatan kan jalqaba barsiifamu, kan gidduutti barsiifamuufi kan gara dhumaatti barsiifamu garaagarummaa qabaachuu qaba. Kunis ta'uu kan qabu; salphaa irraa gara cimaatti, waan beekamu irraa gara waan hin beekamneetti, yaada murtaa'aa irraa gara yaada bal'aatti deemuu qaba. Kun immoo barattoonni waan hojjechuu qaban ifaan ifatti itti gammadanii osoo bitaa itti hin galin akka hojjetan isaan taasisa.

Haa ta'u malee Silabasiif kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti qabiyyeewwan dhiyaatan tartiiba irraa eegamu kan hin eegne ta'ee argama. Kanas fakkeenyaan yoo ilaalame kitaaba kana Keessatti boqonnaa tokkoffaa, gilgaala afur, fuula 6 irratti akkas jedha. "Taphicha irratti hundaa'ii himoota dhiyaataan tartiibessuun keeyyata barreesi" kan jedhuudha. Asirraa wanti muul'atu qabiyyeen dhiyaate kun tartiiba eeguu qabu kan hin eegne ta'uu isaati. Kana jechuunis barattootaaf dursa qabiyyeen dhiyaachuu qabu salphaa irraa gara cimaatti kan deemu ta'uu qaba. Kanaaf jalqaba irratti qabiyyeen dhiyaachuu qabu; jechoota irraa eegalee kan itti fufu osoo ta'ee gaarii ture. Kanaaf qabiyyeen iddoo kanatti dhiyaate kun tartiiba ittii dhiyaachuu qabu hin eegne waan ta'eef, kun immoo barattoonni barnoota akka jalqabumatti nuffan yookaan akka jibban isaan taasisuu danda'a. Kanaaf akka yaadaqorattuutti qabiyyeen boqonnaa

tokkoffaa Keessatti dhiyaate kun gara gidduutti osoo dhiyaatee barattoonni tartiibaan waan hunda beekuu danda'an kan jedhu yaada ishee lafa keessee jirti.

Itti dabalees kitaaba barnoota Afaan Oromoo kana Keessatti qabiyyee keeyyata tartiiba dhiyaachuu qabuun hin dhiyaanne barreesuu ilaalchisee, akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, boqonnaa 3, gilgaala 7fi 8, akkasumas boqonnaa afur gilgaala 6, irratti himoota tartiibessuun keeyyata barreessi, Keeyyata jalqabame xummuri, himoota tartiibessii keeyyata barreessi jedha. Akkasumas, boqonnaa Shan ,Gilgaala, 8, Boqonnaa jaha gilgaala 8, fi kkf. Irratti keeyyata barreessi jedha.Asirraa ifaan ifatti hanqina guddaatu mul'ata. Kunis, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kana Keessatti qabiyyeen dhiyaate kun iddoo isaa malee yookaan tartiiba isaa malee kan dhiyaateedha. Kana jechuunis akka barattoota kutaa afurii madaaluu danda'utti dursa dhiyaachuu kan qabu, akkaataa himni itti ijaaramu,; jechoota lamafi isaaol dhiyeessee barattoonni akka walitti fidanii hima ijaaruu akka danda'an gochuu qaba. Akkasumas, kitaaba barnootaa kana irratti waa'ee keeyyataa dursa baratamuu kan qabu waa'ee hima callaafi hima ijoo ta'uu qaba ture. Kunis barattoonni akkaataa himni itti ijaarramu, himni callaafi himni ijoo maal akka ta'e osoo hin shaakalsiisin gara keeyyata barreessuutti seenan jechuudha. Kanaaf, qabiyyeen booda dhiyaachuu qabu gara duraatti dhiyaachuun qabiyyeen salphaan immo gara boodaatti dhiyaachuun barattootatti haalli barnootaa kan jalaa wal xaxe ta'a.Walumaa galatti qabiyyeewwan kitaaba barnoota Afaan Orommo kana Keessatti dhiyaatan cimaa irraa gara salphaatti kan deemu ta'uu isaatu muul'ata waan ta'eef inni kun itti yaaddamuu kan qabuudha.

Kana malees kitaaba kana Keessatti qabiyyeen tartiiba dhiyaachuu qabuun kan hin dhiyaanne, waa'ee beekumsa seerlugaa ilaalchisee kan qophaa'eedha. Kunis qabiyyeewwa seerluga ilaallatan kun gara jalqabaatti dhiyaachuun isaa barattoonni waan beekan irraa gara waan hin beekneetti deemuu kan hin dandeessisne waan ta'eef, gilgaalli kun kitaaba kana Keessatti gara gidduutti dhiyaachuu qaba ture. Gilgaalli dhiyaate kunis akkas jedha. "Keeyyata armaan gadii keessaa maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa baasi " kan jedhuudha. Gilgaalli kitaaba kana Keessatti dhiyaate kun iddoo kanatti dhiyaachuu hin qabu ture. Sababni isaa qabiyyeen kun jalqaba irratti waan dhiyaateef barattootatti cimuu waan danda'uuf, yookaan haalli itti hojjetan waan isaan rakkisuuf qabiyyeen kun jalqatti dhiyaachuu isaarra gara gidduutti akkasuma waa'ee maalummaa maqaa, bamaqaafi ibsa maqaarratti barattoonni akka hubataniif ibsi kennamee isa booda gilgaalli osoo dhiyaatee gaarii ta'a ture.

Itti dabalees kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti gilgaalli dhiyaate tartiiba eeguu irratti yaadonni yookaan dhimmoonni salphaan dura dhiyaachuu osoo qabuu gara gudduufi gara dhumaatti kan argaman ta'uu isaaniitu muul'ata. Kanas akka fakkeenyaatti yoo ilaallame kitaaba kana Keessatti qabiyyeewwan jalqaba dhiyaachuu osoo qabanii gara gidduufi dhumaatti argaman; jechoota tartiibessuun hima ijaaruu, dubbisa dubbifamu dhaggeeffatanii jecha laafaa, jabaataafi k.k.f. baasuu, akkasumas boqonnaa 15ffaa yookaan boqonnaa dhumaa irratti qabiyyeen dhiyaate qubguddeessa sirreessanii barreessuu kan jedhutu argama. Kanaaf gilgaalonni kitaaba kana Keessatti argaman muraasni isaanii tartiiba kan hin eegne ni muul'ata.

Walumaagalatti qabiyyeen baratamuu qabu salphaa irraa gara cimaattifi waan beekamu irraa gara waan hin beekamneetti qindeeffamee dhiyaachuu qaba. Haa ta'u malee qabiyyeewwan kitaaba kana Keessatti dhiyaatan muraasni isaanii salphaa irraa gara cimaatti kan deemu osoo hin taane cimaa irraa gara salphaatti kan deemuudha. Kanaaf qabiyyeewwan haala kanaan dhiyaatan kunniin barattoota irratti dhiibbaa guddaa kan fiduu danda'u waan ta'eef, rakkoolee mul'atan kana karaa ogeeyyii sirna barnootaatiin ilaallamee akka itti yaaddamuu qabuudha.

#### 4.2.3.2. Sadarkaa Eegiinsa Qabiyyeewwanii

Qabiyyeewwan barsiifamuuf meeshaalee barnootaa irratti yemmuu dhiyaatan sadarkaan isaanii eegamuu qaba. Kana jechuunis qabyyeen kutaa qophaa'eef sana barsiifamuu qabu kan madaalu ta'uu isaa ilaaluudha. Kunis qabiyyeen dhiyaatu sun sadarkaa sanaa gadi yookaan sadarkaa sanaa ol ta'uu hin qabu. Sababni isaa barataan sadarkaa barnoota isa amma baratu duratti waan barachuu qabu tokko irra deebi'ee sadarkaa irra jiru irratti qabiyyeen kun yoo dhiyaate sadarkaa barataan sun waan barachuu qabuun wal hin madaalu jechuudha.

Haaluma kanaan qabiyyeen silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti dhiyaate muraasni sadarkaa isaa kan eege hin fakkaatu. Kana jechuunis qabiyyeen kutaa gadiitti baratamuu qabu deebi'ee kutaa 4ffaa irratti dhiyaachuun isaa sadarkaa kan hin eegne isa taasisa. Kunis fakkeenyaaf kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 4ffaa kanarratti qabiyyeen sadarkaa kana hin madaalle qabiyyee sirna tuqaalee ilaalchisee mallattoowwan tuqaa, qoodduufi gaaffii qofatu dhiyaate. Qabiyyeen Kun baratamuu kan qabu kutaalee 1-3tti yoo ta'u, kutaa 4ffaatti immoo mallattoowwan biroo dabalamee barsiifamuu qabature. Kunis qabiyyee barataan kutaa isa duraatti barate irra

deebi’ee barachuu osoo hin taane sadarkaa irra jiru irratti immoo qabiyyee isa fakkaatu dabalamee dhiyaachuu qaba ture. Sababni isaa barattoonni kutaa 4ffaadhaa gaditti mallattoowwan kanniin baratanii waan darbaniif kutaa 4ffaa irratti immoo mallattoowwan yookaan sirna tuqaalee keessaa sadan tokko barattootaaf dhiyaachuu qaba. Kanaaf inni kun itti yaaddamee barattootaaf sirrachuun barataan abdii borii akka ta’u gochuun ni danda’ama kan jedhuudha.

Kana malees qabiyyeen sadarkaa barattootaa hin madaalu jedhamee yaaddamu waa’ee Seerlugaa ilaalchisee, maqaa, bamaqaafi ibsa maqaa fa’a yoo ta’an, qabiyyeen kun dhiyaachuun isaa gaarii ta’ee osoo jiruu garuu sadarkaa barattootaan kan wal madaaluu miti.Sababni isaa qabiyyee dhiyaate kana barattootaaf maal akka ta’e ifa hin ta’u. Kana jechuunis qabiyyeen kun osoo hin dhiyaatin dursa waa’ee dhimma kanaa ibsi osoo kennamee malee barattoonni hiikaa wantoota kanaa beekuu dhiisuu danda’u.Kanaaf qabiyyeen kun dhiyaachuun isaa gaarii ta’ee osoo jiruu, waa’ee qabiyyee kanaa barattootaaf ibsa kennuu dhabuun qabiyyeen kun sadarkaa kan hin eegne isa taasise.

Itti dabalees sadarkaa eegiinsa qabiyyeewwanii kana irratti, sadarkaa kanatti barattoonni barachuu kan qaban kan isaaniif hin dhiyaanne ta’uu isaaniiti. Kunis, sadarkaa kanatti barattoonni qabiyyeewwan gaalee ilaallatan haala ga’aa ta’een kan hin dhiyeessineedha. Kana jechuunis, barattoonni sadarkaa kanatti waa’ee gaalee gadi fageenyaan akka baratanii sadarkaa itti aanutti haala gaariin qabiyyee cimaa barachuu danda’u.Kanaaf, meeshaalee barnootaa(silabasiifi kitaaba barnootaa kana Keessatti qabiyyeewwan dhiyaatan sadarkaa hin eegu kan jedhameef osoo waa’ee gaalee haala hin barsiisiin waa’ee himaafi keeyyataa barsiisuun sadarkaa kan hin eegne isa taasisee jira. Akkasumas, qabiyyee barattoonni sadarkaa kanatti barachuu osoo qabanii kan hin baranne waa’ee cirooti.Kana jechuunis, barattoonni kutaa afurii waa’ee ciroo osoo hin baratin gara hima ijaaruufi keeyyata barreessuutti darban.Kun immoo barattoota kandadhabsiisu ta’a malee, kan isaan jajjabeessu hin fakkaatu. Kanaaf, qabiyyeewwan sadarkaa barattootaa hin eegne kun iirra deebi’amee akka ilaalamuun fooyya’uu qaba.

Walumaagalatti qabiyyeewwan meeshaalee barnootaa (silabasiifi kitaaba barnootaa) Keessatti dhiyaatan kunniin muraasni isaanii sadarkaafi umurii barattootaatiin kan wal hin madaalledha. Kunis, barattoonn kutaa afurii sadarkaa kanatti qabiyyee kutaaduraatti baratamuu qabu irra deebi’ee kutaa kanattis kan barsiisuufi qabiyyee sadarkaa kanatti barattoonni barachuu qaban irra taruun yookaan bira darbuun qabiyyee sadarkaa

barattootaan wal hin madaalle irra deddeebiidhaan kan dhiyaate ta'uu isaati. Kana jechuunis sadarkaa kanatti  barattoonni kutaa afurii waa'ee tuqaa,gaaffiifi qoodduu barachuu osoo hin taane, mallattoowwan biraa dabalanii barachuu akka qabaniidha. Akkasumas qabiyyeen barattoonni kutaa afurii osoo waa'ee ciroo hin baratin, haala gaariin jechoota qindeessanii of danda'anii hima ijaaruu danda'uu isaanii osoo hin mirkaneeffamin barattoota kanneeniif dhimmi keeyyata barreessuu baayyinaan irra deddeebi'uudhaan dhiyaachuun isaa xiinsammuu barattoota kanneenii dadhabsiisuu danda'a jechuudha.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana Keessatti, wantoonni ilaallaman: Cuunfaa, argannoofi yaboodha.. Haaluma kanaan cuunfaan hojiiwwan qorannicha Keessatti hojjetamaniifi akkataa itti hojjetaman kan Keessatti dhiyaate yoo ta'u, argannoon yookaan goolaabni immoo, yaada cuunfamee qorannicha Keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun kallattii argannoon qorannichaa kan Keessatti ibsameedha. Yaboon immoo, argannoo qorannichaa irratti hundaa'uun yaadni furmaataa kan Keessatti ibsameedha.

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon qorannaa kanaa hariiroo qabiyyee silabasiifi dhiyaannaa gilgaalotaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa xiinxaluudha. Kaayyoon gooree qorannaa kanaa immoo: Qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti barsiifaman qabiyyee silabasii kutaa 4ffaa Keessatti walsimuu isaanii mirkaneessuu; Faca'insi Gilgaalotaa ogummaawwaniifi beekumsaan maal akka fakkaataan xiinxaluu; Gilgaalonni kitaabicha Keessatti barsiifaman duraa duuba eeganiiqophaa'uuf dhiisuu isaanii adda baasuufi Qabiyyeewwan/ Gilgaalota kitaabichi shaakalsiisu hangam sadarkaa akka eegan xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf immoo adeemsi raawwii qorannaa kanaa maddi raga qorannichaa madda ragaa tokkoffaa waan ta'eef, Silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa keessaa qabiyyeefi gilgaalota jiran walitti qabdee gabateettii galchuun xiinxalte.Kanaaf maddi ragaa qorannaa kanaa sakattaa dookumantiiti.Kana malees qorattuun qorannaa kanaaf ragaa quubsaafi amansiisaa ta'e argachuuf mala funaansa ragaalee keessaa sakatta'a dookumantiitti dhimma baate.Itti dabalees, qorannaa kana gaggeessuuf odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa hubannoo dhimmichaa ofii qabdu irraa ka'uun mala iddatteessuu keessaa mala akkayyootti gargaaramtee jirti. Kanaaf, qorattuun mala iddattoo akkayyoo fayyadamuu Keessatti itti yaaduudhaan madden odeeffannoo filachuun ragaalee dhugummaa qabaniif, amansiisaa ta'an walitti qabuuf kan gargaaru waan ta'eef mala kana fiatte. Kana malees qorattuun odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaatiin madda ragaa irraa walitti qabatte kanneen mala akkamtaafi hammamtaa (makaa) akkasumas bifa ibsaatti gargaaramtee hiika itti kennite.

Kanaaf qorattuun qabiyyee silabasii Keessatti eeramaniifi gilgaalonni kitaaba barataa Keessatti dhiyaatan kunniin hammam isaanii akka waliin deeman yookaan walsiman ilaaluuf kaayyeffatte. Haaluma kanaan, qabiyyeewwan silabasii keessa jiran boqonnaa

boqonnaan adda baasuun, akkasumas qabiyyeewwaniifi gilgaaloota kitaaba barataarratti hammataman sakatta'amanii adda kan ba'aniidha. Sakatta'iinsa kanarraa waanti argamee, bakka tokko tokkootti qabiyyeewwan silabasii keessa jiranifi kitaaba barnootaa keessajiran kan walfakkaatan ta'uu. karaa biraa yoo ilaalle immoo, qabiyyeewwan silabasii keessatti hammatamani kitaaba barataa keessatti hinamatamne immoo heddudha. Kana malees, silabasii kutaa 4ffaa keessa osoo hinjiraatiin qabiyyeewwan kitaaba barataa keessa jiran lakkoofsi isaanii salphaa miti..

Haaluma kanaan qabiyyeewwan silabasii Keessatti eeramanii, kitaaba barnootaa keessatti immoo gilgaalli kan hin dhiyaanne jiraachuun ragaa argame irraa mirkanaa'ee jira. Kunis qabiyyeen silabasii Keessatti kan qophaa'eef barattoonni akka barataniifi; garuu qabiyyeewwan kanaaf kitaaba barataa Keessatti shaakalli qophaa'uu dhabuun isaa barattoonni waan barachuu qaban akka hin baranne isaan taasisa. Kana jechuunis silabasiin kan qophaa'u akkabiyyaatti qabiyyee barattoonni barachuu qaban jedhamee karooraan kan ba'e waan ta'eef, qabiyyeewwan kanneeniif kitaaba barnootaa Keessatti shaakalli dhiyaachuu dhabuun isaa barattoonni akka miidhaman isaan taasisa.

Dabalataanis qabiyyeewwan kana barattoonni osoo hin baratin hafuun barattoota biraa faana akka dorgomaa hin taane godha.Kana jechuunis silabasii barnoota afaanii kan ta'e hundaaf haala tokkoon waan qophaa'uuf barattoonni naannaa biroo qabiyyeewwan hunda kan baratan yoo ta'u, barattoonni naannaa Oromiyaatti baratan garuu qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessaa hafan kanneen osoo hin baratin bira waan darbaniiif barattoota naannaa biroo faana dorgomuu irratti akka rakkatan taasisa.

Kana malees kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti gilgaalonni barattoonni akka shaakalaniif dhiyaatee jirukanaaf qabiyyeen silabasii keessa osoo hin jraatiin kan itti dabalame ta'uun ragaairraa argame. Kana jechuunis qabiyyeewwan kun madaallamee karooraan silabasii Keessatti osaoo hin eeramin kitaaba barataa Keessatti kan dabalameedha. Kun immoo karooraan ala umnaafi dandeettii sammuu barattootaa irratti kan fe'ame waan ta'eef barattoonni barnoota akka jibban kan taasisu ta'uu isaati. Kanaaf, qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessaa hafanis ta'ee, kanneen itti dabalaman jiraachuun isaa ragaa sakatta'ame irraa hubachuun danda'amee jira.

Akkasumas, qabiyyeewwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti dhiyaatan keessaa dandeettiin dhaggeeffachuu lakkoofsaan baayyee muraasa kan ta'eedha. Kun immoo barattoonni sadarkaa kanatti dandeettii dhaggeeffachuu akka hin

gabbifanne taasisa. Sababni isaa barattoonni kutaa 4ffaa baratan umuriidhaan xiqqaa waan ta’aniif, waan hundumaa dursa isaaniif bu’uura kan ta’e waa dhaggeeffachuudhan, waan dhaggeeffatan sana immoo gara dubbachuutti deemu waan ta’eef, dandeettiin dhaggeeffachuu xiqqachuun barattoota irratti kan fidu ta’uu isaati.

Akka ragaalee sakatta’ame irraa hubachuun danda’ametti, qabiyyeewwaan ogummaa barreessuu Silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa kana Keessatti dhiyaatan lakkoofsaan baayyee ta’anii kan argamaniidha. Kunis, barattoonni dandeettii barreessuu akka gabbifataniif kan gargaaru ta’ee, garuu qabiyyeewwan dandeettii barreessuu kunniin karaa tokkoon barattoota nuffisiisuu danda’a. Kana jechuunis, kitaaba barnootaa kana Keessatti irra caalaa qabiyyeen dhiyaate qabiyyee dandeettii barreessuu keessaa keeyyata barreessuu irratti kan xiyyeeffateedha. Kun immoo barattoota sadarkaa kanaatiif irra deddeebiidhaan keeyyata barreessisuun barattoonni barnoota akka nuffan kan taasisuudha.

Adeemsa tartiiba eeguu ilaalchisee, qabiyyeewwan Silabasiifi kitaaba barnootaa Keessatti dhiyaatan tartiiba dhiyaachuu qabaniin kan hin dhiyaanneedha. Kunis qabiyyeewwan yemmuu dhiyaatan salphaa irra gara cimaatti yookaan waan beekan irraa gara waan hin beekneetti deemuu osoo qabuu, garuu qabiyyeewan kunniin cimaa irraa gara salphaatti deemuun kitaaba barnootaa kana keesatti kan dhiyaate ta’uun ragaa sakatta’ame irraa kan hubatameedha. Dabalataanis, qabiyyeewwan barattoota kutaa 4ffaatif sirna tuqaalee ilaalchisee dhiyaatan kun sadarkaa isaa kan hin eegne ta’uu isaati. Kana jechuunis qabiyyee kutaa duraatti baratamu kutaa kanatti irra deebiidhaan kan dhiyaatewaan ta’eef, mallattoowwan sirna tuqaalee biroo dabalamee kan hin barsiifamne ta’uun hubatameera.

Kana malees qabiyyeewwan sadarkaa barattootaa madaaluun hin dhiyaanne akkuma olitti tuqame qabiyyeen keeyyata barreessuu kitaaba barnootaa kana Keessatti dhiyaatee irra deddeebiidhaan kan muul’atuudha. Walumaa galatti qabiyyeewwan meeshaalee barnootaa silabasiifi kitaaba barataa Keessatti qophaa’an kunniin keessaa silabasii Keessatti dhiyaatanii kitaaba barnootaa Keessatti kan osoo hin dhiyaatiin kan hafan jiraachuufi kanneen silabasii Keessatti osoo hin qophaa’iin kitaaba barnootaa Keessatti dabalaman jiraachuu isaati. Akkasumas, qabiyyeewwan ogummaa cimsuuf dhiyaatan keessaa qabiyyeen ogummaa dhaggeeffachuu baayyee muraasa ta’uu, qabiyyeen ogummaa barreesuu baayyinaan kan dhiyaate ta’ee, kunis irra caalaan keeyyata barreessuu irratti kan xiyyeeffatuufi humna barattootaa ol ta’uu, qabiyyeewwan

beekumsa ilaallatan baayyee muraasa ta'anii dhiyaachuu, qabiyyeewwan tokko tokko tartiiba dhiyaachuu qabuun kan hin dhiyaanneefi qabiyyeen sadarkaa umurii barattootaa faana kan hin deemne jiraachuun isaa kan mrkanaa'eedha.

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Bu'uura kaayyoo qorannaa kanaa irratti hundaa'uudhaan, argannoowwan armaan gadii bira ga'uun danda'ameera.

**Qabiyyee ilaalchiise:**

- Qabiyyeewwan akka waliigalaatti jiran 126 keessaa Silabasiifi Kitaaba barataa keessatti, jechuun: bakka lamaanuutti kan argaman lakkoofsaan 51 yoo ta'an haguuggin isaani %40.5 qofa ta'uu isaa ragaan mirkanaa'eera.
- Qabiyyeewwan Silabasii Keessatti hammatamanii kitaaba barnootaa keessaatti osoo hin dhiyaatiin hafan lakkoofsaan 33 dhibbentaan immoo % 26.2 akka ta'an mirkanaa'eera.
- Qabiyyeewwan silabasii Keessatti osoo hin qophaa'iin kitaaba barnootaa Keessatti itti dabalamanii dhiyaatan immoo, lakkoofsaan 42 yoo ta'an, haguuggiin isaanii %33.3 akka ta'an mirkanaa'ee jira.

**Dhiyaannaa Gilgaalootaa ilaalchiise:**

- Faca'insa gilgaalotaa yoo ilaalle immoo, kitaaba kana keessa ogummaawwan arfan, seerlugaafi Ogbarruu, akkasumas jechootaafi sirna tuqaalee dabalatee gilgaaloota gosa garaa garaa 160 jira. Akkuma gabatee 2ffaa irratti ibsame, garaagarummaan haguuggii haajiaratu malee,hundaa shaakalsiisuu yaalamera. Haata'u malee, akkuma ragaan kun mul'isutti, xiyyeeffannoon ogummaa dhaggeeffachuuf, beekumsa Ogbarruufi jechootaaf kenname gadii aanaadha.

**Qabiyyeewwan Duraa Dubaa eeganii barsiisuun:**

- Karaa duraa duuba qabiyyee eeganii dhiyeessuu kitaaba kanaa yommuu ilaallus hanqinoonni tokko tokko nimul'atu. Kunis isa dura beekamuu qabu osoo hinbarsiisiin isa sadarka olaanaatti yoo utaallee barattoota burjaajesina. Fkn. Otoo gaaleefi ciroo hinbarsiisin gara hima guututti ce'uun sirrii miti. Hima barreessuu otoo hinshaakalsiisin Keeyyata barreessi jechuun sirri miti. Haaluma kanaan

kitaaba kana keessatis duraa duba qabiyyee eegurratti hanqinnoonni akka jiran ragaaleen nimirkanessu.

**Qabiyyeewwan Sadarkaa isaanii eegurratti:**

- Qabiyyee tokko sadarkaa tokkoof yommuu filatamu wantoonni xiyyeeffannaa keessa galuu qaban waan heddudha. Umurii barattootaa, duubee barattotaa (maal beekuu, maalhinbeekanii), bilchina sammuu, xiinsammuu isaani , aadaa ummatichaa, kkf kaasuun nidanda'ama. Silabasii sadarkaa sanaan duraa maal maal barsiisera jedhame mil'achuun barbaachisaadha.

  Kitaaba kutaa afurii barnoota Afaan Oromoo kana yoo ilaalle qabiyyee tokko tokko sadarkaasaanitii gadii; inni tokko tokko immoo humna isaanii ol akka jiru ragaan nimirkanessa. Fkn .kutaa Afuritti sirna tuqaalee .(Tuqa), ? (Mallattoo Gaaffii) akka haaraatti barsiisuun , barattoota nufsiisudha. Karaa biraa immoo kitaaba kana keessatti "Keeyyata Barrreessi" qajeelchii jedhu baay'ee hedduudha. Kutaa afuritti waa'ee dhimma addaadda keeyyata barreessi jechuun ni cima. Akkuma waliigalaatti qabiyyeen kitaaba kana keessatti akka barsiifaman tarreefaman tokko tokkon isaanii sadarkaa barattootaatii gadi; tokko tokkoo isaanii immoo humna barattotaatti ol jechuun nidanda'ama.

## 5.3. Yaboo

Argannoowwan qorannaa kanaa bu'uura godhachuun rakkoolee eeramaniif qorattuun yaboo haala armaan gadiitiin keessee jirti.

1. Barattoonni biyya tokko qabiyyee walfakkaattu akka barataniif, silabasiin biyyaatti qopha'a. Kanaafuu, barattoonni sadarkaa saanitti dorgoomaa akka ta'an, qabiyyeewwan silabasii keessa jiran hunduu kitaaba barnootaa keessatti hammachiisuun kan dagatamuu hinqabne ta'uun isaa qopheesiitoonni hubannoo akka horatan Biiroon barnoota Oromiyaa osoo taasise gaarii fakkaata.
2. Kaayyoon Afaan barsiisuu sadarkaaniifi xiyyeeffannoon garaagarummaa haaqabaatu malee galmi isaanii tokkuma.ogummaawwan afaanii arfan seeraan gonfachiisuu, seerluga afaan sanaan walbarsiisuu; waa'ee Ogbarruufi Ogbarruu afaannichaatti madaqsuu; akkasumas amala jechoota afaanichaafi sirna tuqaalee afaan sana keessatti tajaajila kennaniin walbarsiisudha.

   Haaluma kanaan, dameewwan hundaaf walqixa xiyyeeffanna kennun barbaachisaadha yaada jedhuu qorattuun lafa keesse.

3. Akkuma amalootnni sirna barnootaa ibsanitti, qabiyyeen barsiifamu salphaarraa gara cimaatti, ykn wantoota beekamu irraa gara waan hinbeekneetti deemuu akka qabu nuuf ibsa. Walitti fufinsi nuti himu ykn yaa'aan isaa amaloota kana kan xiyyeeffanna keessa galchuu ta'u qaba.
4. Fiiloochaartiin gosa barumsa tokkoo, silabasii kutaa kutaaf qophaa'uu keessatti sadarkaa kamiitti ykn sadarkaa kamiin akka barsiisnu qajeelchaa guddaa nu ta'a,. kana yoo hinhordoofnu ta'e, qabiyyeen nuti filannuu yookin sadarkaa gadii yookin immoo sadarkaa ol ta'a. kun immoo sagantaa baruufi barsiisuu irratti dhiibbaa mataa isaa qaba.

Kanaafuu, qopheesitoonni silabasii, kitaaba barataa, kkf dursanii otoo Fiiloochaartii gosa barumsa sanaa haalaan hubatanii gaarii ta'a.

**Wabii**


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa*: Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti.Finfinnee: EfficiencyPrinting Press.

Allwright. R.L.(1990). *What dowe want teaching materials for current in language teaching*: Oxford: Oxford University prees.

Asaffaa Mokonniin.( 2019).“Xiinxala walitti fufiinsaafi Dagaagina Gilgaalotaakitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa” waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa

Guuttachuuf dhiyaate.Yunivarsitii AddisAbaba, kan hin maxxanfamne.

Beekaan Gulummaa. (2015*). Tuujuba*: Saayinsiifi Dandeettiiwwan Afaanii. Finfinnee: ELLeni P.p.plc.

Biiroo Barnoota Oromiyaa. (2018). *Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa*: EMPDE JOB/333.

________ *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 4ffaa*: EMPDE JOB/333.

Brown, J.(1995). *The elements of Language Curriculam. Boston*: Ma Heince & Cohon.

Dastaa Dassaaleny. (2012). *Tooftaalee Afaan Barsiisuu1*: sadarkaa 2ffaa barsiisuuf( barattootaPGDTiif) kan qophaa’e.Yunivarsitii Addis Ababaa,(kan hin maxxanfamne).

________ .(2013*).Bu’uura Qorannoo* .Max.2ffaa. Finfinnee: East Trading PLC.

Dublin, Fraud & Olshtain, Elite,(1986*). Course Design*: Developing Programs and Material forLanguage Learning, Cambridge University Press.

Eebbisaa Abdataa.(2017). “Qaaccessa Dhiyaannaa Ga’umsa Qabiyyeewwan Gilgaalotaa Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kan Kutaa 10ffaa” Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa guuttachuuf dhiyaate. Yuunivarsiitii Addis Ababaa, (Kan hin Maxxanfamne).

Gaaddisaa Abdii.(2016). “xinxala wal simannaa qabiyyee silabasii ,kitaaba barataafi Qajeelcha barsiisaa. Xiyyeeffannaa barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa”Waraqaa qorannoo Digirii 2ffaa guutachuuf dhiyaate. Yunivarsitii Addis Ababaa, (kanhin maxxanfamne ).

Gettinger, M. (1989). *Effects of Maximizing Time Spent AndMinimizing Tim Needed for Learning On pupil Achivement,*American Educational Reaserch

Henrich R.(1989). *The Second Language Curriculam Newyork*: Cambridge University Press.

Magarsaa Namoomsaa. (2016).xinxaala wal simannaa Qabiyyee Barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi wayitii barnoota. Waraqaa qorannoo Digirii 2ffaa guuttachuuf dhiyaate. Yunivarsitii Addis Ababaa, (kan hin maxxanfamne)

Mc. Donough, J. And Shaw,C. (1993). *Materials And English Language Teaching Oxford* :Blank Well Published Ltd.

Nunan D.(1988).*Syllabus Design*.Oxford: Oxford Univaristy press.

_______ .(1989). *Designing Tasks the Comunicative Classroom*, Camridge: Cambridge University Press.

Prabhu, N. S .(1987*).Second Language pedagogy*. Oxford: Oxford University Press.

Qajeelcha Qophii Qo'annoofi Qorannoo Sirna Barnootaa.(BBO). (1995). *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo.* Finfinnee: Oromiyaa

Richard J.(2001*). Curriculam development in language Teaching*. Cambridge: Cambridge univeristy press.

Richards, J. and Renandya.W .(2002). *Methedology in Language Teaching*, Cambridge: Cambridge University Press.

Rogers.T .(1989). *Syllabus design, Curriculum development and policy determination in R.k. Jonson(ed) The second Language curriculum*, Cambridge:Cambridge University Press.

Walkin C. M. (1994). *The Task, Employee HIV Edducational Materials.* Washington:DC: U.S. Department Of Energy.

Yalden, J. (1987). *Principles of Course Design for Language Teaching*.U.S.A: Cambridge University Press.

**Dabalee**

**Gabatee Qabiyyeewwan Silabasii kutaa 4ffaa fi Kitaaba barataa keessa jiraniifi gilgaaloota kitaabni barnoota kutaa 4ffaahammate agarsiisuu**

| Silabasii | | Kitaaba barnootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Boqonnaa | Qabiyyeewwan | Boqonnaa | Qabiyyeewwan | Gilgaalota Dhiyaannan | Dandeettii/Beekkumsa/Jechoota |
| 1 Afoola( Abbaa Boloo) | -Dubbisuu<br>-Dubbisanii tilmaamuu<br>-Ergaa dubbisanii baasuu<br>-Keeyyata barreessuu<br>-Barreessuu<br>-Yaadaijoo baasuu<br>-Dubbachuu | 1 Afoola( Abbaa Boloo) | -Dubbisuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Walitti firoomsuu<br>-Duraaduu ban kaa'uu<br>-Hojiin agarsiisuu<br>-Ga'ee taphachuu | Dubbisa bifa durduriin dhiyaate<br>G1 Dubbisa duraa<br>G2 Walittii firoomsuu<br>G3 Dubbisanii deebisuu<br>G4 Duraaduuba eganii keeyyata barreessuu<br>G5 Sadarkaadhan kaa'uu<br>G6 Taphhan agarsiisuu | -Yaadaduubee<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Barreessuu<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Dubbachuu |
| 2 Ayyaana Irreechaa | -Dubbisuu<br>-Dubbisanii tilmaamuu<br>-Odeeffannoo callaafi dimshaashaa baasuu<br>-Hiika jechootaa adda baasuu<br>-Walitti firoomsuu<br>-Barreessuu<br>-Jechoota tartiibessuun | 2 Fookloorii (Irreecha) | -Dubbisuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Walitti firoomsuu<br>-Gaalee<br>-Hima ijaaruu<br>-Keeyyata barreessuu<br>-Maqaa,ba maqaafi | Irreecha bifa dubbisaan dhiyaate<br>G1 Gaaffii dubbisa duraa<br>G2,3 Dubbisanii deebisuu<br>G4 Maqaafi meeshaa walitti firoomsuu<br>G5 | -yaada duubee<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Seerluga<br>-Seerluga<br>-Seerluga<br>-Barreessuu<br>-Seerluga<br>-Seerluga |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | hima ijaaruu<br>-Hima ijaaruu<br>-Gaalewwan walitti fiduu hima ijaaruu<br>-Keeyyata barreessuu<br>-Seerluga Maqaa,bamaqaa fiibsamaqaa baasuu | | ibsamaqaa baasuu | Caasaa himaa eeganii kaa'uu<br>G6<br>Gaalee walitti fiduu<br>G7<br>Jechootan hima ijaaruu<br>G8<br>Keeyyata barreessuu<br>G9<br>Maqaa,bamaqa afi<br>ibsa maqaa baasuu<br>G10<br>Jechoota;maqa a,bamaqaafi<br>Ibsa maqaa jalatti ramaduu | |
| 3<br>Beekku msa (Dhibee qufaa) | -Dubbisa<br>-Ergaa dubbisaa baasuu<br>-Hiika Jechootaa argachuu<br>-HiikaFaallaa Kennuu<br>-Barreessuu<br>-Caasaa himaa<br>-Barreessuu<br>-Hima ijaaruu<br>-Barreessuu<br>-Keeyyata bareessuu<br>-Keeyyata xummuruu | 3<br>Beekku msa (Dhibee qufaa) | -Marii<br>-<br>Dubbisani i deebisuu<br>-Caasaa himaa<br>-Hima ijaaruu<br>-Keeyyata barreessuu<br>-Keeyyata jalqabame xummuru u | Dubbisa waa'ee dhibee qufaa<br>G1<br>-Mariidhan<br>G2<br>-Dubbisanii hubachuu<br>G3<br>-Dubbisanii deebisuu<br>G4<br>-Hiika faallaa kennuu<br>G5<br>Caasaa himaa<br>G6<br>-Hima ijaaruu<br>G7<br>Keeyyata barreessuu<br>G8 | -Dubbachuu<br>-Dubbisuu<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Jechoota<br>-Seerluga<br>-Seerluga<br>-Barreessuu<br>-Barreessuu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | -Keeyyata jalqabame xummuuruu | |
| 4<br>Afoola Namichi fi Buutii | -Dubbisuu<br>-Ergaa dubbisanii baasii<br>-Hiika galma jechoo kennuu<br>-Jechoota tishoo dubbisanii baasuu<br>-Barreessuu<br>-Mallattoo tuqaa,gaaffiifi qoodduu fayyadama<br>-Barreessuu<br>-Duraa duuba yaadaa eeganii keeyya barreessuu. | Afoola Namicha fi Buutii | -Dubbisuu<br>-Marii<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisarratti hundaa'un deebisuu<br>-Jecha waliin deeman walitti firoomsuu<br>-Mallattooleen bakka sirrii ta'etti galchuu<br>-Duraan duuban kaa'uu | -Dubbisa bifa durduriin dhiyaate mariidhan<br>G1 gilgaala dubbisa duraa<br>G2 Dubbisanii deebisuu<br>G3 Dubbisanii deebisuu<br>G4 Jechoota waliin deeman walitti firoomsuu<br>G5 mallattoolee bakka sirrii ta'etti galchuu<br>G6Duraa duuba eeganii keeyyata barreessuu | G1 Yaada duubee<br>G2 Dubbisanii hubachuu<br>G3 dubbisanii hubachuu<br>G4 Barreessuu<br>G5 barreessuu<br>G6 barreessuu |
| 5<br>Roobalee | -Dubbisuu<br>-Dubbisanii tilmaamuu<br>-Odeeffaannoo dubbisaa argachuu<br>-Ergaa walii gala baasuu<br>-Dhaggeeffachuu fi barreessuu<br>-Barnuu dhaggeeffachuu qabxiilee ijoo baasuu barreessuu | 5<br>Roobalee | -Dubbachuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisanii deebisu<br>-Jechoota dubbifamu dhageeffachuun gabatee guutuu<br>-Hima | Dubbisaa waayee seenaa Roobalee<br>Gilgaala 1, Gilgaala dubbisa duraa<br>Gilgaala2 Dubbisanii deebisuu<br>Gilgaala3 Dubbisanii deebisuu<br>Gilgaala 4 Dubbisanii deebisuu<br>Gilgaala 5 | Gilgaala 1 Yaada duree<br>Gilgaala 2 Dubbachuu<br>Gilgaala 3 Dubbachuu<br>Gilgaala 4 Dubbachuu<br>Gilgaala 5 Jechoota<br>Gilgaala 6 Barreessuu<br>Gilgaalas 7 Barreessuu<br>Gilgaala 8 Barreessuu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | -Hima ijaaruun barreessuu<br>-Barruu dhaggeeffachuu qabxiiijoo qabachuu | | ijaaruu<br>-Dubbisa Dhaggeefatanii keeyyata barreessuu<br>-Keeyyata barreessuu | Jechoota dubbifaman dhaggeeffatanii gabatee guutuu<br>Gilgaala 6<br>Hima ijaaruu<br>Gilgaala 7<br>Dubbisa Dhaggeeffatanii<br>keeyyata barressuu<br>Gilgaala 8<br>Keeyyata Barreessuu. | |
| 6<br>Ispoortii Aadaa | -Dubbisuu<br>-Dubbisanii Tilmaamuu<br>-Dubbisanii ergaa baasuu<br>-Odeeffannoo murtaa'aa argachuu<br>-Barreessuu<br>-Bakka duwwaa guutuu<br>-Barreessuu<br>-Caasaa himaa<br>-Hima jelqabame xumuruu<br>-Barreessuu<br>-Himoota Tartiibessuun keeyyata barreessuu | 6<br>Ispoortii Aadaa | -Marii<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Bakka duwwaa guutuu<br>-Caasaa himaa<br>-Hima hin xummura min xumuru<br>-Duraa duuba yaadan kaa'uu | Dubbisa Ispoortii Aadaa<br>G1<br>Mariidhan<br>G2<br>Dubbisanii deebisuu<br>G3<br>Dubbisanii deebisuu<br>G4<br>Dubbisanii deebisuu<br>G5<br>Jechoota filachuun bakka duwwaa guutuu<br>G6<br>Caasaa himaa eeganii kaa'uu<br>G7<br>Hima xummuruu<br>G8<br>Duraa duuba eeganii | G1<br>Yaada duubee<br>G2<br>Dubbisanii hubachuu<br>G3<br>Dubbisanii hubacuu<br>G4<br>Dubbisanii hubachuu<br>G5<br>Barreessuu<br>G6<br>Seerluga<br>G7<br>Barreessuu<br>G8<br>Barreessuu` |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | keeyyata barreessuu | |
| 7 Afoola( mala jarsaa) | -Dubbisuu<br>-Dubbisanii tilmaamuu<br>-Dubbii hubachuu<br>-Dubbisanii ergaa baasuu<br>-Barreessuu<br>-Jechatishoo ujaaruu<br>-Jecha tishoo fayyadamuu<br>-Barreesuu<br>-Mallattoowwan fayyadamuu<br>-Barreessuu<br>-Duraaduuba yaadaa kaa'uu | 7 Afoola( mala jaarsaa) | -Dubbisuu<br>-Marii<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisanii deebii hubchuu<br>-Iddoo duwwaa guutuu<br>-Iddoo duwwaa guutu<br>-Sirna tuqaalee fayyadamuun Barreessuu<br>-Duraaduuba yaadaa kaa'uu<br>-Walqabsiistuu hima Keessatti galchuu | -Dubbisa bifa durduriin dhiyaate<br>G1<br>-mariidhan<br>G2<br>-Dubbisanii deebisuu<br>G3<br>-Dubbisanii hubachuu<br>G4<br>-Jechoota danaa keessa iddoo duwwaatti guutuu.<br>G5<br>-Jechoota gabatee keessa bakka duwwaatti guutuu<br>G6<br>-Mallattoon qooduu,gaaffiifi tuqaa bakka sirriitti galchanii barreessuu<br>G7<br>-Duraaduuba eeguun keeyyata barreessuu<br>G8<br>-walqabsiistota hima Keessatti galchuu | G1<br>-Yaada duubee<br>G2<br>-Dubbisan hubachuu<br>G3<br>-Dubbisanii hubachuu<br>G4<br>Barreessuu<br>-jechoota<br>-barreessuu<br>-barreessuu<br>-barreessuu<br>-seerluga |
| 8 Nyaata | -Dubbisuu<br>-Dubbisanii | 8 cumboo | -Dubbisuu<br>-Marii | Dubbisa waayee nyaata | -Dubbisuu Dubbachuu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| aadaa(cumboo) | tilmaamuu<br>-Dubbisanii Hubachuu<br>-Eergaa dubbiisanii baasuu<br>-Walitti firoomsuu<br>-Hiika faallaa<br>-Barreessuu<br>-Duraaduuba yaadaa eegun keeyyata barreessuu<br>-Keeyyata barreessuu | | -Dubbisanii deebisuu<br>-Walitti firoomsuu<br>-Hiikaa faallaa walitti firoomsuu<br>-Duraaduuba yaadaa kaa'uu<br>-Keeyyata barreessuu | aadaa<br>G1<br>Mariidhan Jiituu<br>G2<br>dubbisanii hubachuu<br>G3<br>Fakkiileefi maqaa walitti firoomsuu<br>G4<br>Jechoota hiika faallaa walitti firoomsuu<br>G5<br>Duraaduuba yaada eegun keeyyata barreessuu<br>G6<br>Waa'ee nyaata aadaa keeyyata berreessuu | -Dubbisanii hubachuu<br>-Barreessun<br>-Seerluga<br>-Barreessuu<br>-Barreessuu |
| 9<br>Faaruu Odaa | -Dubbisa<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Dhaggeeffachuu<br>-Dhaggeeffachuun qabxiiijoo baasuu<br>-Barreessuu<br>-Keeyyata barreessuu | 9<br>Faaruu Odaa | Dubbisuu<br>-Marii<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Hiika galumsaa kennuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Iddoo duwwaa guutuu<br>-Keeyyata xummuruu | Faaruu Waa'ee Odaa<br>G1<br>-Mariidhan<br>G2<br>Dubbisanii deebisuu<br>G3<br>Hiika galumsaa filachuu<br>G4<br>Dubbisanii deebisuu<br>G5<br>Dhaggeeffatanii barreessuu<br>G6<br>Keeyyata jalqabame | Dubbisuu<br>-Yaada duubee<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Jechoota<br>-Dubbisuu<br>-Barreessuu<br>-Barreessuu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | xummuruu | |
| 10<br>Abbaafi<br>Ijoollee<br>Torban | Dubbisuu<br>-Waa’ee<br>dubbisaa<br>tilmaamuu<br>-Ergaa<br>dubbisanii<br>baasuu<br>-Dubbisanii<br>hubachuu<br>-Barreessuu:-<br>Tuqaa,qoodduuf<br>i gaaffii<br>fayyadamuu<br>-Barreessuu:-<br>Keeyyata<br>barreessuu | 10<br>Abbaafi<br>Ijoollee<br>Torban | -Marii<br>-<br>Dubbisani<br>i deebisuu<br>-<br>Dubbisani<br>i deebisuu<br>-Sirna<br>tuqaalee<br>fayyadam<br>uu<br>-<br>Duraaduu<br>ba<br>yaadaan<br>kaa’uu | -Dubbisa dbifa<br>durduriitin<br>dhiyaate<br>G1<br>Mariidhan<br>G2<br>Dubbisanii<br>deebisuu<br>G3<br>Dubbisanii<br>deebisuu<br>G4<br>Tuqaa,qoodduu<br>fi gaaffii<br>fayyadamuu<br>G5<br>Duraaduuba<br>Eeganii<br>keeyyata<br>barreessuu | -Yaadaduubee<br>-Dubbisuu<br>-Dubbachuu<br>-Barreessuu<br>-Barreessuu |
| 11<br>Kunuun<br>sa<br>bosonaa | Dubbisuu:-<br>-Waa’ee<br>dubbisaa<br>tilmaamuu<br>-Odeeffannoo<br>murtaa’aafi<br>waliigalaa<br>dubbisa keessaa<br>baasuu<br>-Barreessuu<br>-Bakka duwwaa<br>guutuu<br>-Barreessuu<br>-Himoota<br>ijaaruu<br>-Walaloo<br>dubbisuufi<br>barreessuu<br>-Dubbachuu:-<br>Marii<br>geggeessuu | 11<br>Kunuuns<br>a<br>bosonaa | -<br>Dubbachu<br>u:-<br>-Marii<br>-<br>Dubbisani<br>i gabatee<br>guutuu<br>-<br>Dubbisani<br>i deebisuu<br>-Jechootan<br>himaguutu<br>u taasisuu<br>-Himoota<br>guutuu<br>taasisuu<br>-Jechoota<br>kennaman<br>ii hima<br>ijaaruu | Dubbisa<br>waa’ee<br>kunuunsa<br>bosonaa<br>G1<br>Mariidhaan<br>G2<br>Dubbisa<br>dubbisaatii<br>gabatee guutuu<br>G3<br>Dubbisaanii<br>deebisuu<br>G4<br>Jechoota<br>fayyadamuun<br>hima guutuu<br>taasisuu<br>G5<br>Hima guutuu<br>taasisuun | -Dubbachuu<br>-Yaadaduubee<br>-Dubbisanii<br>hubachuu<br>-Dubbisanii<br>deebisuu<br>-Barreessuu:-<br>-Hima barreessuu<br>-Hima barreessuu<br>-Barreessuu<br>-Ogbarruu<br>-Ogbarruu<br>-Dubbachuu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | -Jechoota walitti fiduun walaloo barreessuu<br>-Walaloo barreessuu<br>-Marii geggeessu u | barreessuu<br>G6<br>Hima ijaaruu<br>G7<br>Jechoota walitti fiduun walaloo barreessuu<br>G8<br>Walaloo waa'ee kunuunsa bosonaa barreessuu<br>G9<br>Gaaffii kenname irratti marii taasisuu | |
| 12 Pross Gabbisa a Ejjetaa | -Dubbisuu:-<br>-Dubbisanii tilmaamuu<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Odeeffannoo callaafi dimshaashaa adda baafachuu<br>-Hiika jechootaa dubbisicha Keessatti qabu adda baasuu<br>-Barreessuu:-Faayidaa qubguddeessa adda baafachuu<br>-Barreessuu:-Dhaggeeffatanii hubachuu<br>-Hawwii ofii keeyyata tokkon barreessu | 12,Pross Gabbisaa Ejjetaa | -Dubbachu u:-<br>-Marii<br>-Dubbisani igabatee guutuu<br>-Hiika galumsa filachuu<br>-Gaaffilee deebisuu<br>-Dogongor a qubgudde essa Sireessuu<br>-Duraandu uba yaadan kaa'uu<br>-Keeyyata barreessuu | -Dubbisa Seenaa Gabbisaa ejetaa<br>G1<br>-Mariidhan<br>G2<br>Dubbisa irratti hundaa'un gabatee guutuu<br>G3<br>Dubbisanii deebisuu<br>G4<br>Hiika galumsaa filachuu<br>G5<br>Gaaffilee barreeffamaan deebisuu<br>G6<br>Dogongora qubguddeessan sirreessuu<br>G7<br>Duraanduuba eeganii | -Dubbachuu<br>-Barreessuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Jechoota<br>-barreessuu seerlug<br>-barreessuu<br>-Barreessuu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | keeyyata<br>barreessuu<br>G8<br>Keeyyata<br>barreessuu | |
| 13<br>Laga<br>Hawaas | Dubbisa<br>-Dubbisanii<br>hubachuu<br>-Hiika jechootaa<br>bakka galumsaa<br>argachuu<br>-Seerluga<br>-Maqaafi ibsa<br>maqaa<br>-Barreessuu<br>-Sababaafi<br>bu'aa<br>-Barreessuu<br>-Duraaduuba<br>yaadaa kaa'uu<br>Dhaggeeffachu<br>Dhaggeeffatanii<br>qabxii ijoo<br>qabachuu<br>-Keeyyata<br>xummuruu | 13<br>Lega<br>Hawaas | Dubbachu<br>u<br>-Marii<br>-<br>Dubbisani<br>i deebisuu<br>-<br>Dubbisani<br>i deebisuu<br>-Walitti<br>firoomsuu<br>-Maqaafi<br>ibsa<br>maqaa<br>baasuu<br>-Gaalee<br>--<br>Duraaduu<br>ba yaadan<br>kaa'uu<br>-<br>Dhaggeeff<br>atanii<br>barreessu<br>-Keeyyata<br>xummuru | Dubbisa laga<br>Hawaas<br>G1<br>-Mariidhan<br>G2<br>-Dubbisanii<br>deebisuu<br>G3<br>-Dubbisanii<br>deebisuu<br>G4<br>-Hiikaa<br>galumsaa<br>walitti<br>firoomsuu<br>G5<br>-Maqaafi ibsa<br>maqaa addan<br>baasinii<br>barreessuu<br>G6<br>-Gaalee walitti<br>fiduun hima<br>guutuu taasisuu<br>G7<br>-Duraaduuba<br>yaadaa eeguun<br>keeyyata<br>barreessuu<br>G8<br>-Dubbisa<br>dhaggeeffatanii<br>caatoo guutuu<br>G9<br>-Keeyyata<br>jalqabame<br>xummuruu | -Dubbachuu<br>-Dubbachuu<br>-Dubbisanii<br>hubachuu<br>-Barreessuu<br>-Seerluga<br>-Seerluga<br>-Barreessuu<br>Daggeeffachuufi<br>barreessuu<br>Dhaggeeffachuu<br>-Barreessuu |
| 14<br>Faaruu | Dubbisa<br>-Dubbisanii | 14<br>Faaruu | Dubbachu<br>u | -Afoola faaruu<br>loonii jedhu | -Dubbisuu<br>-Dubbachuu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| Loonii | hubachuu<br>-Hiika jechootaa<br>-Barreessuu<br>-Keeyyata barreessuu | Loonii | -Marii<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Hiika jechootaa | G1 Mariidhan<br>G2 -Dubbisanii gaaffii deebisauu<br>G3 Dubbisa bu'ureeffachu deebisuu<br>G4 Jechoota kennamaniif hiika galumsaa kennuu<br>G5 Keeyyata jalqabame xummuruu | -Jechoota<br>-Barreessuu |
| 15 Abbabachi Goobanaa | Dubbisa<br>-Dubbisanii hubachuu<br>-Barreessuu Qubguddeessatti fayyadamuu keeyyata barreessuu<br>-Duraaduuba keeyyataa kaa'uu<br>-Seenaa ofii keeyyata tokko barreessuu<br>-Barreessuu<br>-Xalayaa barreessuu | 15 Abbabachi Goobanaa | Dubbisuu<br>-Gabatee guutuu<br>-Dubbisanii deebisuu<br>-Duraaduuba yaadaan kaa'uu<br>-Qubguddeessa sirreessanii barreessuu<br>-Seenaa ofii barreessuu | Dubbisa seenaa Abbabachi Goobanaa<br>G1 -Dubbisa duraa<br>G2 -Dubbisanii gabatee guutuu<br>G3 -Dubbisanii deebisuu<br>G4 Duraaduuba eeganii keeyyata barreessuu<br>G5 Qubguddeessa sirreessanii barreessuu<br>G6 Seenaa Fittaalee dubbisanii kan ofii barreessuu<br>G7 Xalayaa dubbisanii bifa sanaan kan ofii barreessuu | -Dubbisuu<br>-Dubbachuu<br>-Barreessuu<br>-Barreessuu<br>-Barreessuu |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaannee ta’uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbisse hunda isaani wabii keessa kaa’uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa

Maqaa Yeshii Kaffaalaa

Mallattoo ____________________

Guyyaa ____________________________